

Macaafa Qulqulluu



QURAANA



KARRI JANNATAA BANAA DHA

(Oromoo)

**By
Adnan Silesi**

QABEENTOTA

1. Kakannaa Allaha isa Ajaa`ibsiisaa.....	5
2. Nabiyyummaa Mohaammad kan hin fudhanneef sababoota 12.....	7
3. Wangeelli Barnaabaas Wangeela dhugaatii?.....	28
4. Mohaammad ergamaa Waaqayyoo isa dhugaatii?.....	31
5. Dubartoota Quraana, Hadiisaa fi Macaafa Qulqulluu keessatti.....	43
6. Garaagarummaa Islaama keessatti argamu.....	51
7. Islaamummaa fi fannifamii masihichaa.....	56
8. Waaqayyo dhugaan tokkichi Yesuusiin kan dhalee dhaa?.....	70
9. Balballi Jannataa Banameera.....	72
10. Dogoggora Seenaa kan Quraana keessatti argamu.....	77
11. Jiraattota Jahaannamaa keessaa baayy`een isaanii dubartoota.....	86
12. Quraana keessatti Jechoota walfaallessan.....	90
13. Moggaasa boqonnaawwan Quraanaa.....	125

KAKANNAA ALLAHAA ISA AJAA'IBSIISAA

Ilmi namaa hundinuu wanta inni dubbate, wanta inni godhuuf jiru, hundi dhugaa ta'uu isaa kan ittiin mirkaneessu kakachuudhaani, kan inni kakatus wanta isa Caaluun yookaan maqaa uumaa isaatiitiin kakatee mirkan-eessee nama walitti falmu sana yookaan nama itti himaa jiru sana amansiisa, egaa akkuma amantii isaatti Maqaa Waaqa isaatiin kakata.

Waaqayyo gooftaanis, Waan abdachiise cimsuuf yookan mirkanees-suuf in kakata, garuu Wanti isa Caalu wanti isaa olii waan hin jirreef maqaa isaatiin kakata. mee kakuu isaa keessa Xinnoo haa ilaallu.

“Jilbii Hundinuu anaaf akka jilbeenfatu arrabni hundinuu anaan akka kakatu wanti qajeelaan afaan ko keessaa ba'es akka hin deebine ani maqaa kootiin kakadheera” Jedha (Isaayyaas 45:23).

“... Ani maqaa ko isa guddaadhaan kakadheera...” (Ermiyaas 44:26).
“Waaqayyo Abraahamiif kakatee abdii kenneef ittiin kakachuudhaaf kan isa Caalu waan hin jirreef ofii isaatiin kakate” (Ibroota 6:13)

Kakaan immoo wanta namni walitti falmu dhumaan ga'ee dubbii dubbat-ame cimsuudhaaf in ta'a, Waaqnis akeekni isaa kan hin geeddaramne ta'uu isaa Addumaan warra wanta abdachiifame argachuuf jiranitti agarsiisuu barbaadee kakaadhaan isa Cimsee, maqaa isaa olii waan hin jirreef maqaa isaatiin kakateera. (Ibroota 6:16-17).

Warri Musliimotaas kana waan beekaniif yeroo kakatan, “Wallaahii, Wadiini Nabii” jechuudhaan kakatu, kunis Allaahaan nabiin isaan irra caaloo ta'uu isaanii mullisuudhaafi, garuu waan nama dinqisiisu Allahaa isaan ittin kakatan ho Maqaa Eenyuutiin kakata laata? mee Quraan keessa gadi buunee Haa Ilaallu.

1. “Yaa Muhaammad jireenya keetti kakadhe..” (Suuratu Hijirii 15:72)
2. “Qalamaa fi Waan Malaayikonni Barreessaniin kakadha” (Suuratul Qalam 68:1)
3. “Faradoo Jihaadaa, hargana gulufaniinan kakadha” (Suuratul Aadiyaat 100:1)
4. “Diimina galgalaatiinan kakadha “(Suuratu AL-Inshiqaaq 84:16)
5. “Biyyaa (Makkaa), kanaanin kakadha” (Suuratul Balad 90:1)
- 6.” Urjiiwwan, guyyaa badanii halkan mul'ataniinan kakadha, “(Suuratul Kuwwiraat 81:15).
- 7.”Waareeniin kakadha “(Suuratul Al-Inshiraah 93:1)
8. “Halkaniin Nan kakadha, yeroo inni haguuge” (Suuratul leeyilii 92:1).

9. “Aduu fi ifa isheetiinan kakadha “ (Suuratush-shaamsi (91:1).
 - 10.”Bariitiinan kakadha” (Suuratul Fajirii 89:1)
 11. “Samii fi Urjii halkan dhufaa ta`eenin kakadha” Suuratux Xaariiq 86:1).
 12. “Seensa Urjiiwwaniitan kakadha” (Suuratul Al-Waaq`aa 56:75)
 13. “Samii abbaa deddeebiiffiniin kakadha” (Suuratu Ax-Xaariq 86:11)
 14. “Dachii dhodhootuunin kakadhe (Suuraatu Ax-Xaariq 86:12)
 - 15.”Samii Abbaa miidhaginaan kakadhe “(Al- Zaariyaat 51:7)
 - 16.”Urjiiin kakadhe” (Suuraa Najmii 53:1).
 - 17.”Ji`aattin kakadhe..” (Al-Mudassir 74:32)
 - 18.” Gaara Xuuriin kakadhe, “ (Ax-Xuura 52:1)
 19. “Tiinii fi Zayituuniin Kakadhe..” (Suratil Tiin 95:1)
 20. “Lubbuu of komattuuu taateenis nan kakadha “(Suuratul Qiyaamaa 75:2)
 21. “Guyaa Qiyaamaatiinis kakadha” (Suratul Qiyaamaa 75:1)
 22. “Sababa dhabamsiiftuuf yookiin akeekkachiisuuf jecha kan buusanittan kakadha “(Suuratu Al-Mursalat 77:6)
 - 23.”Kan ajaja Rabbii gara dachee geessaniinis nan kakadha” (Suuratun Naaziraat 79:5).
 24. “Yeroonin kakadha” (Suuratul Asiiin 103:1).
 25. “Qaaf- Quraana guddaan kakadhe” (sUURATUL qaafa 50:1.
- erga kana hundumaatiin kakadhe jedhee immoo wanti tokko illee akka hin hafneef fakkaate waan ijaan argamuu fi ijaan hin argamne hundaanis kakadhe jedhee dubbata.
26. “Waan isin argitaniinis nan kakadha, waan isin hin argineesnis nan kakadha..” jedha (Suuratu Al-Haaqaash 69:38-39).

Egaa Obboleewwan Musiliimotaa warri kana dubbisaa jirtan hundinuu Mee Sammuu nagaatiin, yaada gaariitiin utuu amantaa kamiif iyyuu hin Loogin Barreeffama kana Quraana keessaa ilaalaatii, mee Waaqni keessan maaliin akka kakate ilaalaatii, kakatamuun Kan Caaluun moo Kan isaa gaadiitiin Isa Uumaa ta`een mo, isaa Uumamaa ta`een kakatama isa jedhu adda baafadhaatii adaraa Dhugaa jiru barbaadadhaa, jechuun dhaamsa ko isiniif dabarsa, Qabeenya dhaaluun in dandaa`ama, Horii dhaaluun in dandaa`ama, Waan biyya lafaa irraa hunda dhaaluun in dandaa`ama, garuu Amantii dhaaluun gaarii miti, Amantii ykn amantaa jechuun Waan lubbuu wajjin walqabatee jiruu dha, waan du`a booda itti deemaniidha, Gaafa sana Haatis abbaanis Ilmoonis mataa mataa isaaniitti malee eenyu illee eennyyuf itti hin gaafatamu, gaafa sana “Anoo hin beekun ture” Deebisaan jedhamu hin Hojjetu, sababni isaa gaafa sana barreeffamni kun illee ragaa ba`a waan ta`eef,

kanaaf Yesuus Kristoos Ilma namaa Hundumaaf Foon uffatee biyya lafaa irra deddeebi`ee Cubbuu keenyaaf jedhee du`ee awwaalamee awwaalcha keessaa ka`ee Gara Ulfina isaatiitti ol deebi`eera, kan isatti amane hundinuu Jireenya bara baraa jiraata, (Yoohaannis 3:16, Maarqoos 16:15-16, Yooaan-nis 8:24, Roomaa 10:14-17, Hojii Ergamootaa 2:36-38, Hojii Ergamootaa 8:36-38, 10:1-48....)

Kanaaf Inni Ifa biyya lafaa ta`ee Kunaa Wangeela isaa Ibsaa jira waan ta`eeffa, gara Ibsaa kanaaatti akka dhuftanii Lubbuu keessan Oolfattan Dham-sa wangeelaa isiniif Dhaama.

Waaqayyo gooftaan maccaa Gara Dhugaa isaatiitti isin haa fidu jechuun kadhannaa ko Yeroo hundumaati.

Isinan Jaalladha.

NABIYYUMMAA MUHAMMAD KAN HIN FUDHANNEEF SA- BABAWWAAN 12

Musliimonni obboleeyyan keenya nabiyyummaa Muhammad dhugaa ta'uu isaa maaliif Kiristiyaanoti akka hin fudhanne ajaa'ibsiifachuudhaan gaafatu. Tarii Kiristiyaanoti “saba dogoggoran ta'uu isaaniin” dhugaa jiru fudhachuudhaaf kan qophaa'an miti jedhanii yaadu ta'a. Garuu akka dhuunfaa kootti akka Kiristiyaana tokkotti Muhammad Waaqa Musee fi raajota kanneen kaaniin ergamuu isaa kan naaf mirkaneessu ragaa isaa otuun argadhee nabiyyummaa isaa sababni ani hin fudhanneef hin jiraatu ture. Garuu dhugaa isaa dubbachuuf Islaamummaa keessatti nabiyyii isa dhumaa ta'uu isaa kan itti amanamu Muhammad ulaagaa raajummaa kan Macaafa Qulqulluun ilaalamuu mannaa seenaa dhuunfaa isaa kan kitaaba Islaamummaa keessatti barreeffameen iyyuu nabiyyummaa isaa itti amanee akka hin fudhanneef kan na dirqisiisaan odeeffannoon hedduun jiru. Muhammad akka nabiyyii dhugaatti sababni fudhanneef barreeffama kana keessattin ibsa.

1. Nabiyyummaa isaaf ragaa qabatamaa kennuu dhiisuu isaa ti

Nabiyyummaan Muhammad kan hin fudhanneef sababni guddaan nabiyyummaa isaaf kan malu ragalee dhiyeessuu dhiisuu isaa ti. Muhammad lallaba isaa magaala Makkaatti yommuu eegale raajummaa isaa kan dhu-goomsu mallattoo akka argisiisu irra deddeebi'amee yoo gaafatame iyyuu kanneen isa gaafataniin maqaa Gahannabaan sodaachifachuu fi gaaffiwwan isaanii tooftaan jalaa ba'uuf malee mallattoo kamiyyuu argisiisuu hin dandeenye ture. Kitaabawwan Haadisiitti kan galmeeffaman seenaan ajaa'ibsiisaa hedduun yoo jiraatan iyyuu Muhammad raawwachuu isaa Qur'aana keessatti kan galmeeffame ragaan kamiyyuu jiraachuu dhiisuu isaa seenawwan haadisiiwwan keessatti galmeeffaman kutaa jaarraawwanii booda kan barreeffaman seenaa dhugaa hin taane ta'uu isaanii nu hubachiisa. Muhammad wanta raajii hojjechuu isaa kan argisiisu ragaan kamiyyuu jiraachuu dhiisuu isaatiin caalaatti wanta raajii hojjechuu danda'uu dhiisuu isaa ifatti saaxilameera. Fakkeenyaaf yoo jedhame:

Warri (homaa) hin beekne; “Maaliif Rabbiin nu hin dubbifne yookiin maaliif mallattoon nuuf hin dhufne? Jedhu; akkkasuma warri isaaniin duraa fakkataa jecha isaanii dubbatan. Onneen isaanii wal fakkaatte. Dhugumatti, Nuti namoota (amatnii Rabbii) mirkaneeffataniif mallattoolee (Keenya) ifa taasifnee jirra” (Suuraa 2:118).

Muhammad nabiyyii Uumaa kan hangaafaa fi isa dhumaa gochuudhaan gama of dhiyeessuu isaatiin kanneen isa dhaggeeffataniirraa gaaffiin dhiyaatu dhugaa fi kan ta'uu malu ture. Nabiiyyota kan Uumaa hundumaar-

raa sadarkaa ol aanaa fi fudhatama qabaachuu isaa namni dubbate kun yoo xiqqaate isaan waliin kan gitu waantota ajaa'ibsiisaa akka hojjetu eeguun gantuu nama hin jechisiisu. Raajota hundumaarra sadarkaan ol-aantummaan qaba, nabiyyii isa dhumaa ti, Gannata akka seentaniif na duukaa bu'aa, lubbuu keessan gararraatti na jaaladhaa, anaaf qabsaa'aa, anaaf jedhaatii du'aa, anaaf abboomamuu jechuun Umaadhaaf abboomamuu jechuudha fi kkf jechuudhaan mataa isaa uumaamaan olitti Uumaa waliin gituun kan of-tuulu “akka raajota kanneen duraa wanna raajii hojjechuu dhiisuu kootti yoo amanuu dhiifan gantoota” jechuun isaa komee keessa isa galcha.

“Maaliif mallattoon Gooftaa isaa irraa isa irratti hin buufamne?” jedhu. “Dhugumatti, Rabbiin mallattoo buusuu irratti danda'aa dha” jedhi. Garuu irra hedduun isaanii hin beekanu (Suuraa 6:37).

Waaqayyo inni dhugaan raajota isaaf humna ittiin wanta raajii hojjetan isaanii kennuu akka danda'u warreen gaafatan kun otuma hin amanne ta'ee, Muhammad waantota raajii akka hojjetu hin gaafataniin ture. Kanaafuu “hedduun isaanii hin beekan” kan jedhu komeen Muhammad dhiyeessu himannaa gatii hin qabneedha.

“Odoo mallattoon wahii isaanitti dhufee, silaa isatti amanna” jedhanii kakuu isaanii cimaa Rabbitti kakatani. “Mallattoowwan Rabbuma biraayi” jedhi. Yeroo isheen (raajiiwwan) dhufte isaan hin amanannuu maaltu isin beeksisse? (Rabbitu beeka malee isin hin beektanu) (Suuraa 6:109).

Isaan kafaranis “Sila maaliif Gooftaa isaa biraa mallattoon wahii itti hin bu'in?” jedhu. “Dhugumatti, Rabbiin nama fedhe in jallisa; nama deebi'e immoo gara Isaatti qajeelcha” jedhi (Suuraa 13:27).

Mallattoolee keenya erguu wanti nu dhorge warri duraa ishee kijibsiisuu malee hin jiru. Samuudhiifis gaalattii dhaltuu akka mallattoo ifa galaatti kenninee jirra. Isheettis kafaranii (halaakamani). Nutis sodaachsiaaf malee mallattoo hin erginu (Suuraa 17:59).

Allaan wanta ajaa'ibsiisaa karaa Muhammadiin hojjechuuf of dhorkuu isaa yommuu luqqisii kanaan ibsu namoonni kanneen duraa gantoota ta'anii baduu isaanii ti sababa jedhu kenna. Uumaan karaa raajota isaatiin waantota ajaa'ibsiisaa hojjechuudhaan kutaa jaarraawwan hedduu erga dabarsee booda “isa dhumaa, isa guddaa fi hangafa raajotaa” bira yommuu ga'u dhiisuun isaa nama ajaa'ibsiisa. Kutaa jaarraawwan kanaan duraatti waantota ajaa'ibsiisaa erguun “namoota ajjeessaa jiraachuu isaa” yommuu bara Muhammad irra ga'u hojjechuu dhiisuun isaa waan hubateefii laata? Kun maal kan jedhamuudha?

Yeroma dhugaan Nu biraa isaanitti dhufu, “Inni maaliif fakkaataan

waan Muusaan kennamee isaaf hin kennamne?” jedhan. Sila isaan duraan waan Mususaaf kennametti kafaranii hin turre? (Suuraa 28:48).

Muhammad waantota ajaa'ibsiisaa argisiisuu danda'uu dhiisuu isaatiif waantota ajaa'ibsiisaa Museen hojjete barbaachisummaa isaa xiqqeessee argisiisuuf yommuu yaalu argama. Museen waantota ajaa'ibsiisaa kana hundumaa otuu argisuu baatee garbummaa keessaa Israa'elota bilisa baasuun hin danda'u ture. Muhammad mallattoowwan dhuga-qabeessa raajoti argisiisan otuu argisiisuu danda'ee Araboota sallamsiisuuf billaa luqqisuun hin barbaachisuun ture.

Luqqisiwwan armaan oliin ibse hundi akkuma argisiisan waantota ajaa'ibsiisaa akka hojjetuuf Muhammad yeruma gaafataman kanneen gaafataniin qeequun kan hafe gaaffilee isaaniif deebii malu kennuu hin dandeenye. Kana malees Muhammad wanta ajaa'ibsiisaa hojjechuu akka hin dandeenye fi nama ittiin sodaachifachuuf (jechootaan kan sodaachifatuu fi akeekkachiisu) qofa ta'uu isaa Qur'aanni akkana jechuun ragaa soba hin qabaanne kenna.

Isaannan kafareanis “Maaliif mallattoon wahii Gooftaa isaa biraa isa irratti hin buufamne?” jedhu. Ati dinniinuma qofa. Ummata hundaaf qajeelchaan jira (Suuraa 13:7).

Muhammad sababni waantota ajaa'ibsiisaa hojjechuu hin dandeenyeef sodaachisaa qofa ta'uu isaatiin luqqisiin kun ifatti ni dubbata. Qur'aanni dandeettii hafuuraa kan ittiin waantota ajaa'ibsiisaa hojjetu Muhammad qabaachuu dhiisuu isaa haala dubbateen Haadisaatii fi kitaabonni Islaamummaa kanneen kaan waantota ajaa'ibsiisaa hojjechuu isaa dubbachuun isaanii sirrii miti.

Inni biraan raajoti kanneen dhugaa ittiin beekamanii fi yeroo isaanii eeganii kan raawwataman raajii dubbachuu isaanii ti. Macaafa Qulqulluu keessatti dhugaatti kan raawwataman raajonni dubbataman hedduun galmeeffamaniiru. Garuu Qur'aanattis ta'e seenaa Islaamummaa keessatti ergaa raajummaa faayidaa qabaatan hin argaman. Musliimonni tokko tokko akka raajummaatti kan dubbatan baay'ee falmisiisaa fi keessumaa ammoo muraasni isaanii raajii sobaa ta'uu isaanii kan mirkaneeffamaniidha.

Obboleeyyan musliimaa nabiiyummaa Muhammadiif ragaa godhanii adda durummaan kan dhiyeffatan Qur'aanadha. Sirni barreeffama miidhagina isaatii baay'ee gaarii ta'uu isaa fi kitaabaa Uumaa ta'uu isaa ni mirkaneessa jedhu. Garuu miidhaginni akka hubannaa namaa ta'uu isaatiin madaallii dhuunfaa akkanaa sababeeffachuun jireenya bara baraa kootiif kan murteessu tarkaanfii fudhachuu koo akka gowwummaattan lakkaa'a.

Nabiyummaa Muhammad fudhachuuf sababa kan ta’u wanti dhugaan jiraachuu dhisuu isaatiin nabiyyii dhugaa akka hin taane mirkaneeffachuun matuma isaatiin iyyuu ga’aa yoo ta’eyyuu, kana malees nabiyummaa isaa akka hin fudhanneef sababa kan naaf ta’an sababa dhugaa nan dhiyeessa.

2. Raajota kanneen duraa waliin kan faallessu barumsa barsiisuu isaa

Raajota Kakuu Moofaatii eegaluun hanga ergamtoota Gooftaa kan argaman qulqulloota yommuu ilaallu ergaan isaanii wal-qabataa fi wal-deeggarraa ta’uu isaa hubanna. Inni tokko isa kaan irratti kan bu’ureeffate ta’uurra kan darbe inni tokko isa kaaniin yommuu faalleessuu fi diigu hin argamu. Macaafa Qulqlluu keessatti seenaan bittaa ta’e haala ittiin Waaqayyo uumama isaa bilisa baase yommuu ta’u kitaaba Seera Uumamaa eegaluun hanga dhuma biyya lafaa kan argisiisu kutaaba mul’ataatti, Caaffati Qulqullaa’aa hundi hidhata kanaan yommuu wal hidhanii fi wal-deeggaran argina. Beek-tonni dubbii hafuura kan ta’an seenaa seeneffama bittaa kana “The Crimson Thread” jechuun kan waaman yommuu ta’u Waaqayyo ilma isaa tokkicha erguun isa irraa adda ba’ee kan kufe uumama isaa ofitti araarsuuf kaayyoon karoorse fi dhuma isaa kan argisiisu Caaffata Qulqullaa’aa keessatti jalqabaa eegaluun hanga dhumaatti kan barreeffame barsiisaa fi seenaan kan wal-qabateedha.

Qur’aanni Muhammad ergaa raajota hundumaan kan faallessuu fi kaayyoon isaas ergaa fi ergama Kristos fashaleessuurratti kan xiyyeeffateedha. Qur’aanni Muhammad hojii fashaleessuu kana galmaan ga’uuf tooftaan fayyadame Macaafa Qulqulluu keessatti kan argaman gara Kristos kan argisiisan taateewwan, naamusa, seerawwanii fi barsiisawwan irra deebi’anii hiikuudha. Qur’aanni hidhata Macaafa Qulqulluu kana balleessuuf ergaa raajotaa irra deebi’anii ilaallu fi kallattii isaa jijjiirsisuun islaamummaaf mijeesseera. Kunis ergaan raajota qulqullootaa hundi Muhammad raajii isa dhuma ta’uu isaa argisiisuu kan jedhuudha. (1) Garuu kun raawwatee sobaa fi ergaa raajotaa kan faallessuudha.[1]

Amantaan Muhammad uummate bifa waaqummaa tokko kan qaabatee fi seenaawwan raajotaa kan ibsu akkasumas Caaffata Qulqullaa’aa kanneen duraa kan mirkaneessu ta’uu isaa kan dubbatu yoo ta’eyyuu abshaalummaan isaa ergaa gurguddaa Caaffata Qulqullaa’aa kan ergama Kristos haalluu isaatiif tasuma Waaqayyo biraa ta’uu hin danda’u. Muhammad raajii dhugaa ta’uu isaa yoo fudhanne raajoti kanneen duraa hundi sobdoota ta’u. Raajoti kanneen duraa dhugaa yoo ta’an ammoo Muhammad raajii dhugaa ta’uu isaaf carraan kamiyyuu jiraachuu hin danda’u.

Mata-duree kana kaasuudhaan yeroo musliima obboleeyyan koo wali-

in mari’adhu deebiin yerooma hundumaa naa deebisan “Caaffati Qulqul-laa’aa kanneen duraa hundi boora’uu isaaniin malee ergaan Muhammad ergaa raajota kanneen duraan wal fakkaatu” kan jedhuudha. Garuu Caaffati Qulqullaa’aa boora’uu isaaniif ragaa akka naaf laataniif yommuun gaafad-hu deebii ga’aa ta’e isaan biraa argadhee hin beeku. Deebiin kun maaliif akka itti hin laatamnee fi yaadawwan Musliimotaa dhugaa yoo ta’e ammoo Islaamummaan soba ta’uu isaa mirkaneessuun kan hafe faayidaa akka hin qabaanne beekuuf □□□□□ □□□□□ (Rakkina Islaamummaa) mata-duree jedhuun barreefaman qopheesse akka dubbifatanniif isin affeera. Macaafni Qulqulluun boora’uu dhiisuu isaa kan mirkaneessan ragaawwan galmeew-wan kanneen durii ilaaluuf □□□□□ □□□ □□□□□□ □□□ □□□□ (Bar-reeffamoota Macaafa Qulqulluu kan durii harkaan barreeffamanii) mata-du-ree jedhuun odeeffannoon walitti qabadhe akka ilaaltaniif isin jajjabeessa.

3.Fannifamuun Kristos haalamuu isaa

Fannifamuu Kristos ilaalchisuun Qur’aanni akkana jedha:

Ammas waan isaan “nuti Masihi Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra” jedhaniif (isaan abaarre). Isaaniitti fakkeeffame malee isa hin ajjeefne; hin fannisnes. Dhugumatti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakkii keessa jiru. Yaada hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatuu in qaban. Qabatamaatti isaan isa hin ajjeefne (Suuratu An-Nisaa’i 4:157-158). Fannifamuun Kristos falmii dubbii hafuuraa irra kan darbe dhimma seenaa dhugaa ti. Obboleeyyan Musliimaa fannifamuu Kristos ilaalchisuun dubbii hafuuraa irratti falmiiwwan isaan dhiyeessan, kan kristiyaanotaa fannifam-uu Krsitosiif hiiki isaan kennan fudhatama dhabsiisuuf tajaajila ta’a. Garuu Kristos fannifamuu isaa fudhatama dhabsiisuudhaan Qur’aana dogoggo-ra seenaa isaa irraa oolchuu hin danda’u. Kanaaf immoo sababni isaa fan-nifamuun Kristos Macaafa Qulqulluun alatti kan argaman barreeffamoota amantaa fi amantaa hin taane keessatti kan katabame ta’uu isaa ti. Fannifam-uu Kristos ilaalchisee Wangeelota arfaniin dabalatee hayyoota seenaa bara sana turaniin barreeffamuu isaanii ragaaleen hedduun jiru. Fakkeenyaaf yoo jedhame:

- 1.Barreessaa seenaa lammiin biyya Roomaa Qorneeleyos Taastiis jedhamu fannifamuu Krsitos barreesseera. [2]
- 2.Barreessaa seenaa lammii biyya Yihudii Yoseef Walde Koriyoon fannifam-uu Kristos haala amansiisaa ta’een barreesseera [3]
- 3.Barreeffamni Baabiloonotaa Talmuudii jedhamu Yesus ayyaana faasikaatti fannifamuu isaa dubbata.[4]
- 4.Falaasfaa Isxoo’ikii kan ture Maaraa Ber Seraapiyoon ilma isaaf xalayaa

barreesse keessatti du'uu Yesus ibseera[5]

5.Barreessaa lammii Giriikii Luushiyaan jedhamu Yesus ajjeefamuu isaa barreesseera.[6]

6.Barreessaan lammii biyya Roomaa Fleegoon jedhamu waa'ee fannifamuu Yesus qofa otuu hin taane yeroo fannifame waa'ee dukkana lafa dhuunfatee fi sochii lafaa akkasumas waa'ee du'aa ka'uu isaa dubbateera[7]

Dabalatas Kakuu Haaraan alatti duuti Yesuus barreeffamee arginu barreeffama kan abboota Waldoota Kristiyaanaa durii keessatti. Duuka buutu ergamticha Yohannis kan ture Pooliikaarp du'uu Kristos nama irra deddeebi'uun barreesseedha. Fakkeenyaaf yoo jedhame, barreeffamoota isaa keessaa tokko “waa'ee cubbuu keenyaaf hanga du'aatti rakkina kan fudhate Gooftaan keenya Yesus Kristos...” jechuudhaan barreesseera. Hiriya Pooliikaarp kan ture Ignaaxiyoos Iskindirichi gama isaatiin “dhugaatti rakkina fudhatee erga du'ee booda ka'eera ...Gooftaa keenya kan fannisan namoota sodaan Waaqayyoo keessa isaanii hin jiraanne turan” jechuudhaan barreesseera. [8] Barreessaa amantaa kiristiyaanaa kutaa jaarraa isa jalqabaa kan ture aarsaa kan ta'e Yosteeniyoos nama Yihudii Tirfoo jedhamuuf deebii kenneen Yihuudonni bara isaa turan Yesusiin “nama Galiilaa fannifame” jechuudhaan isa waamaa akka turan barreesseera. [9]

Ragaaleen seenaa kun hundi kutaa jaarraa tokkoffaa fi kutaa jaarraa lammaffaa isa jalqabaa irratti kan barreeffamaniidha. Dabalatas Gooftaan keenya otuu hin dhalatiin kutaa baroota hedduun dura waa'ee fannifamuu isaa raajonni qulqullootaa dubbataniiru (Isa. 53:1-12, Dan. 9:24-25, Far 22:12-18).

Ragaaleen lakkoofsa hin qabaanne kun hundi otuma jiranii waggoota 600n booda daangaa Israa'elirraa yoo xiqqaate kiilomeetiraa 1000n fagaachuun jiraachaa kan ture daldalaan biyya Arabaa gara holqaa seenee ba'uun Kristos akka hin fannifamne ergamaan itti himuu isaa dubbate. Dubbiin daldaltichaa sababa ifa hin taaneef dubbii samii irraa buufame kan jedhame hiika akka laatu gochuudhaaf yaada isaanii kan hiiku haammattuu keessa galfachuudhaaf musliimonni barreeffama hiikan kan gochuuf dirqamaniiru. Namni bakka Kristos fannifameera jedhame maalummaan isaa waan hin ibsamneef hayyooti musliimaa garaa gara ba'uuf saaxilamaniiru. Kanneen tokko tokko Yihuudota keessaa tokko fannifameera jechuudhaan yommuu dubbatan kanneen kaan ammoo kan fannifame Roomaanota keessaa isa tokko jedhu. Duuka buutota Iisaa keessaa tokko fedha isaatiin bakka isaa du'uu barbaaduu isaatiin Allaan bifa Iisaa isaaf kennuun fannifameera kanneen jedhanis jiru. Maqaa “Wangeela Barnaabaas” jedhuun bara giddu-galees-

saatti kitaabni barreeffama musliimaa tokkon barreeffame ammoo bakka isaa kan du'e isa Yesusiin dabarsee kenneedha jedha.

Hayyooti seenaa bara kanatti argaman waa'ee fannifamuu Kristos garaa gartee hin qabaatan. Fannifamuu Kristos haaluu yaaluun hayyoota seenaa addunyaa duratti kan nama qaanessu ta'uu isaatiin bara keenyatti kan argaman hayyooti Musliimaa jecha Qur'aanaa karaa adda ta'een hiikuun fannifamuu Kristos gara amanuutti dhufaa jiru. Iisaan yommuu fannifame fannoorra turetti akka hin duunee fi of walaalluu isaa kan dubbatu Tewooriin yeroo ammaa keessumaa musliimota baratan biratti bal'inaan fudhatama argachaa dhufeera. Yaadni kun "Tewoorii of wallaalluu" (Swoot Theory) jedhamee kan beekamu yommuu ta'u nama Venchuurinii jedhamuun dhuma kutaa jaarraa kudha salgaffaatti kan eegalameedha. Falmaa amantaa musliimaa kan turan adda durumaan kan beekaman sheekii Ahmed Didaatii fi bara keenyatti falmaa beekamaa kan ta'an Dookter Shaabir Aaliin faa kan fakkaatan Musliimonni isaan jajatu. Gareewwan islaamummaa keessaa Nation of Islam (NOI) fi gareen Ahimeediyaanota jedhaman akka ejjennoo amantaatti qabataniiru.

Egaa musliimonni baratan waa'ee fannifamuu Kristos seenaa sobaa kan Muhammad dubbate itti qaana'uun bara dogoggora isaa irraa fagachaa jiranitti akkamiin akka raajii dhugaattan simadha? Fannifamuu Kristos ilaalchisee dogoggora Muhammad hojjete bal'inaan kanan ibse □□□□□□ □□□□ □□□□ (Islaamummaa fi fannifamuu Masihichaa) mata-duree jedhuun kan barreeffame dubbifachuun murtoo mataa keessanii itti kenna.

4.Seerrata Kakuu Moofaa dabsuu isaa

Waaqayyo gaara Siinaa irratti abboommii Museef laate hunda haala jedhamuu danda'amuun Muhammadiin dabsameera. Abboommiiwwan kun Seera Ba'uu 20 irratti argamu. Mee tokkon tokkon haa ilaallu:

Abboommii isa jalqabaa: "Ani Waaqayyo, gooftaa kee isa mana garbummaa biyya Gibxii keessaa si baasee dha. Waaqayyolii kan biraa tokko illee ana bukkeetti hin qabaatin! Bifa qirixame, fakkeenya waanta ol waaqa irra jiruu, gad lafa irra jiruu, yookiis bishaan keessa lafa jala jiruu hin tolfatin! Ati bifa fakkeenya kanaaf hin sagadin, isaafis hin hojjetin..."

Muhammad dhugaa fi tokkicha kan ta'e Waaqa Israa'el lallabeera? Tasuma! Waaqni Muhammad Waaqolii tolfamoo kan Arabaa irraa fudhatame malee Abrahaamii fi Museef kan mul'ate Waaqayyo miti. Maalummaan Waaqa kanaa magaala waaqolii tolfamoo kan turte Makkaa waliin baay'ee kan firoomme ta'uu isaa Qur'aanaa fi barreeffamoota islaamummaa kanneen kaaniin ifa kan ta'eedha. Muhammad maqaa dhuunfaa Waaqayyo isa dhugaa

ta'e maqaa Yaahiwwee jedhamutti fayyadamuu mannaa Waaqoliin tolfamoo Arabaa ittiin fayyadamaa kan turan jecha Allaah jedhamu maqaa dhugaa kan Allaah fakkeessuun dhiyeessaniiru. Bara Musee eegaluun jiraachaa kan turan raajonni dhugaa hundi maqaa Waaqayyoo Yaahiwwee jedhuun kan dubbatanii fi barsiisan yoo ta'eyyuu Muhammad garuu maqaa kana gonkumaa hin beeku.

Dabalatas Waaqayyo abboommii jalqabaa keessatti bifa qirixamee hojjetametti sagaduu cimsee yoo dhorkeyyuu, garuu Araboonni kan waaqolii tolfamootti sagadaa turan dhagaa gurraachaaf Muhammad itti sagaduun, dhungachuun fi qaqqabachuun guutummaa addunyaa kan jiran musliimonni fakkeenya isaa hordofuun waaqeffannaa waaqa tolfamaa akka shaakalaniif sababa ta'eera. [10] Obboleeyyan musliimaa dhagaa gurraachatti akka hin sagadnee fi waaqeffanneef yoo dubbatan iyyuu hojiin argisiisuun gara dhagaa kanatti garagalanii sagaduun, dhagichatti naanna'uun, dhungachuu fi qaqqabachuun waaqeffannaa waaqa tolfamaa shaakalu. Gaaffii kana obboleeyyan musliimaaf yommuun dhiyeessu gochi isaanii bara Kakuu Moo-faatti namoonni gara mana qulqullummaa Yersaaleemitti naanna'uun kadhachuu isaanii waliin tokko ta'uu isaa fi seerri isaan raawwatanis deeggarsa Macaafa Qulqulluu qabaachuu isaa naaf ibsu. Garuu Yihuudonni gara mana qulqullummaa Yersaaleemitti naanna'uun sababni kadhataniif Waaqayyo Gooftaan ifatti ulfina isaa mana qulqullummaa keessatti mul'isuu isaatiin bakka ulfinni Waaqayyoo itti argamuu fi mul'atu ta'uu isaa waan beekaniifi (1Mot 8:10). Garuu Kaa'ibaa inni Makkaa waaqolii tolfamoo 360n guutame namoonni bakka gocha ciiggaasisaa itti raawwatan malee bakka ulfinni Waaqayyoo itti mul'ate miti. Wanti nama ajaa'ibsiisu ammoo Muhammad yeroo jalqabaa akkuma Yihuudotaa gara Yersaalimitti naanna'uun sagadaa kan ture yoo ta'eyyuu booda garuu Yihuudonni itti ga'isuu isaaniin aaruudhaan kallatti sagada isaa gara Makkaatti akka naanna'u godheera. Yeruma sana ammoo waaqoliin tolfamoo 360 bakka kanatti waaqeffamaa turan (Suuraa 2:150).

Abboommii lammaffaa: "Ani Waaqayyo nama akkasumaan maqaa koo dha'u utuu hin adabin waan ani hin dhiifneef, ati maqaa koo maqaa Waaqayyoo gooftaa keetii akkasumaan hin dha'in" (Ba'u 20:7).

Muhammad waaqa dhugaa jedhee kan waamu maqaa Allaah akkasumaan waamuun abboommii kana karaa garaa garaan irra deddeebi'uun dabseera, musliimonnis akka irra darbaniif sababa ta'eera. Karaan ittiin irra darbe inni jalqabaa kakuu maqaa Allaah galee ture diiguun akka danda'amu barsiisuuni.

Yaa Nabiyyichaa! Maaliif haadhalee manaa kee jaalachiisuu barbaad-dee waan Rabbiin halaala siif godhe haraama goota? Rabbiin araaramaa, rahmata godhaa dha. Dhugumatti, Rabbiin karaa kakuu keessan ittiin hiik-tan isiniif murteesseera. Rabbiin gargaaraa keessani. Inni beekaa ogeessa (Suuraa 66:1-2).

“Allah has already ordained for you (Muslims) the dissolution of your oaths. And Allah is your protector, and He is the knowing, the wise.”

Hayyoonni islaamummaa keeyyanni kun “maaliif akka buufame” yommuu dubbatan Muhammad dabaree haadha manootii isaa hambisuu dhiisuuf waadaa yoo galeyyuu dabaree kan Ayishaa yokiin Hafisaa diiguun Maariyaam kan jedhamtu nama biyya Gibxii haadha manaa isaa waliin sababa wal-qunnamtii saalaa raawwateef Allaan Waadaa isaa irraa bilisa ta’uu isaa ibsuuf mul’ata isaaf buuseedha jedhu. Kun Waaqa dhugaa fi qulqulluu ta’erratti ga’isuu miti?

Inni biraan maqaa waaqayyoo akkasumaan waamuun karaan ittiin salphise, musliimonni wanta gatii qabaatuu fi hin qabaanneen maqaa Allaah akkasumaan waamuun akka kakataniif fakkeenya ta’uu isaa ti. Haadisoota islaamummaa keessatti yeroo baay’ee “wallaahii” (Allaatiin kakadha) gaalee jedhu dubbii isaaf sababa yommuu godhatu argina. Har’as musliimonni wanta gatii qabaatuu fi hin qabaanneen “wallaahii” jechuun yommuu kakatan dhaga’uun kan bameedha. Musliimonni hedduun amantaa isaanii akka beekan dubbatan amantaa isaaniiif dhimma kan hin qabaanne kiristiyaanota dadhaboota mannaa haala jabaa ta’een maqaa waaqa isaanii akkasumaan waamanii kakachuun yommuu salphisani ilaaluun kan beekameedha.

Abboommii sadaffaa: “Guyyaa Sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu! Guyyaa ja’a hojii kee hojjedhu, jiruu kees hundumaa godhadhu! Guyyaan inni torbaffaan garuu Sanbata ana Waaqayyo gooftaa keetiif eegamuu dha; ati, ilmi kee, intalli kee, hojjetaan kee, hojjettuun kee, horiin qe’ee kee, galaan kellaa kee keessa jirus isatti hojii tokko illee hin hojjetin” (Ba’u 20:8-10).

Muhammad guyyaa sanbata Waaqayyo ulfina isaaf filate mannaa guyyaa bittaa fi gurgurtaa kan Madiinaa ta’e jimaata filachuun guyyaa kabajamaa islaamummaa akka ta’u godheera. Kanaanis islaamummaan raajota kenneen duraa waliin hariiroo akka hin qabaannee fi haala Arabootaa qofa ilaalcha keessa kan galche ta’uu isaa mirkaneesseera. [11]

Ta’us Sanbata kabajuun seera jalatti kan ramadamuu fi seera hin dabne ta’uu isaatiin dhimma kanarratti xiyyeeffachuu hin barbaadu. Mee abboommii itti fufee jiru haa ilaallu:

Abboommii arfaffaa: “Biyya ani Waaqayyo gooftaan kee siif kennu

keessa bara dheeraa akka jiraattuuf, abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni”(-Bau 20:12).

Muhammad abbaan isaa otuu hin dhalatiin duraa fi haati isaa daa’imum-maa isaatti sababa irraa du’aniin abboommii kana raawwachuuf carraa isaa hin arganne. Ta’us Muhammad umuriidhaan kan isa dursaniin dhiirotaa fi dubartoota saamuu, ajjeesuu fi ari’uun isaa akka abbaa fi haadha isaa hin kabajnetti ilaalama. Kanaafuu abboommii kana raawwachu dhiisuu isaa dubbachuun ni danda’ama.

Abboommii shanaffaa: “Hin ajjeesin” (Ba’u 20:13).

Islaamummaan amantaa nageenyaa ti? Mata-duree jedhuun barreeffaman qopheesse keessatti bal’inaa fi gadi fageenyaan akkuman argisiise, Muhammad dhiiga baay’ee dhangalasuun abboommii Waaqayyoo kanarra darbeera. Musliimonni sababa fakkeenya fi barsiisa isaatiin kutaa barootaa hundumaa keessatti dhiiga dhangalaasaniif Waaqayyo duratti itti gaafatamaa ta’a.

Abboommii ja’affaa: “Hin ejjin” (Ba’u 20:14)

Ejjuu jechuun gaa’ila seeraan alatti wal-qunnamtii saalaa raawwachuudha. Muhammad ejja raawwachu isaatiin olitti akka ejjaniif heeyya-meera. Gaa’ilaan alatti dubartoota kanneen hojjetoota manaa ta’an waliin wal-qunnamtii saalaa raawwachuun akka danda’amu Qur’aanni akkanatti dubbatteera.

Isaan qaama saalaa siaanii tiiksan, Niitoli isaanii yookiin waan mirgi isaanii horatan irratti malee; dhgumatti, isana komatamoo miti (Suuraa 7:29-30).

Isaan warra qaama saalaa isaanii tikfatoo ta’anii dha. Haadha manaa isaanii yookiin waan mirgi isaanii dhuunfatte irratti malee, Dhugumatti, isaan komatamoo miti (Suuraa 23:5-6).

Keeyyanni kun musliimonni dhiiraa gaa’ilaan walitti kan hidhaman haadha manoota isaanii fi dubartoota isaan tajaajilan waliin wal-qunnamtii saalaa yoo raawwatan komeen akka isaanirra hin jiraanne dubbatu. Kitaaba haadisii keessatti musliimonni dhiiraa gocha kana heeyyama Muhammadiin hojjechaa akka turan barreesseera:

....Abu Siirmaan Abu Sa’id Al-hudiriiitti akkuma dubbate, “Yaa Abu Sa’id ergamtichi Allaa waa’ee aaziil (qaama dhiiraa keessaa sanyiin otuu hin dhangala’iin waa’ee gadameessa saala durbaa keessaa saala ofii baafachu) yommuu dubbatu dhageessee beekta?” jechuudhaan gaafate. “Eyyee” jechuudhaan deebiseef. Akkana ittiin jedhe “Ergamticha Allaah waliin gara Al-muxaliiq yommuu deemne dubartoota mimmiidhagoo Arabaa boojinee

turre. Haadha manootiin keenya nuu waliin jiraachuu dhiisuu isaaniin miirri keenya baay'ee nutti jabaatee kan ture yommuu ta'u, kana malees isaaniin gadi dhiisuuf matta'aa fudhachuu barbaannee turre. Kanaafuu aazil gochuudhaan (akka isaan hin ulfoofneef sanyii qaamaa keenya alatti dhangalaasuun) isaan waliin wal-qunnamtii saalaa raawwachuuf murteessine. Garuu akkana jenne, «Ergamtichi Allaah nu waliin otuma jiruu wanta kana raawwachaa jirra. Maaliif isa hin gaafannu?» Kanaafuu yeroo ergamticha Allaah gaafanetti akkana jechuun nuuf deebise, lubbuun hanga du'aa ka'uutti dhalatu hundi dhalachuun isaaniin waan hin hafneef akka kanatti yoo gochuudhaa baattan rakkina hin qabaatu". [12]

Haadisii kanarraa akkuma hubannu loltooti isaa gaa'ilaan alatti akka irratti hirmaataniif Muhammad heeyyamuu isaatiin dubartoonni booji'aman kun ulfaa'uu isaanii hamma loltoota isaa iyyuu yaada keessa hin galchine. Nama akkanaa nabiyyiidha jedhanii duukaa bu'uun hammam walaallaa ta'uudha!

Muhammad ofuma isaatiin iyyuu hojjettuu isaa kan turte Maariyaam ishee biyya Gibxii waliin wal-qunnamtii saalaa raawwachaa turuu isaa kitaabni Islaamummaa ni dubbatu. [13]

Muhammad fedhi wal-qunnamtii saalaa raawwachuu isaa sababa jabaa ta'uu isaatiin halkan tokkoon haadha manoota isaa 9 waliin wal-qunnamtii raawwachaa akka ture haadisootii islaamummaa ni dubbatu. [14] Haadisii birootiin odeeffannoon jiru ammoo guyyaa tokkotti haadha manootii isaa 11 waliin wal argaa akka turee fi fedha wal-qunnamtii saalaa hanga kan dhiirota 30 ga'u qabaachaa akka ture isaaf dubbatameera. [15] Amalli isaa kun akka gootummaatti yoo isaaf dubbatame iyyuu ejjumaan gootummaa otuu hin taane dadhabaa ta'uu isaa namni sammuu isaa sirriitti yaadu hundi dhugaa beekuudha.

Kana malees musliimonni gannata keessaa dubartoota kanneen dhii-ra hin beekne waliin wal-qunnamtii saalaa akka raawwatan Qur'aaanni ni dubbata:

“Akkuma kana dubra adaadii ija babal'a aisaan fuusifne” (Suuraa 44:54).

“Isaan keessa (dubartoota bareeda) ija isaanii dhirsa isaanii irratti gabaabsan, kan san dura namnii fi jinniin hin tuqintu jira” (Suuraa 55:56).

“Isaan keessa gaggaarii, babbareedoo ta'antu jira. Tola Rabbii keessanii keessaa kamiin kijibsiiftu? Dubartoota manneen keessatti (dhirsa irratti) gabaabfamantu jiru. Tola Rabbii keessanii keessaa kamiin kijibsiiftu?” (Suuraa 55:70-74).

“Firaasholee ol fuudhamtuu (keessa jiraatu.) Dhugumatti, Nuti (Dubar-

toota jannataa) uuminsa isaan uumne. Dubroota isaan goone. Jaallattoota (abbaa manaa), kan hiriyoota ta'an (isaan goone)" (Suuraa 56:34-37).

"Dhugumatti, warra Rabbiin sodaataniif milkiitu jira. Ashaakiltii fi inabatu (jira). Dubartoota harma guntuttuu hiriya ta'antu (jiru)" (Suuraa 78:31-33).

Musliimonni dhiiraa Gannata keessatti dubartoota dhiira hin beekne 72 akka badhaafaman Muhammad dubbachuu isaa kitaaba haadisii keessatti galmeeffameera.[16] Muhammad ejjumsaan lafa kana qofatti otuu hin taane waaqa irrattis heeyyamamuu isaa barsiisuun nama Waaqa dhugaa irratti ga'isedha.

Abboommii torbaffaa: "Hin hatin" (Ba'u 20:15).

Muhammad saamtuu ta'uu isaa haaluun hin danda'amu. Makkaa gara Madiinaatti erga godaanee booda wanti hojjete inni jalqaba loltoota erguun daldaltoota Makkaa ajjeesaa fi saamsisaa turuu isaa barreeffamoota Islaamummaa irraa hubachuu dandeenya.

Qur'aana keessatti Suuratu Al-anfaal (boqonnaa saamtotaa) jedhamee moggaafameen lakkoofsa jalqabaa irratti akkana jedhameera:

"Boojii irraa si gaafatu. Boojiin kan Rabbii fi ergamaa Isaa ti. Lamaafii Rabboom sodaadhaa. Hariiroo gidduu keessan jirus tolchaa. Yoo mu'umintoota taatan Rabbii fi ergamaa Isaatiifis ajajamaa jedhi" (Suuraa 8:1).

Muhammad hordofoonni isaa jabaatanii hojjechun gatii dafqa isaanii akka nyaatanii fi amantaa isaanii akka fayyadaniif barsiisuu mannaa saammitii jajjabeesuun ofii isaa fi hordofoonni isaa qabeenya seer-malee argame akka kuufatan godheera. Arabooti bara Muhammad jiraataa turan gara Islaamummaatti baay'inaan akka dhufaniif wanti isaan hojjetan keessaa tokko karaa Allaan otuma qabsaa'anii yoo ajjeefaman Gannata akka dhaalanii fi du'a jalaa yoo ba'an ammoo qarshii saamaniin akka sooromuu danda'an abdiin isaaniif laatame ture.[17]

Abboommii saddeettaffaa: "Nama irratti sobaan dhugaa hin ba'in" (Ba'u 20:16).

Muhammad sobuu fi soba heeyyamuun abboommii Waaqummaa kana dabseera. Ibsa kanaa lakkoofsa 7 irratti waliin ilaalla.

Abboommii salgaaffaa: "Haadha manaa namaa...hin hawwin" (Ba'u 20:17).

Muhammad abboommii kanarra darbuun ilma guddifachaan guddifate kan haadha manaa isaa fuudheera. Isa kanas lakkoofsa 9 irratti walumaan ilaalla.

Abboommii Kurnaffaa: “Mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwin! Haadha manaa namaa, hojjetaa isaa, hojjettuu isaa, qotiyyoo isaa, harree isaa, waanuma kan isaa ta’e duraa fudhachuudhaf hin hawwin” (Ba’u 20:17).

Yihuudiin Hayiber jedhaman qabeenya baay’ee godhatan jiraachuu isaanii Muhammad dhaga’uu isaatiin weerara akka isaanirratti raawwate odeeffannoon Islaamummaa ni dubbatu. Kuufamni qabeenya isaanii eessatti akka argamu baasisuuf haala jibbisiisaa ta’een hogganaa qomoo kanaa dara-reera. Seenaan Al-xabariin barreefame akkana jedha:

“Raajichi nama Kinaanaa jedhamu ilaalchisee abboommii akkana jedhu Zubaayiriif kennan. Wanna dhokse hundumaa hanga baasutti darariin. Kanaafuu Zubaayirii fi Kinaanaan du’aaf hanga ga’utti laphee isaarra ibidda kaa’e. Kana booda Lamaslammaah kan jedhamuuf dabarsanii kennan. Innis ni qaleen.[18]

Seenaa kanarraa akkuma hubannu qabeenya ollaa isaa hawwuun isaa ajjeechaa suukkanneessaa akka raawwatu godheera. Kanaafis qabeenya olloota keenyaa akka hin hawwineef abboommii Waaqayyoo dhorku dabsuun caalaatti abboommii dhiiga namaa dhangalaasuu kan dhorku irra darbeera. 5. Maqaa waaqa isaa faayidaa dhuunfaa ittiin kabachiifachuuf fayyadamuu isaa

Muhammad ergamaa fi tajaajilaa Allaah ta’uu isaa musliimonni itti amanu. Garuu Qur’aanaa fi kitaabota Islaamummaa kanneen kaan dubbifanneerra yoo ta’e dhugaan isaa faallaa dha. Allaan tajaajilaa Muhammadii fi dhimma isaa kan raawwatuuf, Qur’aannis ammoo qabeenya dhuunfaa Muhammad ta’uu isaa argina. Muhammad fedha dhuunfaa isaa galmaan ga’achuuf maqaa Allaah yommuu itti fayyadamuu fi dubbii Allaah kan bara baraa ta’uu isaa kan lallabaa ture Qur’aana ammoo akka meeshaa dhuunfaa isaatti yommuu fayyadamu ni hubanna.

Fakkeenyaaf yoo jedhame, Muhammad dubartoota hedduu fuudhuuf fedha qabaachuu isaa galmaan ga’achuuf Maqaa Allaatiin akkana jechuun dubbateera.

“Yaa nabiyyichaa! Nuti niitiwwan kee isaan ‘Mahrii’ isaaniiif ken-nite, (boojuu irraa) waan Rabbiin sitti deebise irraa warra harki kee horatte, shamarran abbeeraa (wasiila) keetii, shamarran adaadota keetii, shamarran eessumman keetii fi shamarraan haboo (obboleettii haadha) keetiisi isaan si waliin godaanan, dubartii mu’uminaas yoo isheen nabiyyichaaf of ken-nitee yoo nabiyyiinis ishee fuuchuu fedhe, m’umintoota biraatiif odoo hin ta’iin si qofaaf qulqulluu taatee (isaan fuuchuu) halaal siif goonee jirra. Isaan

(mu'umin toota) irratti niiti isaaniitiifi fi waan harki isaanii horatte keessatti wanta isaan irratti dirqama goonee dhugumatti beeknee jrra. Akka rakkoon si irratti hin taaneef (kana goone). Rabbiinis araaramaa, rahmata godhaa ta'eera" (Suuraa 33:50).

Muhammad mimmiidhagoo ta'uu isaanii kan yaade firoota isaa dabalatee dubartoota naannaa isaa jiraatan fedha iccitiin fuudhuu keessaa isaa jiraachuu isaatiin malee Allaah biraa dhaga'uu dhiisuu isaa shakkii malee dubbachuu danda'a. Waaqayyo inni dhugaa fi qulqulluu ta'e fedha miiraa kan nama tokkoo guutuuf abboommii akkanaa qaama dubbii bara baraa isaa godhachuun otuu biyyi lafaa hin uumamiin dura barreessuun kaa'eera jechuun dubbii sobaa ti.

Guyyaa tokko ammoo namoonni otuu Muhammadiin hin heeyyamsiisiin gara mana isaa battala seenuu isaaniin dheekkamee, garaa haadha manootii isaa akka jalaa hin boojineef sodaate. Kanaafuu tajaajilaa isaa kan ta'e Allaatiin akkana jechuun kadhate:

"Yaa warra amantan! Haala bilchina isaa hin eegneen, yoo gara nyaataatti hayyamni isiniif godhame malee manneen nabiyyii hin seeninaa. Garuu yeroo waamantan seenaa; yeroo nyaattanii raawwattan haasa'atti mukuu bahuun (boharuun) maleetti bittinnaa'aa. Dhugumatti, (gochi) sun nabiyyii rakkisa; isin irraa ni saalfata ta'a. Rabbiin garuu dhugaa irraa hin saalfatu. Yeroo meeshaa isaan (niitoli nabiyyii) gaafattanis haguuggii (girdoo) duubaan isaan gaafadhaa. Akkas gochuu keessantu onnee keessanii fi onnee isaaniitiifis irra qulqulluudha. Ergamaa Rabbi rakkisuu fi niitiwwan isaaniis booda (du'a) isaatii gonkumaa fuuchuun isiniif hin malu. Dhugumatti, (gochi) sun Rabbiin biratti (badii) guddaa ta'eera" (Suuraa 33:53).

Guyyaa tokko ammoo Muhammad balbala isaa dura dhaabachuun sagalee isaanii ol kaasanii namoota waamanitti dheekkame. Kanaafis tajaajilaa isaa kan ta'e Allaan akkana jedhee akka isaaf dubbatu godhe:

"Isaan duuba manneenii irraa si waaman, hedduun isaanii hin hubatanu. Odoo hanga ati isaanitti gadi baatutti obsanii silaa (sanatu) isaaniif caalature. Rabbiin araaramaa, rahmata godhadha dha" (Suuraa 49:4).

Muhammad maqaa waaqa isaatiin faayidaa dhuunfaa isaa kabachiisuuf dhimmoota waa'ee hin baafnetti yommuu fayyadamu kan argisiisan fakkeenya hedduu argisiisuun ni danda'ama. Faayidaa dhuunfaa nama tokkoo kabachiisuuf kan yaadaman kan akkanaa waantota amantaa keessatti faayidaa hin qabaanne dubbii kan bara baraa isaa keessatti Uumaan akka barreeffaman godheera jedhanii amanuun dukkana limixaa keessa ija ofii juunufatanii kanarrattis erbee yabbuudhaan golgatani ilaaluuf yaaluu waliin

wal bira qabamee yommuu ilaalamu wallaalummaa ta'uu isaa argisiisa.

6. Barsiisa barsiisaa tureen jiraachuu dhiisuu isaa

Falaasfaan Maaraa Bar Saraapiyoon jedhamu dhaloota Kristosiin booda naannaa bara 70 tti waa'ee Gooftaa keenya Yesus Kristos akkana jedheera:

“Sooqiraaxisiin ajjeesuun namoonni Ateens faayidaa maalii argatan? Yakka hojjetaniif gogiinsii fi weerarri dhukkubaa akka adabbiitti isaan mudate. Namoonni Saamoos paayitaagorasiin gubuu isaaniin faayidaan argatan maali? Lafti isaanii battaluma cirracha galaanaan golgame. Yihuudonni ogeessa kan ta'e mootii isaanii ajjeesuun faayidaa maal irraa argatan? Kana booda ture mootummaan isaanii kan diigame. Waaqayyo namoota sadan kanaaf firdii dhugaa ta'een isaaniif farade. Ateeniyaanoti beelaan du'an. Saamosoota kanneen jedhamanis bishaaniin liqimfaman. Yihudonni buqqa'anii lafa isaaniirraa ari'atamuun guutummaatti bittimmaa'uun jiraatan. Garuu Sooqiraaxis du'uun isaa gaarummaaf hin taane, sababni isaa barsiisa Pilatoon jiraateera. Paayitaagoras du'uun isaa gaarummaaf hin taane, sababni isaa siidaa Heeraa keessa jiraateera. Ogeessichi mootii kun du'uun isaa gaarummaaf hin taane, sababni isaa barsiisa barsiisuun itti jiraateera.”[19]

Namni Waaqayyo inni dhugaan kan ittiin beekamuu keessaa tokko barsiisa barsiisuun itti jiraachuu isaa ti. Muhammad garuu kana dura abboommii waaqa isaa biraa laatameen kan barsiisaa ture dabsuun akka barbaade yommuu godhu argina. Fakkeenyaaf yoo jedhame, Qur'aanni Musliimni tokko akka fuudhuuf kan isaaf heeyyamu hanga haadha manootii afurii qofadha (Suuraa 4;3). Garuu seenaan akkuma beekamuu fi hayyooti musliimaa akka walii galanitti yoo ta'e Muhammad haadha manootii hanga 14 ta'an fuudhuun Qur'aanaan kan heeyyamame dachaa sadiin ol haadha manootii qaba ture. Kanaafuu Muhammad abbommii kanarra darbeeti moo abboomichi isa waan hin ilaallaneefi? Abboommiin kun isa hin ilaallatu yoo jenne maaliif? Gaaffii jedhu gaafachuun ta'uu kan maluudha. Raajiin tokko dhugaa ta'uun isaa kan beekamu ergaa dubbattetti jiraachuu yoo danda'eedha. Barsiisaan abboommii raawwachuu hin dandeenye (gochuu hin dandeenye) namatti murteessu faakkeenya gaarii godhamee fudhatamuun isaaf hin malu. Muhammad ofii isaatiif haadha manootii kudha sadii fuudhuun kanneen kaaniin ammoo “Allaan kan isiniif heeyyame hanga afur qofaatti” jechuun isaa mul'ata dubbachaa ture akka barbaadetti faayidaa dhuunfaaf itti fayyadamuu isaa kan argisiisuudha.

7. Soba heeyyamuu isaa

Addunyaarratti kan argaman amantaa gurguddaa keessaa soba kan

heeyyamu amantaa Islaamummaa qofadha. Islaamummaa keessatti baay'ee kan isaaniif heeyyamame gosti sobaa jiru. Musliimonni Sunnii “Muderaat” jedhamu barsiisa ittiin gowwomsan ni qabaatu. Muslimota Shi'aa biratti ammoo “Taqiyaa” jedhamuun beekama. Ulaamaa (garee hayyoota islaamummaan) alatti kan argaman namooti hedduun waa'ee barsiisa kanaa sirriitti hin beekan. “Muderaat” jechuun jajachuu, jajannaa of-tuulummaa, gowwom-suu, waliin dhahuu, wal-qixa deemuu, golgachuu, dhokachuu yokiin baduu jechuudha. Amalli gowwomsaa kun barbaachisaa ta'ee yoo argame nama kamiyyuutti hojiirra oolfamuu danda'a. Garuu hayyooti Sunnii yaada Muderaat keessa galfamuun isaaniif mala kan jedhan namoota dhaabbata ta'an gosa kudhan adda baasuun kaa'aniiru. Kaafir (namni musliima hin taane) hogganaa hamaa ta'e, namoota haaraa sallaman, nama Islaamummaarraa yaadaan fagaate gara Islaamummaatti deebisuun, nama barate yokiin saay-intistii beekumsa isaa faayyadamuuf, hiriya gammachiifachuuf, diina jalaa ba'uu yokiin miidhuuf, hiriya gaa'ilaa gammachifachuuf, nama dhukkub-sate (fakkeenyaaf yoo jedhame, fayyaa akka ta'u yokiin fayyaa fakkaachuu isaa itti himuun), Hayyooti sunni hubannoo kana hojiirra oolchuuf luqqisii Qur'aana garaa garaa ni dubbatu. [20]

Namni musliimaa tokko yeroo rakkina keessa ta'u amantaa isaa hamma ganutti kan isa geessisu soba sobuu akka danda'u barsiisuun musliima ta'uun faayidaa qabaachuu dhiisuu isaa Muhammad argisiiseera (16:106). Garuu amantoota dhugaa kan ta'an Shaadraa, Meshakii fi Abed-neegoon yeroo abboomamanitti deebii akkana jedhu kennuun ibidda keessatti gata-muu filataniiru.

Kana irratti Shaadraa, Meshakii fi Abed-Neegoon mootichaaf deebisanii, “Yaa Nebukadnezaar, waa'ee kanaaf nuyi deebii siif kennuu iyyuu nu hin barbaachisu. Oolchuu yoo ta'e immoo, Waaqayyo keenya inni nuyi waaqessinu ibidda bobba'aa keessaa nu oolchuu in danda'a, harka kee keessaas nu in oolcha, yaa mootii! Yoo kana fedhuu dhaabbatte iyyuu, nuyi waaqayyolii kee akka hin waaqessine, bifa fakkeenya warqee irraa hojjetame ati dhaabdeefis akka hin saganne beeki, yaa mootii!” (Dan 3:16-18).

Gooftaan keenya Yesus Kristos dubbiidhaanis ta'e hojiin amantiidhaan jabaatee argamuu isaatiif akkana jedheera:

Warra foon namaa ajjeesanii lubbuu garuu ajjeesuu hin dadneenye hin sodaatinaa! Kanaa mannaa isa lubbuu fi foon qilillee keessatti balleessuu danda'u sodaadhaa! Simbirroonni lama akka saantima tokkootti in gurguramuu mitii ree? Isaanuma keessaa iyyuu tokko illee yaada abbaa keessanii malee lafa hin bu'u; isin garuu, rifeensi mataa keessanii hundinuu iyyuu lakkaa'amaa dha.

Kanaafis hin sodaatinaa! Isinoo simbirroota baay'ee irra guddaa in caaltu" jedhe. Itti fufees Yesus, "Eenyu illee namoota duratti eenyu akkan ta'e dhugaa ba'ee yoo mul'ise, anis abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti dhugaa nan ba'aaf. Eenyu illee namoota duratti yoo na gane garuu, anis immoo abbaa koo isa waaqa irra jiru duratti isa nan gana" jedhe (Mat 10:28-33).

Kiristiyaanummaan karaa jireenyaa ta'uu isaatiin Kiristiyaana ta'uun wanta gati-jabeessadh. Islaamummaan amantaa nam-tolchee ta'uu isaatiin musliima ta'uun wanta salphaa fi gatii hin qabneedha. Haalli yoo isinitti ulfaate isa ni gantu, yoo isiniif mijate ammoo waliin taatu.

Muhammad gaaf-tokko nama Ka'aab Ibin Al-ashiraaf jedhamu ajjeesuuf hiriya isaa kan ture nama Muhammad Biin Maslama jedhamu sobaan akka fayyadamuuf heeyyama laateef ture. [21]

Islaamummaatti kitaaba Shari'aa keessatti akkana jedhameera: it is permissible to lie if attaining the goal is permissible. Kaayyoo barbaadamuuf kan heeyyamame yoo ta'e (sirrii yoo ta'e) sobuun kan heeyyamameedha jechuudha. Kanaafuu barsiisni Islaamummaa gama kanaan jiru"yaraas gaariis haa ta'u isuma argatte fidi" akkuma jedhamuudha.[22] Kanaafuu Islaamummaan ulaagaa tokko malee dhugaa fi qulqulluu kan ta'e Waaqayyo biraa ta'uu hin danda'u.

8.Daa'immaa waggaa 9 waliin ciisuu isaa

Muhammad gocha nama rifachisuu raawwatan keessaa tokko haadha manaa isaa daa'ima kan taate Ayishaa jedhamtu waggaa 6tti kaadhimmachuun waggaa 9tti waliin ciisuu isaa ti. Dhimmi kun haala haalamuu hin danda'amneen haadisaatii Islaamummaa fi seenaa dhuunfaa Muhammad keessatti ifaan kan barreeffame yommuu ta'u, obboleeyyan musliimaa wanna kana hojiirra oolchuu malee yommuu haaluuf yaalan baay'ee hin mul'atan. [23] Musliimonni gocha kana sirrii ta'uu isaa argisiisuuf sababni isaan dubbatan hundinuu maaliif amansiisaa ta'uu akka hin dandeenye □□□□ □□□□ □□□ □□□□□□□□ □□□□ □□ □□□□-□□□□□□ □□□□ □□□ (Muhammad umurii heerumaaf kan hin geenye Aayishaa fuudhuu isaa, Deebii musliimotaaf laatame) mata-duree jedhuun barreeffaman barreesse keessatti deebii ga'aa ta'e kenneera.

Muhammad daa'ima kan turaaniif fedha wal-qunnamtii saalaa qabaachu isaa kan argisiisan seenaawwan kanneen biroo barreeffamoota Islaamaa keessatti argamu. Fakkeenyaaf yoo jedhame, Muusinaad Ahimad Ibin Hanbal lakkoofsa haadisii 25636 irratti akkanatti barreeffameera:

"Ilmi Abbaas Um Habiibaa umuriin harma hodhuurra otuu jirtuu jilbaan otuma daaddistuu ishee ilaaluun nabiyyichi akkana jedhe: Wallaahii

ani jireenyaan otuun jiruu kan guddattu yoo taate nan fuudhaan”[24]

Nama akkanaa akka nabiyyii dhugaatti fudhachuun dhugaatti yoo ta’e mallattoo nama sammuu fayyaa qabaatu miti. Musliimonni hedduun iccitii kana erga beekanii booda Muhammad hordofuun akka deebi’an ani shakkii hin qabaadhu.

9. Haadha manaa kan guddifachaa isaa fudhachuu isaa

Muhammad “Haadha manaa namaa...duraa fudhachuudhaaf hin hawwin” kan jedhu abboommii Waaqummaa irra darbuu isaatiin guddifachaan kan guddifate zayid kan jedhamu haadha manaa isaa kan turte Zayibiin hawweera. Waa’ee miidhagina ishee karaa hin malleen dubbachuu isaatiin gaa’ila ishee erga diigee booda ishee fuudheera. Keessumaa ammoo gocha qaani kana hojiirra oolfachuuf Qur’aana keessatti tajaajilaa isaa kan ta’e Allaan akkana jechuun akka isaaf dubbatu godheera:

“Yeroo ati isa Rabbiin tola irratti oolee atis tola irratti oolteen Niitii kee qabadhu. Rabbiinis sodaadhu jatteen (yaadadhu). Ammas (yeroo) waan Rabbiin isa ifa baasuuf taa’u, ati of keessatti dhoksites. Odoo Rabbiin sodaachuun irra haqa ta’uu yeroo nama sodaattes (yaadadhu). Akka mu’umintoota irratti nitii ilmaan guddisaa (guddifachaa) isaanii yeroo isaan dhimma irraa fixatan (fuuchuu) keessatti rakkoon hin taaneef jecha, Yeroma Zeydiin ishee irraa dhimma fixate (ishee hiike), ishee sitti heerumsiifne. Ajajni Rabbii raawwatama ta’eera (Suuraa 33:37).

Muhammad akka luqqisii Qur’aana kanaatti Zayinabiin hawweera ture. Garuu namoonni maal naan jedhu qaani jedhuun Zayiid haadha manaa isaa akka hin hiikneef haala miira of-tuulummaa of keessaa qabaatuun isa gorsaa ture. Garuu Allaan dhimma isaa kana ifatti baasuun Zaayinabiin itti heerumsiise. Kanaafuu Musliimonni haadha manootiin kan guddifachaa isaanii erga wal hiikanii booda fuudhuu akka isaan danda’an fakkeenya akka ta’uufi kan jedhu sababni gatii hin qabaanne dhiyaateera. Garuu Muhammad Zayinabiin fudhuuf kan barbaade gaa’ila keessa yommuu turte ta’uu isaa fi waa’ee miidhagina ishee karaa hin malleen dubbachuun isaa, diigamuu gaa’ila ishee fi wal-hikuuf sababa ta’uu isaatiin haadisaatii Islaamummaa keessatti ifatti barreeffamee argamuu isaatiin “fakkeenya ta’uufi” sababni jedhamu wanta amansiisaa miti. [25]

Gooftaan keenya Yesus Kristos akkana jedha:

“Hin ejjin’ jedhamee akka himame dhageessaniittu. Ani garuu isinitan hima, namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera” (Mat. 5:27-28).

Muhammad madaallii naamusa guddaa Yesus Kristos kaa’een yom-

muu ilaalamu ejjituudha.

10. Hubannoo gad-aantummaa gurraachaaf qabaachaa ture

Muhammad gurraachotaaf tuffii guddaa qabaachaa turuu isaa fi gatii maalummaa namootaa bifa namaan madaalaa akka ture kitaabni Islaamummaa ni dubbatu. Fakkeenyaaf yoo jedhame, Muhammad akkana jechuun namaa gurraachaa fi Seexana wal-fakkeesseera:

“Nabiyyichi akkana jedhe: «namni Seexana ilaalu barbaadu Nabxaal Iibin Al-haariisiin haa ilaalu!» nama gurraacha yommuu ta’u rifeensa dheeraa hin filamnee fi mangaagaa gurraacha ni qabaata” [26]

Bara durii Muhammad gurraacha ta’uu isaa namni dubbate Musliimonni ni ajjeesuun ture:

“Hiriya Sahinuu kan ture Ahimad Iibin Abii Suleeymaan akkana jedhe: «Muhammad gurraacha ta’uu isaa namni dubbatu kamiyyuu ni ajjeefama. Nabiyyichi gurraacha hin turre». [27]

Muhammad gurraacha garboomfate qabaachuu isaa seenaa Islaamummaa hedduu keessatti irra deddeebi’amee gabaafameera. [28] Gurraacha garboomfamanis bifa kennaadhaan fudhachaa akka ture dubbatameera. [29] Guyyaa tokko namni gurraachi tokko namoota gurraacha lamaan jijjiiramuu isaa seenaa Islaamummaa keessatti barreeffameera.

“Jaabir Iibin Abdullaahiin akkuma dubbate: Garbichi tokko gara ergamticha Allaah dhufuudhaan waadaa gale. Nabiyyichis garba ta’uu isaa hin beekne ture. Inni garbicha kana bulchu gara isaa dhufuun garbichi isaa akka deebi’uuf yeroo gaafatu ergamtichi Allaah «natti gurguri» ittiin jedhe. Garboota kan ta’an gurraachota lamaan biteen” [30]

Sanyummaa fi tuffii lammii Itiyophiyaa ta’aniif qabaachaa ture akkana jechuun ibseera:

“Hogganaan keessan Zabiib sammuu (ija wayinii gogaa) fakkaatu kan qabaatu nama lammii Itiyophiyaa yoo ta’eyyuu isaaf abboomamaa” [31]

Namni ilaalcha sanyummaa akkanaa qabaachaa ture kun raajii Waaqayyoo isa dhugaa ta’uu hin danda’u.

11. Wal-hiikuu heeyyamuu isaa

Akka amantaa Islaamummaatti wal-hiikuu akka salphaatti kan ilaalu hin jiraatu. Muhammad kan hin barbaanne hiikuu fi kan barbaadeen immoo ofitti akka qabu Allaah isaaf heeyyamuu isaa Qur’aanni akkana jechuun dubbateera:

“Isaan irraa nama feete dhiiftee, nama feete immoo gara keetti maxxanfatta. Isaan yeroof dhiifte irraa nama feete (yoo fuutes), badiin sirra hin jiru. Ijji isaanii gammaduu, gadduu dhabuu fi hundi isaanii waan ati isaaniif

kennite jaallachuutti kanatu dhihoo dha. Rabbiin waan onnee keessan keessa jiru ni beeka. Rabbiin beekaa, obsaa ta'eera" (Suuraa 33:51).

Mirgi wal-hiikuu Muhammadiif qofa otuu hin taane musliimota kanneen dhiiraaf kan laatameedha:

"Haala tokkoo isaaniitiif qabeenya guddaa kennitanii jirtanuun yoo niitii tokko bakka ishee kan biraa jijjiirachuu barbaaddan, isa irraa homaa hin fudhatinaa. Sila haala miidhaa fi dilii ifaa ta'ee jiruun fudhattuu?" (Suuraa 4:20).

Musliimonni dhiiraa akka luqqisii kanaatti haadha manaa jijjiiruu yoo barbaadan raawwachuun kan isaanirra jiraatu ishee hiikamte kanaaf qarshii kennuudha. Wal-hiikuun hamma kanatti salphaadha. Garuu sagaleen Waaqayyoo inni qulqullaa'aan akkana jedha:

"Namni haadha manaa isaa hiikee kan biraa fuudhu hundinuu in ejja, dubartii abbaa manaa isheettii gargar baate kan fuudhus in ejja" (Luq 16:18). "Waaqayyo isiniif haadha manaa isin qeerummaadhaan fuutan gidduutti dhga-baatuu dha; isheen hidhata keessan, haadha manaa kakuu keessanii taatee utuma jirtuu, isin isheedhaaf amanamuu dhiiftanii ishee in gowwomsitan. Waaqayyo foonitti, lubbuuttis tokko isaan hin goonee ree? Maaliifis tokko isaan godhe? Sanyii ofii isaatiif kaafachuudhaaf kana godhe; kanaaf is jireenya keessan eeggadhaa! Haadha manaa qeerrummaa keessan irraas amanamummaa hin dhabinaa! Waaqayyo gooftaan inni kan Israa'el, "Namni haadha manaa isaa gad dhiisuun humnaan ishee irratti ka'uu akka uffataatti uffachuu isaa waan ta'uuf, wanta akkasii baay'isee nan jibba; kanaafis isin jireenya keessan eeggadhaa, amanamummaas hin dhabinaa!" (Mil. 2:14-16).

Muhammad gocha Waaqayyo duratti jibbame hojiirra kan oolchee fi salphiisee dhiyeesse ta'uu isaatiin nabiyyii dhugaa ta'uu hin danda'u.

12. To'annaa xibaara (toshaa) jalatti kufuu isaa

Ayishaan akkuma gabaafte, namni Laabiid Al-asma jedhamu Muhammad irratti toshaa hojjechuu isaatiin Muhammad bakka haadha manootiin isaa hin jiraanetti akka haadha manootii isaa waliin ciisutti itti fakkaata ture. Raajii Waaqayyoo mannaa nama dhugaa Waaqayyotti amane kamiyyuu irratti toshaan akkamiin hojjechuu danda'a? toshaan Bala'aam Musee irratti raawwachuun hafee saba Museen geggeessu keessaa nama kamiyyuu irratti hojjechuu hin dandeenye. Qooda kanaa, kana kan hubate toshituu kan ta'e Bala'aam "Yaaqoob irratti hoodni hin dubbatamne, Israa'el irrattis ayyaanni hin hedamne" jechuudhaan ragaa ba'eera (Lakk. 23:23).

Kakuu Haaraa keessatti ammoo humni Seexanaa namoota maqaa isaa amanaman irratti akka hin hojjennee fi kana malees maqaa isaatiin namoota

keessaa Seexana akka baasan Gooftaan Yesus dubbateera . Abdiin kun bara Ergamootaatti hojjetaa ture. Har’as taanan hojjechaa jiraachuu isaa eenyu iyyuu ilaalee ragaa ba’uu danda’a (Mar. 16:17-18).

Xummura

Ani akka nama tokkootti armaan oliin kan ibsamaniif fi gara fuula duraattis wal duraa duubaan kanan dhiyeessu sababoota garaa garaa hedduun Muhammadiin akka nabiyyii dhugaatti tasuma fudhachuu hin danda’u. Lallabdoonni Musliimaa hedduun isaanii amalli dhugaa kan nabiyyii isaanii ifatti akka isaaniif ba’u hin barbaadan. Kun deemsaa if-toomina of keessaa hin qabaanneedha. Amma garuu deemsii isaanii kun tasuma akka isaaniif hin malle beekuun isaanirra jiraata. Sababni isaa namni kamiyyuu yeroo kamuu caalaa odeeffannoof dhiyeenyatti kan argamuu ta’eera. Kanaafuu isaaniif kan malu dhugaa dhoksuu otuu hin taane qabsaa’uun karaa sababa qabaatuun deebii itti kennuu, qooda kanaa ammoo dhugaaf harka kennuun kallattii ofii sirreeffachuu fi kanneen kaaniin barsiisuudha.

Waaqayyo Gooftaan ija laphee kan obboleeyyan koo musliimaa banuun gara ifa ilma isaa Yesus Kristos akka isaan fiduuf kadhata koo yerooma hundumaa ti.

[1] □□ □□□□□ □□□ □□□□ □□□ □□□□□□□□ □□□ □□□ □□□□? □□ 10

[2] Josh McDowell, Evidence that Demands a Verdict, New and Revised, 1999, pp. 122-123

[3] Ibid., p. 125

[4] Ibid., pp. 123-124

[5] Ibid., p. 123

[6] Norman L. Geislere, Encyclopedia of Christian Apologetics, 1999, p. 128

[7] Ibid.

[8] Ibid.

[9] Ibid.

[10] Sahih al-Bukhari, Volume 2, Book 26, Number 673)

[11] <https://www.answering-islam.org/Books/MW/friday.htm>

[12] Sahih Muslim, volume 2, #3371

[13] Kitab al-Tabaqat al-Kabir, p. 151

[14] Bukhari, volume 7, # 142

“Wangeelli Barnaabaas” Wangeela Dhugaa ti?

Musliimonni obboleeyyan keenyi fannifamuu Yesuus haaluuf ragaan ittiin fayyadaman keessaa tokko “Wangeela Barnaabaas” kan jedhamu yommuu ta’u Musliimonni hedduun hiriya Phaawulos kan ta’e Barnaabaasiin barreeffamuu isaatti amanu.

Garuu kun ragaa kan of keessaa hin qabaannee fi falmii mo’amuu dhiisuuf godhamuudha. Wangeelli Barnaabaas bara giddu-galeessaatti biyya Xaaliyaanii nama Musliimaa tokkoon kan katabame barreeffama ragaa dhugaa of keessaa hin qabaanne yommuu ta’u, kutaa jaarraa tokkoo waliin hariiroo kamiyyuu hin qabaatu. Musliimonni obboleeyyan keenyi yeroo baay’ee barreeffama “Wangeela Barnaabaas” jedhamu ergaa Barnaabas waliin yommuu faallessan ni argamu. Kitaabni ergaa Barnaabaas jedhamuun moggaafame Barnaabaasiin kan katabame yoo hin taaneyyuu garuu “Wangeelan Barnaabaas” faallaa kiristiyaanummaa kan ibsuudha.[1] Wangeelli Barnaabaas barreeffama jaarraa tokkoffaa ta’uu dhiisuu isaa kan argisiisan qabxiwwan hedduun keessatti argamu.

Jecha Giriikiin “Kiristos” kan jedhuu fi jecha Ibrootaan ammoo “Masihii” kan jedhu hiika wal-fakkaataa kan qabaatan yommuu ta’u, namni lammii Yihudii kutaa baraa jaarraa tokkoffaa jiraate kamiyyuu jechooti lamaan kun hiika wal-fakkaataa qabaachuu isaanii ni beeka. Afaan Giriik kan itti dubbatamu Aleksaanderiyaatii kan dhufe lammummaan Yihudii kan ta’e Barnaabaas dhugaa ifa ta’e kana ni dagata jedhamee tasuma yaadamuu hin danda’u. Garuu Wangeelli Barnaabaas kan irraa eegalu Yesusiin “Kiristos” jedhee moggaasuun yommuu ta’u (fuula 2) garuu boqonnaa 42 irratti Yesuus Masihii akka ta’e ganuu isaa nutti dubbata. Kun walitti bu’iinsa guddaa yemmuu ta’u barreeffamni kun nama afaanota bara Barnaabaas jiraate dubbataman hin beekneen barreeffamuu isaa mirkaneessa

Boqonnaa 3 irratti Herodisii fi Philaaxoos baruma tokko keessatti hoggantoota biyya Yihudaa akka turan ni dubbata. Garuu Herodiis dhaloota Kiristosiin dura bara 37-4 biyya Yihudii qofaa isaa kan bulche yommuu ta’u Philaaxoos ammoo kan bulche dhaloota Kiristosiin booda bara 26-36 ture. [2] Barnaabaas seenaa kana dabsuuf kan danda’u karaan kamiyyuu hin jiraatu.

Boqonnaa 20-21 irratti Yesuus dooniin gara biyya Naazireet imaluu isaa fi namoonni naannoo sanaas doonii oofanii isa simachuu isaanii dubbata. Garuu biyyi Naazireet laga Galiilaatii fageenya 14km fagaachuun gaarotaan marfamtee kan argamtu ta’uun ishee beekamaadha.[3] Bakkuma kanatti

Yesuus gara Qifrinnaahomitti ol ba'uu isaa kan dubbatu yommuu ta'u kunis haala taa'umsa lafaatiin yommuu ilaalamu dogoggora dha. Magaalli Qifirinaahoom haalli taa'umsi lafa ishee magaala Naaziretii olitti lafa ol ka'aarra otuu hin taane lafa taa'umsaan gadi aanaa qarqara haroo Galiilaa ti. Yesuus irra deddeebiin gara magaalota kana deemuu isaa irraa kan ka'e ergamtooti isaa naannoo sana sirriitti beeku (Mat. 2:23, 4:13, 8:5, 11:23, 17:24, 21:11, 26:71, Luq 4:16). Garuu barreessaan "Wangeela Barnaabaas" dogoggora kana hojjechuun sobaa ta'uu isaa saaxileera.

Wangeelli Barnaabaas bakka itti barumsa Islaamummaa hedduminaan deeggaru yoo jiraateyyuu garuu Musliimoonni isa yokiin Qur'aana akka filatan kan dirqisiisan qabxiwwan faallessan hedduun keessa isaatti ni argamu.

Qur'aanni Maariyam Iisaa kan deesse ciniinsuun ta'uu isaa kan dubbatu yommuu ta'u (Suuraa 19:22-23), Wangeelli Barnaabaas garuu ciniinsuu malee dahuu ishee dubbata (Boqonnaa 3).

Qur'aanni Iisaan Masihii ta'uu isaa irra deddeebi'uun kan dubbatu yommuu ta'u (Suuraa 3:45), Wangeelan Barnaabaas garuu Iisaan Masihii ta'uu isaa ganuu isaa (boqonnaa 42) fi Muhammad Masihii ta'uu isaanii ragaa ba'uu isaa dubbata (boqonnaa 97). Qur'aana keessattis ta'e barreeffama islaamaa kamiyyuu keessatti Muhammad Masihii ta'uu isaanii hin barreeffamne.

Qur'aanni Musliimni dhiiraa tokko hanga dubartoota afuriitti akka fuudhu kan heeyyamu yommuu ta'u (Suuraa 4:3), Wangeelli Barnaabaas garuu gaa'ila dabalataa cimsee mormuun dhiirri tokko dubartii tokkoof kan jedhu barsiisa Kitaaba Qulqulluu calaqqisiisa (boqonnaa 11:5).

Qur'aanni samiin toorba qofti jiraachuu isaanii kan dubbatu yommuu ta'u (Suuraa 17:44), Wangeelan Barnaabaas garuu samiin sagal jiraachuu isaanii dubbata (boqonnaa 178).

Wangeelli Barnaabaas barreeffama kan bara giddu-galeessaa ta'uu isaa argisiisan ragaawwan keessa isaatti ni argamu.

Akka Kitaaba Qulqulluutti ayyaanni yaadannoo waggaa shantamafaatti akka kabajamu abboommiin kan laatame yommuu ta'u (Lew 25:10-11), Dhaloota Kiristosiin booda bara 1300 tti Phaaphaasiin Waldaa Kiristiyaanaa biyya Roomaa kan turan Boonefes saddeettaffaan waggaa dhibbaffaa irratti akka kabajamu labsee ture. Garuu Phaaphasiin itti fufuun muudamee ture Kelement arfaa haquun irra deebi'amee ayyaanni yaadannoo waggaa shantamaan akka kabajamu labsuu isaan dhaloota Kiristosiin booda bara 1350 kabajameera.[4] Wangeelli Barnaabaas garuu labsii dogoggoraa kan Phaaphaasii kanaa fudhachuun boqonnaa 82 irratti ayyaanni yaadan-

noo waggaa dhibbaffaa irratti akka kabajamu ni dubbata. Kunis kitaabichi bara giddu-galeessaatti kan katabame ta'uu isaaf ragaa guddaadha.

·Kitaabni kun kan bara giddu galeessaa ta'uu isaa kan argisiisu qabxiin inni biraan ammo barreessaa Daantee jedhamu irraa kan fudhataman yaadotni keessa isaatti barreeffamanii argamuu isaanii ti.[5] Fakkeenyaaf yoo jedhame, Jannata dura samiin sadii jiraachuu isaanii barreessaan Wangeela Barnaabaas kan Daanteen barreesse irraa fudhachuun isaa ifaa dha (boqonnaa 178).

Wangeelan Barnaabaas barreeffamootni harkaa (manuscripts) kanneen jalqabaa kan afaanota Xaaliyaanii fi Ispeeniin katabaman yommuu ta'u qorannoo irratti godhameen kutaa jaarraa kudha shanaffaa asitti kan barreeffaman ta'uun isaanii ibsameera.[6] Barreeffama Barnaabaas isa dhugaa otuu ta'ee afaan Ibruutiin, Giriikiin yokaan ammoo Aramaayikiin barreeffamuutu isaaf mala ture.

Musliimonni beekumsa ga'aa hin qabaanne kitaaba kana akka Wangeela amanamaatti yoo afarsan iyyuu garuu dhimma kana sirriitti kan qoratan beektonni musliimaa otuu hin hafiin kitaaba sobaa ta'uu isaaf beekamtii laataniiru.[7]

[1] Dubbifachuuf fedha isaa kan qabaatu kamiyyuu marsariitii itti fufee jiruun fayyadamuun ergaa Barnaabaas dubbifachuu ni danda'a <http://answeringislam.net/Barnabas/epistleb.html>

[2] FF Bruce. Israel and the Nations, Exeter: Paternoster Press, 1973, p. 240.

[3] "Nazareth", New Bible Dictionary, England: IVP, 1987, p. 819

[4] Herbert Thurston. The Holy Year of Jubilee, London: Sands & Co., 1900, p. 5

[5] ante Alighieri. The Divine Comedy, section: Paradiso

[6] Norman Gaislere. Encyclopedia of Christian Apologetics, p. 67

[7] Wangeelli Barnaabaas" barreeffama sobaa ta'uu isaa hayyooti musliimaa akkana jedhaniiru: As regards the "Gospel of Barnabas" itself, there is no question that it is a medieval forgery ... It contains anachronisms which can date only from the Middle Ages and not before, and shows a garbled comprehension of Islamic doctrines, calling the Prophet the "Messiah", which Islam does not claim for him. Besides its farcical notion of sacred history, stylistically it is a mediocre parody of the Gospels, as the writings of Baha Allah are of the Koran. (Cyril Glassé, The Concise Encyclopedia of Islam, San Francisco: Harper & Row, 1989, p. 65)

Muhaammad Ergamaa Waaqaa isa dhugaatii?
(Is Muhammad a true Prophet of God?)
(Qopheessadhaan kan Hiikame)

Barreeffamni armaan gadii kun Muhaammad ergamaa Waaqaa isa dhugaadha jedhanii warra amananiif amantiin isaanii sirrii akka hin taane qabxiilee agarsiisan ja'a qabatee jira. Musliimota barreeffama kana dubbisan yaadota kanneen of eeggannannoo fi kadhannaa keessa ta'anii akka dubbisan akkasumas kunneen dhugaa ta'uu fi dhugaa ta'uu dhabuu isaanii akka ilaalanii fi hubatan isaan ni gaafanna.

Dhugaa barreffama kana keessa jiruunis Gooftan keenya Yesus Kiristoos Musliimota dukkana keessaa gara ifa isaa ulfina qabutti akka isaan baasu ni kadhanna.

Yaada Guddaa Tokkoffaa

Muhaammad Adeemsa Raajota Isa Dura Turanii Akka Hordofu

Dubbatee Jira

“Yaa isin warri amantan! Allaah fi ergamaa isaatti kitaaba inni ergamaa isaa irratti buusetti kitaaba inni isa dura gadi buusettis amanaa. Allaah fi ergamoota (Malaa'ikaa) isaa barreeffamoota isaa ergamtoota isaatis guyyaa dhumaas namni gane dogoggora (dhugaa) irraa fagaate ni dogoggore” 4:136

“Ergamtichi gooftaa isaa biraa kan isarratti bu'e ni amane. Amantoonnis (akkanuma) hundi isaanituu Allaahatti, Ergamoota isaatti kitaabota isaattis, ergamtoota isaa gidduutti tokkollee adda hin baasnu (kan jedhan yoo ta'an) ni amanaman. Ni dhageenyes ni ajajamnes gooftaa keenya! Dhiifama (ni barbaanna) deebi'uunis gara kee qofa jedhan” 2:285

“Ergasiis gara kee amantiin Ibraahim qajeelaa yoo ta'u hordofi, inni warra Mushrikoota (Allaah waliin waaqa biraa kan waaqeffatan) keessaa tokko hin turre jechuu sirratti buusne” 16:123

“Isa gara kee bu'e sana jabeessii qabadhu, ati karaa qajeelaa irra jirtaati; innis (Qur'aanni) ofii keeti fi saba keetif ulfina guddaadha. Gara fuula duraattis isa irraa ni gaafatamtu. Ergamoota keenya isaan si dura ergine keessas (duuka buutota isaanii) al-rahmaanin ala kan biraatif akka bitaman goonee jirra yoo ta'e mee gaafadhu” 43:43-45

“(Murtii) kanaafis namoota waami, akka ajajamte sanattis qajeeli. Gara isaan goranis hin hordofin. Jedhiinis wanta Allaahn buuse hundattis nan amane. Isin jidduuttis wal qixxeessuf nan ajajame. Allaahn gooftaa keenya gooftaa keessanisi. Nuti hojiilen keenya nuuf jiru. Isisniifis hojiileen keessan isiniif jiru. Nutiif isin gidduutti mormiin hin jru. Allaahn nu jidduutti ni sas-

saaba. Deebinis gara isaa qofa” 42:15

“Isaan warra nuti kitaabotaa fi raajummaa isaanif kennineedha. Isaan (gantoonni Makkaa) saba isaan ganuu hin dandeenye dhugumaan qopheessinee jirra. (Raajonni) kunneen isaan warra Allaahn dhiifama isaanif godheedha. Karaa isaanitis duuka bu’i:- isa (Qur’aana) irratti gatii homaa isin hin gaafadhu. Inni addunyootaf abboommii malee homaa miti jedhiin” 6:89-90 “Gara keetitti kan buusne irraa shakkii keessa yoo jiraatte warra si dura kitaabicha dubbisan gaafadhu. Dhugaan gooftaa kee irraa siif dhufee jira. Shakkitoota keessas tokko hin ta’in” 10:94-95

(Kutaalee Qur’aanaa armaan olitti caqafaman irratti akkuma ifa ta’ee argamutti) Muhaammad kan itti himame qajeelfama isa dura ture akka hordofuu fi ergaa isaatis kitaabota qulqullaawoo isa dura jiran irraa akka mirkaneeffatu ture.

Kana jechuunis ergaan isaa ergoota raajota isa dura turan waliin wal fakkaachuu qaba jechuudha. Macaafni Qulqulluun kan nutti himu Yesus dhuma mul’atoota hundaa akka ta’eedha; kanaafuu raajonni isa booda dhufan hundi kan dubbachuu qaban angoo yookin maqaa isaatin ta’uutu irra jiraata; akkasumas wangeela isaa kan barabaraa labsuu qabu.

“Nyaata jireenna barabaraatiif jiraatu kan ilmi namaa inni Waaqni Abbaan chaappaa isaa isa irratti mallatteesse sun isinii kennuuf dadhabaa malee nyaata baduuf hin dadhabinaa.” Yohannis 6:27

“Waaqni nagayaa inni karaa dhiiga kakuu barabaraatiin Gooftaa keenya Yesuus, tissituu hoolotaa guddicha sana warra du’an keessaa kaase sun” Ibroota 13:20

“Maleekkaa biraas otoo inni samii walakkaa barrisuu nan arge; innis warra lafa irra jiraatanitti jechuunis saba maratti, gosa maratti, afaanii fi Sanyii maratti akka lallabuuf wangeela barabaraa qaba ture.” Mul’ata 14:6 “Anis isaaf sagaduuf jedhee miila isaa irratti lafa dhaye; inni garuu akkana naan jedhe; “Naa hin sagadini! anis hojjatumaa sii fi obboleeyyan kee warra Ye-suusiif dhuga-bahan wajjiin tajaajiluu dha. Waaqaaf sa-gadi; dhuga-bay-iinsi Yesuusi hafuura raajiitii” Mul’ata 19:10

Muhaammad ergaa Kiristoos waan faallesseef akkasumas Ilma waaqaa ta’uu isaa waan ganeef ergaan isaa Waaqa biraa kan dhufe ta’uu hin danda’u.

“Nama akka Yesuus masiihii ta’e ganu malee sobduun eennu ree? Namni akkasii Kiristoosiin morma; Abbaa fi Ilmas ni gana. Namni Ilma ganu kamiyyuu Abbaallee hin qabu; namni waayee Ilmaa dhugaa bawu cuftinuu Abbaas qaba.” 1Yohannis 2:22-23

(Armaan olitti sagalee Waaqayyoo keessatti akkuma ilaalle) dhugumatti Muhaammad dhuma irratti sadarkaan inni irra gahe Waaqayyoo sobaa gochuudha.

1Yohannis 5:9-13 “Dhuga-bayiisa namaa ni fudhanna; dhuga-bayiisni Waaqayyoo garuu kana caalaa guddaa dha; dhuga-bayiisni kun isa Waaqayyoo waayee ilma isaa dhugaa ba’e sanaatii. Namni ilma Waaqayyoootti amanu kamiyyuu dhuga-bayiisa kana garaa isaa keessaa qaba; namni Waaqa hin amanne garuu waan isa Waaqni waayee ilma isaa dhugaa baye sana hin amaniniif inni Waaqayyuu sobduu godheera. Dhuga-bayiisni sunis isa kana; Waaqayyoo jireenna barabaraa nuu kenneera; jireenni sunis ilma isaa keessa jira. Namni ilma sana qabu jireenya qaba; namni ilma Waaqayyoo hin qabne immoo jireenya hin qabu. Yaada Xummuraa Isin warri maqaa ilma Waaqayyoootti amantan akka jireenya barabaraa qabaachuu keessan beetaniif ani waan kana isinii barreessa.”

Xumura Dubbichaa:- Muhaammad Waaqa Dhugaa Kan Sobu Waan Fakkeessef Raajii Dhugaa Ta’uu hin Danda’u

Yaada Bu’uuraa Lammaffaa

Macaafni Qulqulluun Akka Dubbatutti Xibaartummaa Fi Tolchi Raajii Waaqayyoo Isa Dhugaa Irratti Hojjechuu Hin Danda’u.

“//////////” Seera Ba’uu 23:23

“Namoonni torbaatamii lamaan sunis gammachuun deebi’anii, “Yaa Gooftaa, jinniiwwanilleen maqaa keetiin nuu ajajamaniiru” jedhan. Yesuus deebisee akkana jedhe; “ani otoo Sheexanni ak-kuma balaqqeetti samii irraa bu’uu nan arge. Kunoo, ani akka isin bofaa fi torbaan qabaaf lafatti dhidhiittaniifi akka humna dii-naagmaras moo’attaniif aangooh isinii kenneera; wanni kamiyyuus isin hin miidhu. Garuu sababii maqaan keessan samii keessatti barreeffameef gammadaa malee sababii hafuuronni isinii ajajamaniif hin gammadinaa.” Luqaas 10:17-20

Muhaammad qorumsa kana darbuu hin dandeenye sababni isaatis xibaartuun Yihudii tokko xibaarummaa irratti hojjetee jiraati. Musliimonni akka dubbatanitti boqonnaaleen Qur’aanaa 113 fi 114 kan “mul’ataniif” Muhaammad abaarsa kana jalaa baasufi jedhu. Kana ilaalchisee hadisni kan galmeeesse garuu:—

Ayishaan akka dubbattetti:- garbicha Allaah irratti xibaarummaan (digimtiin) hojjetamee ture kanaafuu niitolii isaa waliin qunnamtii saalaa osuma hin raawwatin akka waan raawwatee itti fakkeessa ture. (Suufiyaan kan dubbatetti immoo amala akkanaa kana agarsiisuun isaa xibaarummaan

sun baay'ee ulfaataa ta'uu isaat agarsiisa jechuudha). Gaaf tokko innis akkas ajedhe, <yaa Ayishaa waa'ee wantan gaafadhee Allaah akka na barsiise beektaa? Namoonni lama gara koo dhufanii tokkichi mataa koo dura inni biroo immoo karaa miila koo taa'anii namichi inni duraa 'nama kana maaltu tuqe?' jedhee gaafate, inni lammataa immoo 'inni too'annoo xibaartummaa jala jira' jedhee deebiseef>.

Namichi inni duraa 'isa irratti xibaartummaa kan hojjete eenyu?' jedhee gaafate; namichi inni lammataa immoo 'Labid Bin Al Asam kan jedhamu nama banii Zuraayiq irraa ta'eedha; innis dura-bu'aa Yihuudotaa fi nama fakkeessadha' jedhee deebiseef. Namichi duraas 'inni xibaartummaa sana hojjechuuf maal fayyadame?' jedhee gaafate; kan lammataas 'filaa rifeensi irra jiruudha' jedhee deebise. Namichi duraa sunis 'inni (filaan rifeensaa sun) eessa jira' jedhee gaafate. Namichi kuunis 'golga daraaraa muka teemira kormaa keessa ta'ee boolla daarwaan keessa dhagaa jala taa'ee jira' jedhee deebise. Kanaafuu raajichi gara boolla sanaa deemee wantoota sanneen baasudhaan akkas jedhee dubbate:- <boollin ani (abjuudhan) arge isa kana ture. Bishaan isaa baalonni hinnaa kan itti faca'an yoo fakkaatu mu-koonni teemiraa immoo mataawwan seexanaa fakkaatu turan>. (Sahih al-Bukhari, Volume 7, Book 71, Number 660; see also number 661)

Ayishanis akka armaan gadii jetteet dubbatte:_ raajichi yeroo tokko xibaartummaan itti godhamee ture kanaafuu wanta hingoone tokko akka waan godhee itti fakkaachaa ture. (Sahih al-Bukhari, Volume 4, Book 53, Number 400)

Yaadachiisa Qopheessaa

Waa'e jireenya keenyaa dhugumaan itti yaaduu qabna, sababni isaas amantaan nuti hordofnu sirrii ta'uu isaa beekuu waan qabnuufi. Raajichi amantaa Islaamaa eegale dhugumaan raajii dhugaatii? Jechuudhan gaafachuuf saalfachuu yookin sodaachuu hin qabnu. Barreeffamni armaan olitti argamuu fi kutaaleen itti fufanii jiran Muhaammad raajii dhugaa uumaa ta'uu fi ta'uu dhabuu isaa ni agarsiisu. Garaa bal'aadhan dubbisaa; amantaa Waaqa isa dhugaa hordofaa jirtuu? Yoo hin taane ta'e yaachisaadha. Qopheessichi kan gorsuu fi kan yaadachiisu dhugumaan akka itti yaaddanii-fi. Waaqayyo karaa hafuura isa dhugaa akka isiniif ibsu kadhannaa keenya. Waaqayyo isin haa gargaaru, Amen.

KUTAA 2FFAA

Muhaammad dogoggorawwan baay'ee gurguddoo ta'an hojjetee jira

1. Imala Halkanii:-

“Inni garbicha isaa masgiida kabajamaadhaa gara masgiida fagoo isa naannoo isaa eebbisnetti kan isa geesse (gooftichi) qulqullummaan isaaf haa ta’u. dinqii keenya keessa isa agarsiisuf (isa deemsifne). Ilaa inni (Allaah) kan dhagahu kan argusi” 17:1

Akkaataa aadaa Musliimatti Muhaammad gara Masgiida Yerusalem dhaqee jira. Gabaasni armangadii kun kan fudhatame barreeffama Alfred Guillaume, *The Life of Muhammad* (Oxford University Press Karachi, 1995 tenth impression), Hiika Ibn Ishaq Sirat Rasulullah irraati.

Ziyad bin Abdullaah Al-Baka’i Muhaammad bin Ishaq irraa kan itti anee jiru kana natti hime. Sana booda ergamaan Allaah masgiida Makkaa jiru irraa gara Masjiid Al aqsaa, jechuunis gara masgiida Aliyaa ni fudhatame. Kunis kan ta’e erga Islaamummaan gara saboota Qurayish hunda babal’atee booda ture. Yeroo sanas michuu isaa kan ture Gabri’eel isa waliin deemee ture. Kunis hamma dinqii waaqaf lafa gidduu jiru argutti hamma mana qulqullummaa Yerusalem gahutti ture.

Seenaa kana keessatti Al Hasan kan itti anee jiru kana dubbatee jira. <eragamichii fi gabri’eelin hamma mana qulqullummaa Yerusalem jiru gahanitti imalanii jiru. (Guillaume, pp. 181, 182; bold emphasis ours).> akkanumas Sahih Muslim, Book 1, Number 309: irratti kan itti aanee jiru kana ni arganna:- Anaas bin Maalikiin kan gabaafame, ergamaan Allaah (nageenyi isa irratti haa ta’uutii) kan dubbate; ani gara Al Buraaq nan geeffame, innis horii adii fi dheeraa harree caalu garuu gaalaa irra xiqqaatu yemmuu ta’u kottee isaa lafa dheerina hamma meetira tokkoo gahu irra kaawwata. Isa irra bahuudhan gara mana qulqullummaa Yerusalem nan dhufe; sana boodas qubeela raajonni itti fayyadaman irratti isa nan hidhe. Gara mana qulqullummaa sanaas seenee rak’aa lama kadhadhee nan bahe. Sana boodas Gabri’eel xooffoo (meeshaa bareedaa waa ittiin dhugan) waynii fi xooffoo aananii naaf fide. Anis aannanicha nan filadhe, gabri’eelinis akkas naan jedhe:- wanta uummamaa isa ta’e filattee jirta. Sana boodas gara samii na fudhate.

Rakkinni inni duraa yaada armaan olii keessatti argamu manni qulqullummaan Yerusalem bara 585 dhaloota Kiristoos dura raayyaa Baabiloonin kan barbadda’e ta’uu isaati. Dabalataanis jeeneraalli Roomaa Tiitoo jedhamuu fi loltoonni isaa mana qulqullummaa isa lammataa bara 70 dhaloota Kiristoos booda guutumaa guututti barbadeessanii jiru. Manni qulqullummaa kun kan barbadaa’e seenan imala gara Yerusalem kun bara raawwatamee jira itti jedhame sana waggoota heddu dura ture. Masgiinni Al Aqsaa caqafame kun hamma bara 691 dhaloota Kiristoos boodatti, jechuunis hamma Amiir Abdul Maalik ijaaretti gonkumaa kan hin jirre ta’uu isaati.

(Egaa kuni imalli halkanii Muhaammad dogondora ta'uu isa seenaa mul'isuudha)

2. Lakkoofsota Lafaa

Qur'aanni akka dubbatutti Allaahn kan uume samii torbaa fi lafa torbadha.

“Allaahn isa samiiwwan torba uumedha, lafallee kanuma isaan fakkaatan uumee jira. Jidduu isaanittis ajajni isaa ni bu'a. Allaahn wanta hunda irrattuu danda'aa ta'uu isaa Allaahnis wanta hundaa beekkumsa isaatin kan marse ta'uu isaa akka beektan (kana isin beeksise)” 65:12. Gabaasni sirrii ta'e jedhamu akka mul'isutti Muhaammad lafoonni torba akka jiran kan amanu akka tureedha.

<Muhaammad Bin Ibraahim Al Hariit akka gabaasetti:- Abu Salaamaa bin Abdurrahmaan, namichi waa'ee kutaa lafaa ilaalchisee namoota biroo waliin mormii qabu gara Ayishaa deemudhaan wa'ee dubbichaa itti hime. Isheenis 'yaa Abu Salaamaa waa'ee lafichaa itti dhiisi sababni isaas ergamaan Allaah :- 'seeran ala lafa taakkuu tokko iyyuu namni fudhate kamuu yoo jiraate lafoonni torban morma isaa irratti marfamu' (jechuudhan dubbattee jirti)> (Sahih al-Bukhari, Volume 4, Book 54, Number 417

www.usc.edu/dept/MSA/fundamentals/hadithsunnah/bukhari/054.sbt.html; see also Numbers 418, 420; Volume 3, Book 43, Numbers 632

Abu Huraayradhaan immoo kan dubbatame:- <raajichi Allaah (nageenyi isa irratti haa ta'u) fi hiriyoonna isaa akkuma taa'ani jiranitti duumessi isa irratti dhufe. Sana boodas ergamaan Allaah (nageenyi isarratti haa ta'u) akkas jechuudhan gaafate:- 'kunneen maal akka ta'an beektuu?' isaanis yemmuu deebisan 'Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku' jedhan. Innis akkas jedhe 'kunneen duumessoota isaati. Kunneen baattota bishaan lafaati. Isaanis warra Allaah hin galateeffannee fi maqaa isaa warra hin waamne irratti kan isaan fiduudha'. Innis itti fufee 'isiinii ol maaltu akka jiru beektuu?' jedheen; isaanis 'Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku' jedhan; innis akkas jedhee deebise 'inni samiidha, koornisa eeggamaadha akkasumas dambalii gara duubatti deebifamee eeggameedha'> ammas inni ni gaafate 'isaa fi isin gidduu maal akka jiru ni beektuu?' isaanis 'Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku' jedhan; isiniifi isa giddu waggoota dhibba shantu jiru jedhe. Inni ammas inuma gaafate 'isaa ol maal akka jiru beektuu?' isaanis 'Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku' jedhan; innis 'jidduu isaanitti samiiwwan lama kan fageenya waggaa dhibba shanii qabantu argamu' jedhe. Innis hamma samiiwwan torba lakkaa'utti akkasumatti dubbbachuu isaa itti fufe. Tokkoon tokkoon lakkuulee keessattis fageenyi jiru akkuma fageenya samii fi lafa gidduu jiruu-

ti. Achirraanis inni ni gaafate:- ‘isaa ol waan jiru beektuu?’ isaanis ‘Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku’ jedhan; innis ‘isaa ol kan jiru teessumicha. Teessumichaa fi samii isa torbaffaa gidduu fageenyi jiru fageenya samiilee lakkuuwwan gidduu jiruun wal qixa.’ Ammas ni gaafate:- ‘isin jala maaltu akka jiru beektuu?’ isaanis ‘Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku’ jedhan; innis ‘lafatu jira’ jedhee deebise. Achirraanis ni gaafat:- ‘isa jala maaltu akka jiru beektuu?’ isaanis ‘Allaah fi ergamaan isaa caalatti ni beeku’ jedhan; innis akkas jedhee deebise ‘isa jala lafatu jira. Fageenyi isaan gidduu jiru kan waggoota dhibba shaniiti’ lafoota torbaa fi fageenya lameen isaanii giddu jiru haama lakka’utti akkasuma jechaa itti fufe. Itti fufees akkas jedhe:- ‘lubbuun Muhaammad kan ittiin qabamtee jirtu isaan nan kakadha, funyoo osoo asii gadi darbitanii beekkumsa Allaah jalaa hin ba’u’ Sana boodas sagalee itti fufee jiru kana ni yaadate (ni qara’e):- “inni kan duraa fi kan dhumaati. Isa alaa fi isa keessati. Inni hunduma beekadha.” (Tirmiiziin akka ibsetti sagaleen kuta ergamaan Allaah dubbate kun kan agarsiisu beekkumsi, humnii fi angoon Allaah garuma kamuu akka qaqqabuudha; innis kitaaba isaa irratti akkuma ibsetti jechuudha.) Ahmad and Tirmidhi transmitted it. (Al-Tirmidhi, Number 1513- taken from the ALIM CD-ROM Version).

Ibsitoonni Musliimotaa kan birootis akkuma mirkaneessanitti Muhaammad dogoggoraan kanuma akka amanaa tureedha. Dabalataanis kan dubbatan lafti diriirtuu akka turte akka inni amanaa tureedha. Ibsitoota kanneen keessaa tokko tokko kan itti fufanii argamaniidha.

Al-tabarii

Muhaammad bin Saaliha bin Askaar-Ismaa’il bin Al-kariim Wahiib nama jedhamuun ajaa’ibsiisummaan isaa gabaafamee jira. <Samii fi ardiin akkasumas galaanonni ‘hiikaal’ keessa jiru. Hiikal immoo eddoo ejjennoo miila isaa jala jira. Innis ejjennoo miila isaa baatee jira. Innis miila isaa irratti akkuma kophee sandalii ta’ee jira. Waahibis ‘hiikal maali?’ jedhee yeroo gaafatetti, akkas jedhee deebise:- ‘wanta samii irra jiruudha. Innis wanta samii fi ardii naanna’uu fi funyoo godoon ittiin hidhamu kan fakkaatudha’ jedhee deebise. Waahiibis lafti maal irraa akka hojjetamte yeroo gaafatetti inni kan deebise ‘isaan lafoota torba. Diriiroo fi odolawwani (bishaanin kan marfamaniidha)’ jechuudhan ture. Tokkoon tokkoon lafoota kana jidduu galaanni ni jira. Hundumtuu galaana isaan marsee jiruun marfamanii jiru kanaafuu isaan kan aragaman hiikalichi galaana dudduuba jira’ jechuudhan ni deebise.> (History of Al-Tabari-General Introduction and From the Creation to the Flood, translated by Franz Rosenthal [State University of New York Press (SUNY), Albany 1989], Volume 1, pp. 207-208;).

Ibin Katiir

“Lafaa fi kan isa fakkaatan” jechuun inni lafoota torba uumee jira jechuudha. Saahihootaa lameen keessa hadisni kan armaan gaditti argamu ibsu ni jira.

(lafa nama tokkoo seeran ala kan fudhatu eenyumtuu yoo jiraate lafa taakkuu tokkollee yoo taate inni morma isaa irratti maramee hamma lafa torbaffaatti gadi ni bu’a)

Saahih al Bukaarii keessatti immoo akkas jedha:- (inni gara lafootaa keessatti gadi ni dhidhima)

Kitaaba jalqaba al-bidaayaah Wan bidaayaah irratti, seenawwan garagaraa hadisa kanaa caqaseen jira. Kunis yeroon haala uumama lafaa senesetti. Galannis ulfinnis Allaahdhaafi.

Namoonni hadisni kun ardiilee torban agarsiisa jedhan isaan hiika nama amansiisuu hin dandeenye fi dubbii Qur’aanaa fi hadisaa wanta faallessu akkasumas wanta ragaa hin qabne fidanii jiru. (Tafsir Ibn Kathir (Abridged) Volume 10 (Surat At-Tagabun to the end of the Qur’an), abridged by a group of scholars under the supervision of Shaykh Safiur-Rahman Al-Mubarakpuri [Darussalam Publishers & Distributors, Riyadh, Houston, New York, London, Lahore; first edition, September 2000], pp. 55-56: tafsir.com/default.asp;).

3. Marsaa Aduu

Qur’aanni fi sunnaawwan (fakkenyi) Muhaammad kan barsiisan aduun gara eddoo itti sagadduu fi lammata deebi’uudhaf hayyama eddoo itti argattutti hanga teessuma Allaah akka imaltudha.

“Aduun hamma eddoo boqonnaa isheedhaf ta’utti ni fiigdi, kunis murtii uumaa isa moo’aa fi beekaa ta’eeti” 36:38

Abu Dar kan dubbate akka armaan gadiiti:- raajichi yeroo aduun itti dhiitutti gaafii akkas jedhu na gaafate “yeroo aduun dhiitu eessa akka deemtu ni beektaa?” anis akkas jedheen deebise ‘Allaah fi duuka bu’aan isaa caala ni beeku’. Innis deebisee akkas naan jedhe “aduun teessoo isaa jala geechee hamma sagadduu fi lammata akka baatuf hamma hayyama argattutti ni deemti, haata’u malee yeroon itti isheen gadi jettee sagadduu fi lammata akka baatuf hayyama gaafattee dhoowwatamtu ni dhufa. Kanaaf wanta gootu kana irra deebi’uudhan akka gootu hayyama gaafattee yeroon itti dhoowwatamtu ni dhufa. Yeroo sanattis gara dhuftetti akka deebitu ni ajajamti, kanaafis karaa dhihaatin ni baati.” Kun hiikkaa dubbii Allaah “Aduun hamma eddoo boqonnaa isheedhaf ta’utti ni fiigdi, kunis murtii uumaa isa moo’aa fi beekaa ta’eeti” 36:38 (Sahih al-Bukhari, Volume 4, Book 54, Number421: www.usc.

[edu/dept/MSA/fundamentals/hadithsunnah/bukhari/054.sbt.html](http://www.usc.edu/dept/MSA/fundamentals/hadithsunnah/bukhari/054.sbt.html)).

4. Qur’aanni dabalataan wanti inni dubbatu kayyon jiraachuu urjiilee seexanoota irratti darbatamuuf akka ta’eedha

“Samii ishee dhihoo ibsaawwaniin (urjiiledhaan) ni bareechine seexanootafis adabbiidhaf ishee goone. Isaanifis (seexanootaf) adabbii ibiddaa ni qopheessine” 67:5

“Nutii samii ishee dhihoo urjiiledhaan ni bareechine. Seexana fincilaa ta’e irraas eguu ni eegne. Gara raayyaa isa olii hin dhaggeeffatan. Gosa hundarraawuu xomborri (ibsaan ibiddaa) irratti ni darbatma” 37:6-8 “Samii irratti burjoota goonee jirra. Warra ilaalufis (urjiiledhaan) bareechinee jirra. Seexana ari’ame irraallee eegnee jirra. Garuu (oduu) dhagahuu isa hatu oggasuma xomborri ifu isa duuka ni hordofa (isa ni guba)” 15:16-18

“Yaa raayyota namaa fi jinnii, naannoo samii fi lafaa keessaa ba’uu yoo dandeessan ba’aa, garuu angoodhan malee ba’u hin dandeessan (garuu angoo hin qabdan). Ayyaana gooftaa keessanii keessaa isa kam gantu? Lamaan keessan irrattuu arraba ibiddaa irraa aarris isinitti ni ergama (lamaan keessanuu) gargaarsa hin argattan.” 55:33-35

Abu Qataadaa Musliimni jedhamu waa’ee kanaa akka armaan gadiitti dubbatee jira:- “uumamuun urjiilee kanneenii kaayyoo sadi’iifi, jechuunis samii isa dhihoo bareechudhaaf, misaa’eloota seexana rukutan ta’uudhaf akkasumas mallattoolee imaltoota gaggeessan ta’uudhaf. Kanaafuu namni kamiyyuu hiika kanaan alaa fiduudhaf yoo yaale dogoggoree jira, akkasumas humna isaa akkasumaan dhangalaasa; ofii isaas hamma beekuu qabuu olitti of rakkisa.” (Dr. Muhammad Taq-i-ud-Din Al-Hillai, Ph.D. [Berlin] & Dr. Muhammad Muhsin Khan, Interpretation of the Meaning of the Noble Quran, pp. 214, 394-395;).

Muhaammad seexanni akka waan qaama qabatamaa qabuu godhee nama amanu ta’uun isaa baay’ee ifadha. Dabalataanis seexanni nama irratti fincaan isaa akka finca’u ni amana.

Abdullaadhan kan gabaafame akka armaan gadiiti:- raajicha fuulduratti waa’en nama tokkoo gadi ka’ee ture. Namni waa’ee isaa dubbatamaa ture hamma ganamaatti rafee ture; kadhannaa ganamaatif hin kaane ture. Raajichis ‘seexanni gurra isaa keessatti fincaa’ee jira’ jedhe. Sahih al-Bukhari, Volume 2, Book 21, Number 245- see also Volume 4, Book 54, Number 492:www.usc.edu/dept/MSA/fundamentals/hadithsunnah/bukhari/054.sbt.html).

Abdullaah (bin Maas’uud) kan gabaase immoo akka armaan gadiiti:- waa’ee nama halkan guutuu hamma bariitti rafee raajichatti himamee ture.

Innis (raajichi qlqulluun) ilaalchi inni kenne: ‘namni sun kan seexanni gurra isaa keessatti fincaan isaa fincaa’e’ kan jedhu. Sahih Muslim, Book 4, Number 1700: www.usc.edu/dept/MSA/fundamentals/hadithsunnah/muslim/004.smt.html.

5. Kamtu dura dhufe? Smii moo lafa?

Qu’aanni samiin uummamuu isaatin dura laftii fi wanti ishee keessajiru dursee akka uummame ni dubbata.

“Inni isa waan lafa irra jiru hunda isiniif uumedha; sana boodas gara samii ni yaade, samiiwwan torba isaanis ni godhe. Inni waan hunda irratti beekadha.” 2:29

“Isaanin jedhi:- isin waaqa isa lafa guyyoota lama keessatti uume ni gantuu? (Kana kan hojjete) inni gooftaa addunyootati. Ishee irrattis gaarota qooran ni godhe. Ishee keessattis eebba ni godhe. Ishee keessattis nyaata (guyyoota lamaan darban waliin walumatti) guyyoota afur keessatti warra gaafatuuf sirrii yoo ta’u ni murteesse. Sana boodas gara samii isheen aara taatee yemmuu jirtutti ni yaade. Isheedhanis lafaanis jaalattaniis ta’ee jibbitanii koottaa jedheen. Ajajamtoota taahee dhufne jedhaniin. Guyyoota lama keessatti samiiwwan torba isaan godhe. Samiiwwan hunda keessatti haala ni qopheesse. Samii ishee dhihoo ibsaadhan ni bareechine, (seexanoota) irraayis eeguu ni eegne. Kuni murtii (goofticha) isa moo’aa fi beekaa ta’eeti.” 41:9-12 Muhaammadii fi hordoftoota isaan duraatif jechi Arabiffaa “tumma” jedhu gocha itti fufaa jechuu akka ta’e ragaan barmaataa ni dubbata. Kunis samiiwwan kan uummaman lafa booda kan jedhuudha.

“Abu Huraayran kan gabaase ergamaan Allaah harka koo qabee kan itti fufee jiru kana dubbate: kabajamaa fi jabaa kan ta’e Allaah guyyaa sanbataa suphee uume, guyyaa diilbataa immoo gaarota uume, achirraanis gaafa wiixataa (dafinoo) biqiltoota uume, kiibxata (lammaffo) immoo wantoota hojii gaafatan uume, achirraanis roobii ifa uume, gaafa kamsaa immoo bineensonni akka tamsa’anii fi jimaata sa’aatii kudhan booda immoo uumama isa dhumaa, jechuunis jimaata sa’aatii booda fi galgala gidduutti Adam (nageenyi isa irra haa ta’uutii) uume” (Sahih Muslim, Book 039, Number 6707: www.usc.edu/dept/MSA/fundamentals/hadithsunnah/muslim/039.smt.html).

Gabaasni hadisaa kun kan dubbatu ifti gaafa roobii akka uummame taasisiiti. Kunis lafaa fi uumama ishee keessatti argam hunda booda ta’uu isaati. Ifti kan agarsiisus aduudha. Kana taanan yaad rimee saayinsii ammayyaa waliin wal faallessa; sababni isaas saayinsiin waa’ee hawaa yemmuu dubbatutti uumamuu biqiltootaa dura aduun jiraachuu ishee ni kaa’a.

Gabaasni barmaataa armaan gadii kun kan fudhatame The History of al-Tabari, Volume 1 - General Introduction and from the Creation to the Flood (translated by Franz Rosenthal, State University of New York Press (SUNY), Albany 1989), pp. 187-193 irraati. Innis akka armaan gadiit jedha:-

“Nuti kan ibsine yeroowwan halkanii fi guyyaa sana dura jiraniidha haa-ta’u malee yeroowwan sunneen marsaa aduu fi addeessaa irratti hundaa’anii ni jijjiirramu. Kanaafuu kun akkuma jirutti ta’ee ibsi barmaataa sirrii ta’e ni jira. Kunis Hanaadal Al bin Al-Saaridhaani; inni akka dubbatetti hadisoota hunda dubbisee (Abu Bakariin) Abu Bakar bin Ayaash – Abu Sa’aad Al-Bakal – Ikriimaa Ibn Abbaas: Yihuudonni gara raajichaa dhufanii waa’ee uuma-samii fi lafaa gaafii isa gaafatan. Waaqni lafa diilbataa fi wiixata uume. Kiibxata immoo gaarrenii fi faayidaawwan of keessaatti qabatan uume. Gaafa roobii immoo mukkeen, bishaan, magaalotaa fi lafa bal’eensa qotamuu danda’u uume. Kunneen guyyoota afuri. Innis Qur’aana caqasuudhan itti fufe ‘isin waaqa isa lafa guyyoota lama keessatti ume ni gantuu?’ (Kana kan hojjete) inni gooftaa addunyootati. Ishee irrattis gaarota qooran (gogan) ni godhe. Ishee keessattis eebba ni godhe. Ishee keessattis nyaata (guyyoota lama-an darban waliin walumatti) guyyoota afur keessatti warra gaafatuuf sirrii yoo ta’u ni murteesse.’ Isaanifis gaafa kamsaa samii ni uume. Gaafa jimataa immoo urjiilee, aduuu, addeessa fi ergamoota ni uume, kunis hamma sa’aa-tin sadi’i hafutti. Sa’aatiwwan sadeen jalqaba irratti haala jireenya namootaa ni uume, nuti akka jiraannu fi akka duunu. Sa’aatii lammaffaa irratti immoo wantoota namootaf bu’aa buusan hunda irratti rakkina (miidhama) buuse. Sa’aatii sadaffaa irratti immoo Addaam uumee jannata keessa akka jiraatu taasise. Sana boodas Ibliis (seexana) addaam fuul duratti akka sagadu aja-je. Sana boodas sa’aatii dhumaa irratti Addaam jannata keessaa ni baase. Yihuudonnis, ‘sana booda hoo maaltu ta’e yaa Muhaammad?’ yemmuu jed-hanii gaafatanitti ‘sana boodas inni teessoo isaa irra qajeelee taa’e’ jedheen. Yihuudonnis, ‘fixxee jirta taanan sirriidha’ jedhanii itti fufaniis ‘ergasiis ni boqote kan jedhu waliin’ jedhan. Kanaanis raajichi baay’ee aaree mul’anni armaan gadii mul’ateef ‘Nuti samii fi lafa, wantoota isaan keessa jiran hunda guyyoota ja’a keessatti uumne, dadhabbiin garuu nu hin tuqne’ jedhee; ‘ka-naafuu wanta dubbattan hundaaf obsa qabaadhaa’ jedhe”

Kanaafuu

“Jecha Al Mutaanaa – Al Hajaaj – Hamaad – Ata bin Al-Saa’ib Ak-riimatiin: Yihuudonni ergamticha ni gaafatan; ‘gaafa sanbataa hoo?’ jechuud-han. Ergamaan Allaahs: ‘gaafas Waaqayyo lafa uumee ni babal’ise’ jedhe. Waa’ee wiixataatis ni gaafatan, innis deebisee ‘isa irratti Addaamin ni uume’

jedhe. Waa'ee kiibxataa ni gaafatan 'gaarren, bishaani fi kan kana fakkaatan uume' jedhe. Waa'ee rooboo gaafatan. Innis deebisee 'nyaata' jedhe. Waa'ee kamsaa gaafatan. Innis deebisee 'samii uume' jedhe. Isaanis waa'ee jimaataa ni ggaafatan, innis deebisee 'Waaqayyo guyyaaf halkan uume' jedhe. Waa'ee sanbataas gaafatanii 'Waaqayyo gaafas ni boqote' jdhaniin. Innis sagalee isaa ol kaasee 'Waaqayyo haa galatoomu!' jedhe. Itti fufees 'Nuti samii fi lafa, wantoota isaan keessa jiran hunda guyyoota ja'a keessatti uumne, dadhabbiin garuu nu hin tuqne' mul'anni jedhu dhufeef"

Haata'u malee kutaan Qur'aanaa itti fufee jiru hima armaan olii kana faallessuudhan wantoonni lafa irra jiran kan akka bishaanii samiiwwan erga uummamanii booda akka uummaman ni mirkaneessa.

"Uumamaan isintu caala jabootaa? Yookis immoo samiidha? (Allaahn) ishee ni ijaare. Ol ka'iinsa ishee wal qixxeesse. Halkan ishee ni dukkaneesse, guyyaa ishee immoo ni ibse. Lafa immoo kana booda diriirse. Bishaani fi marga ishee keessaa baase. Gaarotas cimsee dhaabe. Isinii fi horii keessaniif faayidaa taasisuudhaf (kana godhe)" 79:27-33

Al Tabariin jecha "ba'ada" jedhuuf kan armaan gadii barreessee jira: namni tokko akkas jechuu ni danda'a: akkuma isin hubattan hiiktonni heddu sagalee waaqayyoo hubatanii jiru. "sana booda lafa ni diriirse" jechuun "si'a tokko" jechuunis "si'a tokko ni diriirse" kunis "ba'ada", "booda" wal qabsiistuu jedhuuf "ma-a" "erga tokko (si'a tokko)" jechuudha. Amma himni keessan sirrii ta'uu isaatif, jechuunis warra as jirruuf "booda" hiika jedhuuf "dura" jecha jedhuuf faallaa kan ta'een ala ta'uu isaa kan mirkaneessu ragaa maal qabdu? Deebin kanaatis akkaataa dubbii arabiffaa keessatti "booda" jechi jedhu akkuma kana dura dubbanne faallaa jecha "isa duraa" yookin "dursee" jedhuu malee "erga tokko" yookin "si'a tokko" hiika jedhu hin qabu. Egaa amma akkaataa fayyadama hiika jechootaa yoo ilaallu dubbatoota hunda caalaa hiika jechootaa beekan biratti beekkama malee warroota biroo birattii miti. (Ibid., p. 216;)

Amma lubbuudhan kan hin jirre Musliimichi (Qur'aana) hiike Abdul-laah Yusuf Aliin Qur'aana 79:30 irra kan jiru jecha "kana booda" (ba'ada) jedhu yemmuu hiiku "kanaan ol" jechuudhan yemmuu ta'u "kaanaan ol" yookin haala dheedhii ta'een "sana booda" jechuudha jedhee fudhatee jira. See n. 4475 to xli. 11. (Ali, footnote 5937)

DUBARTOOTA QURAANA HADIISAA FI MACAFA QULQULLUU KEESSATTI

1. Dubartoota Qur'aana Keessatti

Qur'aanni dubartoota ilaalchisuun ifaa fi ibsa kan hin barbaachifne barsiisaa of keessaa qaba. Guutummaan yaada isaatii dubartoonni dhiiraan gadi ta'uu isaanii fi dhiironni ammoo dubartootaan ol ta'uu isaanii dha. Kana malees akkaataa uumama dubartootaa sadarkaa namaan gaditti xiqqeessuun balaaf isaan saaxila. Muraasa isaanii itti fufanii kan jiran ilaalla.

Abbaan manootiin haadha manooti isaanii irratti ol aantummaa ni qabaatu: 2:228 "...Yeroo sana keessatti yoo tolchuu fedhan isaan deebifachuu keessatti irra caalaa mirga kan qaban dhirsota isaaniiti. Isaaniifis (mirga) fakkaataa akka (dirqama) isaan irra jiruutu haala gaariin isaaniif jira. Dhiironni isaan irra sadarkaa qabu. Rabbiinis hunda injifataa, ogeessa."

Bakka kanarratti "(dirqama isaan irra jiruutu)" dubbiin jedhu Qur'aana afaan Arabaa keessa kan hin jiraanne yommuu ta'u kanneen hiikaniin ibsa itti dabalameedha. Yaaduma kanatti dabaluun rakkinoota keeyyati kun fiduu danda'an hir'isuuf yaalaniiru. Kun keessuma rakkina kana baay'ee itti cimsa malee tasuma laaffisuu hin danda'u. "Dirqama" kan jedhame abbaa manootiin baasii haadha manootiii isaaniif baasan yoo ta'e baay'ee ajaa'ibsiisaa dha. Waaqayyo (Rabbiin) inni dhugaan sababa waa'ee hin baafne kana irratti hundaa'ee sadarkaa kan laatuuf miti. Hawaasa hedduu keessatti keessumaa dhiirota mannaa "dirqama" hedduu kan ba'an dubartoota ta'uu isaaniiin sadarkaa kanaan isaan ramadna yoo jedhame ol aantummaan kan isaaniif malu dubartootaaf malee dhiirotaaf miti.

Niitiwwan abbaa manootii isaaniif oyruu ta'uu isaaniiin akka barbaadanitti isaan qotuu danda'u: 2:223 "Niitiwwan keessan isiniif oyruu dha. Oyruu keessan kallatii feetaniin itti dhaqaa"

Gaa'illi kabajamaa, bakki ciisaan isaas qulqulluu ta'uu isaa wanna amansiisaa fi fudhatama qabuu dha. Kanaafuu kun ta'uu kan danda'u fedhii fi hawwiin dubara kanaa yoo eegame qofaadha. Abbaan mana akka lafa oyruu dhuunfaa isaatti ilaaluun haala barbaadeen itti deema yoo ta'e xiinsammuu dubartii kanaa irratti dhiibbaa guddaa geessisa. Dubartoota oyruu waliin fakkeessuu fi "haala barbaaddaniin itti dhaqaa" jechi jedhu sammuu namaaf fudhatama kan qabaatu miti.

Abbaa manootiin haadha manootii isaanii rukuchuudhaan adabuu danda'u: 4:34 "Isaan finciluu isaanii sodaattan ammoo isaan gorsaa; (itti aansun) ciisa keessatti isaaniiin oodaa; (dhuma irratti yoo sirraa'uu didan) isaan ruku-

taa. Yoo isaan isiniin ajajaman, isaan irratti karaa hin barbaadinaa. Dhugumatti Rabbiin ol ta'aa, guddaa dha.”

Ammas akkuma baakamu kanneen Qur'aana hiikan jechoota haammattuu keessa galchuun dogoggora kitaaba isaanii dhokfachuuf yaalaniiru. “dhuma irratti yoo sirra'uu didan (miidhaa qaamaa otuu hin geessisiin)” yaada jedhu itti dabaluu isaaniin “isaan rukutaa” kan jedhu abboommiin Qur'aanaa sammuu isaaniif akka hin mijanne argisiisa. Obsaa fi jaalalaan gorsuun otuu danda'amuu reebuun baaliif barbaachise? Mootummoonni addunyaa iyyuu haadha manootii rukutuun gocha sukkanneessaa ta'uu isaa hubachuun mirga lammiiwwan isaanii kan kabachiisan seerota baasaniiru. Mucaa durbaa rukuchuun gocha duubatti hafa naamusni itti hir'ateedha. Abboommiin akkanaa madduu kan danda'u mucaa durbaaf ilaalcha gadi anaa kan qabaatu sammuu irraa malee Waaqayyo isa qulqulluu ta'e biraa ta'uu hin danda'u. Namummaan kan itti dhaga'amu namni kamiyyuu aadaa duubatti hafa kana fakkaatu mormuu fi qabsaa'uun isarra jiraata.

Dubartiin yeroo sadaffaaf abbaa manaa isheerraa adda baate abbaa manaa ishee isa jalqabaa deebitee itti heerumu kan dandeessu dhiira biraatti heerumuun erga hiiktee booda dha: 2:230 “Yoo (hiikka sadaffaa) ishee hiike, sana booda hanga dhiirsa biraatti heerumtutti isaaf hin heyyamamtu. Yoo inni (dhirsi booda) ishee hiike, daangaa Rabbii eeguu isaanii beeknaan isaan lamaan yoo walitti deebi'an badiin isaan irra hin jiru. Kun daangawwan Rabbiiti; ummata beekaniif ishee ibsa. ”

Yeroo sadaffaaf walhiikuun gaarii yoo hin taane iyyuu garuu deebi'anii araaramuun ammoo gocha jajjabeeffamuu isaaf maluudha. Erga walhiikanii booda abbaa manaa ishee kan duraa waliin araaramuuf dubartiin carraa argatte araara kana otuu hin raawwatiin dura dhiira biraatti heerumtee hiikuun maaliif ishee barbaachisa? Abbaa manaa ishee kan duraa waiiin araaramuu otuu barbaadduu garuu otuu isheen fedha hin argisiisiin “abbaa manaa biraatti heerumuun yoo hiikteen kan hafe abbaa manaa kee kan duraa waliin araaramuu hin dandeessu” jechuun furmaata maalii ta'uu isaa ti?

Ragaa ta'uun dhiiraa tokkoo dhuga ba'umsa kan dubartoota lamaan walqixa dha: 2:282 “Ragaa lama dhiirota keessan irraa ragsiifadhaa. Yoo dhiirri lama hin argamin. Dhiira tokkoo fi dubartii lama. Dagachuu ishee tokkoo fi yaadachiisuu ishee birtootiif jecha, ragoolee namoota isin jaallattan irraa haala ta'aniin ragaa godhaa.”

Yaadni dubbisa kanaa kan ibsu waa'ee walii galtee liqii ti. Namni tokko nama biraaf qarshii liqeessuu isaa argee ragaa ba'uuf, ragaa ba'uun kan dubara tokko ragaa ba'uu kan dhiiraa tokko waliin fudhatama qabaachuu

dhiisuun isaa maaliifi? Keeyyati kun dandeetti waa yaadachuu dubartootaa dhiirotaan gadi ta'uu isaa ibsuuf kan xiyyeeffatu ta'uu isaa haadisaatiin hedduun ni argisiisu.

Gannata keessatti musliimota dhiiraaf fedha sal-qunnamtiif akka ta'aniif kan uumaman dubartoonni ni argamu: 78:30-33 “Dhandhama; azaabaa malees isiniif hin daballu” (isaaniin jedhama). Dhugumatti, warra Rabbiin sodaataniif milkiitu jira. Ashaakiltii fi inabatu (jira). Dubartotoa harma guntuttuu hiriya ta'antu (jiru).

44:51-54 “Warri Rabbiin sodaatan iddoo nagayaa keessa. Ashaakiltiifi burqituuwwan keessa. Walitti gara galoo ta'anii (uffata) hariira haphii fi hariira furdaa irraa ta'e uffatu. Akkuma kana dubra adaadii ija babal'aa isaan fuusifne.”

56:34-36 “Firaasholee ol fuudhamtuu (keessa jiraatu.) Dhugumatti, Nutyi (dubartoota jannataa) uuminsa isaan uumne. Dubroota isaan goone.” Musliimni dhiiraa tokko Gannata keessatti hanga humna kan dhiirota 100 akka qabaatu Tirmiiziin gabaasuu isaa Miishkat Al-masaabiin kan jedhamu kitaaba haadisaatii keessatti ibseera. [1]

Namni durbatti bu'e akka nama machaa'ee, dhukkubsatee fi bobbaa bobba'ee dhufee qulqullaa'ee xuraa'ummaa isaa irraa yoo hin qulqulloofne ta'e salaaa gochuu hin danda'u: 4:43 “Yaa warra amantan! Haala machaa-haa taataniin hanga waan dubbattanu beektanitti, karaa dabraaf malee yoo janaabaa taatanis hanga dhiqattanutti salaattatti hin dhihaatinaa. Yoo dhukkubstaa taatan, imala irra jiraattan, yookiin tokkoon keessan mana fincaaniitii (iddoo itti udaanuu) dhufe yookiin dubartootaan wal tuqxanii bishaan dhabdan biyyo qulqulluu yammumadhaa; fuula keessanii fi harka keessan haxaa'aa. Rabbii irra dabarsaa araaramaadha.”

Shamarran umuriin isaanii heeerumaa hin geenye fuudhuun ni danda'ma: 65:4 “Dubartotoa keessan irraa isaan xurii lagu (haydii) irraa abdii kutan yoo shakkitanii iddaan isaanii ji'a sadii qofa. Isaan haydii arguu hin jalqabinis (akkasuma). Warri ulfa ta'an immo baallamni isaanii ulfa isaanii da'uu dha. Nama Rabbiiin sodaatu (Rabbiin) dhimma isaa irraa laafina isaaf godha.”

Keeyyata kana ifaa gochuuf: Musliimni dhiiraa tokko dubartii laguun ishee dhaabate hiikuu yoo barbaade ji'a sadiif saal-qunnamtii otuu hin raawwatiin tura. Sababa heerumaaf hin geenyeef dubartii lagu ji'aa hin argine hiikuu yoo barbaade akkuma kana hanga ji'a sadiitti otuu saal-qunnamtii hin godhiin eega. Kunis hayyooti Qur'aanaa kan itti walii galan qajeelfama Islaamummaa ti. Sa'iid Abul Alamawudidii kan jedhaman namni hayyuu

musliima biyya Paakistaanii keeyyata kana ilaalchisuun akkana jedhu: “Xurii (laguu ji’aa) kanneen hin argiin qajeelfama ittiin hiikuun danda’amu kan kennu keeyyati Qur’aanaa kun dubartoota akkanaa fuudhuun akka danda’amu ifatti kan argisiisuudha. Kanaafis Qur’aanni kan hojiirra oolche gocha kana eenyu iyyuu mirga dhorkuu hin qabaatu.[2]” Mawdiid hawaasa musliimaa biratti baay’ee kabajamaa kan ta’an hayyuu Qur’aanaa turan.

Walumaa galatti Qur’aanni barumsa dubartoota ilaalchisuun qabaatu uumamaa fi namummaa dubartootaa baay’ee gadi kan xiqqeessuudha. Kitaaba kanaa keessatti Mariyam malee maqaan kan durbaa tokko iyyuu hin ibsamne.[3] Islaamummaa keessattis nabiiyooti durbaa hin beekaman. Umurii isaanii guutuu uffata gurraachaan xaxamanii akka jiraataniif isaanitti murteeffameera. Dhiironni hanga afuriitti akka fuudhanii fi kanarra darbuunis garboota akka fuudhan yommuu isaaniif heeyyamamu, warri durbaa garuu heeyyama dhiiraan malee homaa murteessuu akka isaan hin dandeenyeef seerota rakkisaa ta’aniin qabamanii jiru (Suuraa 4:3).

2. Dubartoota Hadisa Keessatti

Haadistoota garaa garaa keessatti barreeffamanii kan argaman abboommii fi seerawwan akkasumas rakkina dubartootaa caalaatti kan cimsaniidha. Fakkeenyaaf yoo jedhame muraasa isaanii haa ilaallu.

Dubartoonni abbaa manoota isaaniif akka garbaa ti:

“Garbi qabeenya gooftaa isaa kan eegu yommuu ta’u haati manaa ammoo manaa fi ijoollee isaaf eegduudha.[4]”

Abbaa manootiin haadha manootii isaanii rukutuu ni danda’u:

“Umar akkuma dubbate nabiyy akkana jedhaniiru: ˘Abbaan manaa hadhaa manaa isaa maaliif akka rukute gaafatamuun isaaf hin malu˘” Abu Daawud fi Iibin Maajaah gabaasaniiru.[5]

Gahaannaba kan galan hedduun isaanii dubartoota dha:

“Yaa dubartootaa kennaa kennuu qabdu. Gahaannaba kan galan hedduun isaanii dubartoota ta’uu isaanii ani argeera. ˘Yaa ergmaticha Allaah kun maaliifi?˘ jedhanii gaafatan. ˘Yeroo baay’ee ni dheekkamtu, abbaa manootii keessan hin galateeffattan. Beekumsaa fi amantaan hanqina kan qabaatu kan akka keessanii hin argine˘...Dubartoonnis akkana jechuun gaafatan: ˘Yaa ergamticha Allaah amantaa fi beekumsaan hir’uu kan taane akkamitti?˘ innis ˘raga ba’umsi kan dubartoota lamaa raga ba’umsa kan dhiiraa tokko waliin qixaa miti?˘ jechuudhaan isaan gaafate. Isaanis eyyee jedhan. ˘Kunis beekumsaan hir’uu ta’uu keessan argisiisa. Durbi yeroo laguu ji’aa isheetti salaata gochuus ta’e midhaan lagachuu danda’uu dhiisuu ishee dhugaa miti?˘ jedhee

isaan gaafate. Dubartoonnis eyyee jedhan. “Kun amantaan hir’uu ta’uu keessan argisiisa, jechuudhaan isaaniif deebise.” [6]

Durbii hoggantuu ta’uu hin dandeessu:

“Abubakar akkuma dubbatan Al Jamal guyyaa duula (gaalaa) tti Allaan (nabiyyiin yommuu dubbatu dubbii dhaga’een) naa ibse. Namooti Faars mucaa durbaa Hoosiraa akka ishee muudaan Nabiyyiin yommuu dhag’aan akkana jedhanii turan: “Sabni dubartiin hogganamu tasuma milkii qabeessa hin ta’u.” [7]

Muhammad durba heerumaaf hin geenye fuudhaniiru:

“Abbaan Hashiim akkuma dubbatan: Kadijaan Nabiyyiin otuu gara Madiinaa hin imaliin waggoota sadiin dura ture lubbuun ishee kan darbe. Erga imalanii waggaa sadan gidduutti Ayishaa fuudhan. Gaa’ila kana kan geggeessan isheen umuriin waggaa sagal turte.” [8]

Muhammad dhagna-qabaa durbaa heeyyamaniiru:

“Uum Atiyaa Al Ansaariyaan akkuma dubbatan: Madiinaa keessatti dubartiin tokko dhagna-qabaa raawwatti ture. Nabiyyiin (Nagaan isaan waliin haa ta’u malee) akkana ittiin jedhan, “baay’ee irraa muruun siif hin malu sababni isaa inni durbaaf kan filatameedha, abbaan manaas baay’ee wanta jaallatuudha.” [9] Akka haadisii kanatti Muhammad akkataa dhagna qabaa maal ta’uun akka isaaf malu yaada itti kennuun gocha kana heeyyamaniiru malee dhagna-qabaan sirrii ta’uu dhiisuu isaa hin dubbanne.

Salaati sababa durbaan addaan cita:

“Abu Zar akkuma dubbate: Ergamaan Allaah (nagaan isaaniif haa ta’u) akkana jedhaniiru: Isaan keessaa namni tokko yeroo salaataaf dhaabatu...fuula isaa dura hanga wanta Koorichaa ga’u tokko hin jiru yoo ta’e salaati isaa (fuula isaa dura kan darbaniin) sababa harree, durbaa fi saree gurraachaan addaan cita. Anis yaa Abu Zar saree gurraacha diimaa yokiin keelloo irraa adda kan isa baasu maaliidha? Jedheen gaafadhe. Innis yaa ilma obboleessa koo akkuma nagaafatte anis ergamaa Allaan (nagaan isaaniif haa ta’u) gaafadheen ture, “Sareen gurraachi Jiinniidha, jechuun ture kan naaf deebisan.” [10]

3. Dubartoota Macaafa Qulqulluu Keessatti

Mee barumsa islaamummaa kana sagalee Waaqayyoo isa dhugaa kan ta’e Kitaaba Qulqulluun walbira qabnee haa ilaallu:

Abbaan manootii haadha manootii isaanii jaallachuu fi kabajuun isaan irraa eegama.

“Abbaan manaa jaalalaan haadha manaa isaa bira haa ga’u, haati mannaas jaalalaan abbaa manaa ishee bira haa geessu. Haati manaa abbaa mana ishee malee, dhagna ishee akka jaallatte gochuu hin dandeessu; abbaan mannaas akkasuma haadha manaa isaa malee, dhagna isaa akka jaallate gochuu hin danda’u. yeroo itti kadhataaf of kennuudhaaf walii galtaan irraa kan hafe, wal bira ga’uu wal hin didinaa; isa booddee of qabuu dadhabuu keessan irraa kan ka’e immoo, Seexanni isin qoruudhaaf karaa akka hin argannetti, deebitanii wal bira in geessu.” (1Qor. 7:3-5).

“Kristos akkuma waldaa kristiyaanaa jaallate, waldaadhaafis dabarsee of kenne, akkasuma abbaan mannaas haadha mana isaa haa jaallatu! Waldaan kristiyaanaa Waaqayyo biratti fudhatamtuu akka taatutti, Krsitos karaa dubbii isaatii bishaaniin dhiquudhaan ishee in qulleessa. Waldaas xurii fi dirmammuun, wanti kan fakkaatus utuu irratti hin argamin fudhatamtuu mudaa hin qabne godhee, ulfinaan of dura ishee dhaabuuf jira. Akkasuma immoo abbaan mana akkuma dhagna ofii isaa jaallatutti, haadha mana isaa jaallachuun in ta’aaf; namni haadha manaa isaa jaallatu ofii isaa in jaallata. Namni foon isaa in soora, in dhimmaaf malee, takka foon isaa jibbee hin beeku; Kristosis waldaadhaaf akkasuma godhe. Nuyi bu’aa dhagna Krsitos. Caaffannni qulqullaa’aan, “Sababii kanaaf dhiirri abbaa isaa fi haadha isaa in diisa, haadha manaa isaattis in maxxana; isaan lachanuus foon tokko in ta’u” in jedha. Dubbiin kun dhoksaa gad fagoo of keessaa qaba; inni waa’ee Kristosii fi waa’ee waldaa kristiyaanaa in dubbata jechuu koo ti. Dubbiin kun isinis immoo in ilaala; tokkon tokkon abba manaa akkuma kanatti haadha manaa isaa akka ofii isaatiitti haa jaallatu; haati mannaas abbaa manaa isheetiif ulfina haa kennitu!” (Efesoon. 5:25-33).

“Atis abbaan manaa, haadha manaa kee jaalladhu, ittis hin hammaatin!” (Qolosaayis 3:19)

“Akkasuma isinis dhiirota nana, dubartoota keessaniif beekaatii wajjin jiraadhaa! Walii wajjin jireenya isa tola isiniif kennamutti galuuf waan jirataniif, kadhanni keessan gufuu argatee akka hin ittifamnetti, dubartii keessan akka gar tokko dhagna keessanii isa dadhabaatti ulfina kennaaf!” (1 Phexros 3:7).

“Deeggarsi kan isaan barbaachisu” (Weak vessels) kan jedhu, dubartoonni miiraa fi qaaman gama dhiiraan dadhabootaa fi kunuunsi kan isaaniif malu ta’uu isaanii malee amalaa fi sammuun dadhaboota ta’uu isaanii hin argisiisu. Dhiiroti dubartoota hin kabajan yoo ta’e kadhanni isaanii Waaqayyo (Rabbii) bira akka hin geenye dubbatamuun isaa dubartoonni uumaa Rabbii keessatti sadarkaa guddaan isaan qabaatan fi bakka isaan yaada Rab-

bii keessatti qabaatan kan argisiisuudha.

Dhiirrii fi durbi walqixa dha

“Karaa Kristos Yesus isin hundumti keessan tokko; Yihudii yookiis Griikii; garba yookiis birmaduu, dhiira yookiis dubartii gidduu garaa garummaan hin jiru” (Galaatiyaa 3:28).

Bifaa fi fakkaattii Waaqayyoon walqixa uummamaniiru:

“Akka bifa keenyaatti, akka fakkaattii keenyaattis nama in uumna! Isaan qurxummii galaana irratti, simbiraa fi allaatti qilleensa keessa balali’an irratti, horii qe’ee irratti, bineensa lafa hundumaa irratti, munyuuqaa lafa irra munyuuqu hundumaa irrattis mootummaa haa qabaatan! Jedhe. Egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama uume, akka bifa Waaqayyootti isa uume; dhiiraa fi dubartii isaan uume.” (Uumama 1:26-27).

“Caaffanni waa’ee wara Addaam irraa dhalatanii kanatti fufee jira; Waaqayyo gaafa nama uume, akka fakkattii ofii isaatiitti isa in tolche; yeroo isaan uumes “Nama” jedhee isaan in moggaase; inni dhiiraa fi dubartii isaan uumee isaan in eebbise” (Uumama 5:1-2).

Luqqisiin armaan oliin argine dubartoonni dhiirotaan kan gitan ta’uu isaanii kan nuu mirkaneessan yommuu ta’an, dursinee kan isaan ilaalle qajeelfamoota islaamummaan kan faallessaniidha. Kitaaba Qulqulluu keessatti dubartoonni raajii (nabiyyii) ta’an hedduminaan ibsamaniiru (Ba’uu 15:20, Abboota firdii 4:4, 1Seenaa. 34:22, Ergamoota 21:9). Ergamtoota waliin tajaajilaa kan turan dubartoonni tajaajiltoota ta’an turan (Room 16:1:7). Yeroo du’aa kaafamuu Yesus Kristos dhuga-baatonni dubartoota turan (Maatewos 28:1-9, Maarqoos 16:1-8, Luqaas 24:1-11, Yohaannis 20:1-10). Dubartoonni dhuga-ba’umsaaf kan hin dhiyeeffamne kutaa baroota jaarraa jalqabaatti, bu’uura kiristiyaanummaa kan ta’e du’aa ka’uu Yesuus Kristos dhugaa ba’uuf filatamuun isaanii wanta ajaa’ibsiisaa akkamii ti!

Obboleeyyan keenya musliimaa jaallatamoo kan taatan, gama dhugaawwan armaan oliin ibsamaniin karaan dhugaan inni Rabbii isa kam isinitti fakkaata? Rabbi ija laphee keessanii banuun karaa dhugaa fi bilisa ta’e karaa ilma isaa Yesuus Kristosiin hundeeffame karaa isa sirrii ta’e akka isin argisiisuuf kadhata keenya yeroo hundumaa ti.

[1] Mishkat Al-Masabih: vol. 3, p. 1200

[2] Sayid abul A’La maududi. The meaning of the Qur’an, Vol. 5 pp. 599 & 617

[3] □□□□□□ □□□□ □□□ □□□□ □□□□□ □□□□□□ □□□□□□□□
□□□□□ □□□ □□□□□□ □□□ □□□□ □□□□□□□□

- [4] Sunan Abu Dawud vol.2 no.2922, p.827
- [5] Mishkat Al-Masabih: vol. 2, p. 693
- [6] Sahih Al-Bukhari vol.1 no.301 p.181. See also Sahih Muslim vol.2 book 4 no.1982,1983 p.432
- [7] Sahih Al-Bukhari vol.9 no.219 p.170-171
- [8] Bukhari: vol. 5, bk. 58, no. 236, Khan
- [9] Sunan Abu-Dawud: bk. 41, no. 5251. “Reliance of the Traveller – A Classic Manual of Islamic Sacred Law” kan jedhamu Yunivarsiitii Alzahaa-riin qopheeffamee kan maxxanfame kitaaba seera Shari’aa fuula 59 irratti dhagna-qabaan durbaa islaamummaatti dirqama (Obligatory) ta’uu isaa ni dubbata.
- [10] Sahih Muslim, Book 004, Number 1032

GARAAGARUMMAA ISLAAMUMMAA KEESSATTI ARGAMU

Islaamummaa keessatti garaagarummaawwan hedduu argamu. Gareewwan tokko tokkos walii isaanii wal waraana akkasumas tokko kan biroo ni ari'ata. Gareewwan gurguddoon lameen Shi'aa fi Sunniidha.

Garaagarummaan Sunnii fi Shi'aa gidduutti argamu kan eegale erga Muhaammad du'ee waggoota 25 booda ture. Seenaan Islaamaa waggoota jalqabaa kan bara fincila guddaa ture. Bara 656 irratti erga Kaalifaan Usmaan ajjeefamee booda eddoo isaa eenyu yaa fudhatu gaafii jedhu irratti Musliimota gidduutti falmii guddaatu ture. Falmichis Musliimota gageessudhaan eddoo Muhaammad fudhachuu kan danda'u eenyu gaafii jedhu irratti kan naanna'u ture. Tokko tokko ilma eessuma isaa fi soddaa isaa (intala Muhaammad Faaximaa kan fuudhe) Aliin isatti fufee dura bu'aa akka ta'u Muhaammad filatee jira jedhu turan. Warri biroo immoo gosa Muhaammad Qurayishoota keessaa jaarsolii hawaasichaatin namni filakame kamuu ta'uu ni danda'a jedhu turan.

Islaamummaa Sunnii

Musliimonni Alii fi sanyii isaa hin hordofne sunni jedhamanii beekkamu. Seena hunda keessatti addunyaa Musliimaa baay'inaan kan qabate bulchiinsa Sunniiti. Yeroo ammaa kanatti Musliimonni 90% ta'an Sunniidha. Isaanis kan amanan gaggeessan kan dhufuu qabu gosa Muhaammad keessaa yoo ta'u, haata'u malee qajeelumaa dhalataa sanyii isaa ta'uun dirqama akka hin taanedha. Warri Sunni kan amanan Shari'aan gonkumaa jijjiiramuu akka hin dandeenyedha.

Islaamummaa Shi'aa

Musliimonni Alii duuka bu'an Musliimota shi'aa jedhamu. Isaanis kan amanan addunyaa Musliimotaa bulchuu kan qabu sanyii Alii fi Faaximaa kan dhira ta'eedha. Ijoollee Alii keessaa inni tokko, Huseen lola irratti ajjeefame. Musliimonni shi'aa hedduun waggaa waggaadhan gara eddoo awwaala isaa ni imalu. Du'a aarsaa isaa boo'a fi ofii isaanii qaceedhan reebudhaan ni yaadatu.

Musliimonni sunni tokko tokko kan Kaarjota jedhamuun beekkaman onneen isaa qulqulluu namni ta'e kamiyyuu gaggeessaa olaanaa ta'uu ni danda'a jedhanii amanu. Kaarjonni heddu Mankaraaressitoota. Gareen isaanii inni biroo Ibaadii jedhamuun kan beekkaman ammas Afrikaa bahaa, Afrikaa kaabaaa fi Omaan keessatti ni argamu.

Yeroo ammaa kana Shi'aawwan heddu kan argaman Iraan, Iraaq, Azarbaajani fi Baahreen keessattidha. Turk, Yemen, Libaanos, Paakistaan,

Afgaanistaan akkasumas Hindi keessatti Shi'aawwan muraasonni ni argamu. Musliimonni Shi'aa kan amanan Imaamonni isaani (gaggeessitoonni hafuraa isaan duraa) cubbuu akka hin qabnee fi wanti isaan dubbatan yookin wanti isaan hojjetan hundi gaafii keessa galuu akka hin qabneedha. Yeroo ammaa kana isaan Imaama hin qaban. Sababni isaas bara 832tti isa bade akka deebi'ee dhufu eegaa jiru. Shari'aan jijjiiramuu akka danda'u ykn akkuma naannotti sirraa'uu akka danda'u amanu. Shi'aan mataan isaa gareelee xixinnoo hedduutti kan qoodameedha.

Suufiizimii (Islaamummaa Hafuurawaa)

Warri Suufii Miistikoota Islaamummaa (warra hojii hafuura garagaraatti amanan) kan ta'aniidha. Isaanis kan dhufan hundeeffan gara garaa irraati. Warra Sunnii yookan warra Shi'aa ta'uu ni danda'u.

Warri Suufii kan fedhan Waaqayyo waliin walitti dhufeenya jaalalaa kan dhuunfaa taasisuudha. Yaaddon isaanii isa waliin miira walitti siiquu horachuudha. Kanas kan taasisuuf yaalan sooma, kadhannaa akkasumas maqaa isaa irra deddeebi'anii waamu fi callisa keessa turuudhani. Maqaa isaa irra deddeebi'anii waamudhaan yaadan lixuu keessa seenanii Waaqayyo akka baran ni abdatu. Suufiwwan tokko tokko gara yaadan lixuu keessa galuudhaf yemmuu yaalanitti shubbisa (daansii) yemmuu taasisan ariitidhaan ofirra nanaanna'u.

Suufiwwan yeroo baay'ee dursitoota hafuura yookin qulqulloota ("waalii" jedhamanii isaan waammaman) ni hordofu. Kunneenis warra lubbuudhan jiran yookin warra du'an ta'uu ni danda'u. Suufiizimii keessatti dubartoonni illee qulqulloota ta'uu ni danda'u. Musliimonni Suufii si'a tokko tokko gara awwaalawwan qulqulloota du'anii imalawwan dhedheeroo ni taasisu. Qulqulluudha inni jedhaniin kan du'e ta'ullee yeroo rakkina fayyaa fi kan maatii, isa irraa gargaarsa argachuuf ni yaalu. Isaafis gaafii isaani nidhiheessu. Qulqulloonni kan ilaalaman wanta hamaa irraa eegdotaa fi madda humna waaqummaa taasifamaniiti. Warri Suufii eddoo awwaala qulqullootaa ni daawwatu. Kunis jireenya guyyaa guyyaa keessa rakkoo jiruuf gargaarsa argachuuf, dhukkuba irraa fayyuu fi eegumsa hafuuratiifidha.

Suufiwwan misiyoonota cimoodha. Islaamummaa gara giddu galeessa Eeshiyaa fi gara Afrikaa fidhuudhaf ga'ee guddaan kan isaaniti. Warri dhihaa baay'enis gara Islaamummaatti kan jijjiiraman karaa warra suufitiinidha. Suufiizimiin nagaha kan qabu fakkaata. Haata'u malee Suufin tokko sochiwwan jihaadaa keessatti hirmaachuu ni danda'a. Seenegaal, Liibiyaa, Naayjeeriyaa fi Afrikaa kaabaa keessatti Suufiwwan argaman gita bittummaa dammaqinaan ittisanii jiru.

Islaamummaa Makamamaa (Fook Islaamummaa)

Islaamummaa makamaan makaa amantaawwan adaa naannoti (fakkenyaf amantaawwan gosaa Afrikaa). Islaamummaan aadaa harka qalleeyyii biratti baay'ee kan babal'ate yaata'u malee hawaasa hunda biratti fudhatama ni qaba.

Geggeessitoonni amantaa Suufii tokko tokko humna raagdummaa keessatti kan hirmaatan (Maraboot) Fook Islaamummaa Afrikaa kaaba fi dhihaa keessatti baay'ee ni beekamu. Fook Islaamummaan sodaa hafuurota hamaatin kan guutameedha. Innis raaga, tolcha, abaarsa, xibaartummaa fi dheekkamsawwan ni dabalata. Akka isaan eeguf namoonni uffata, mana yookan konkolaataa keessatti namoonni tolcha ni hidhu. Fook Musliimonni tokko tokko abboota yookan hafuurota ni waqeffatu. Akkasumas yeroo rakkoo jaalalaa, fayyaa yookan seexanaan qabamuu raagdota yookan waldhaantota raagduu ta'an ni daawwatu. Kunis abaarsa isaan irra kaa'ame cab-suuf yookan immoo namoota biroo irratti abaarsa tolchufidha.

Kiristiyaanonni Fook Islaamummaa waliin walitti dhufeenya godhan kadhannaadhan haguugamuu isaanii mirkaneeffachuu qabu akkasumas warra fook Islaamummaa keessatti kiyyeeffamaniif kadhachuu qabu; sababni isaas kuni human hafuura hamaa isa qabatamaa waan ta'eefi.

Islaamummaa Tarkaanfataa

Musliimonni tokko tokko Islaamummaan gartokkeedhan jijjiiramuu akka qabuu fi bara waliin adeemu akka qabu ni amanu. Kunis amantaan Islaamummaa mootummaa kam irraawuu bilisa ta'uu akka qabuudha. Mirga namoomaa fi wal qixxummaa dhala namaa, dhiira fi dubartii, Musliimotaa fi Musliima hin ta'initti ni amanu. Baay'en isaanis namni kamiyyuu amantaa mataa ofii filachuudhaf mirga akka qabu ni dubbatu.

Hata'u malee ilaalchiwwan kunneen Musliimota gidduutti beekkamoo (jaalatamoo) miti. Biyyoota Musliimaa keessatti Musliimonni tarkaanfatoon yeroo baay'ee ni hidhamu yookan immoo badiidhan yookan du'aan ni door-sifamu (ni sodaachifamu). Kanaafuu baay'en isaanii gara biyyoota dhihaatti baqatanii jiru.

Islaamummaa Aadaa

Musliimonni harki caalan Musliimota aadati. Isaanis barmaatilee Islaamaa irratti babay'ee kan maxxananiidha. Shari'aan kan ijaarame bara giddu galeessaa (Medieval) keessa ta'ullee akkasumas mirgoota namummaa heddu waliin kan wal dhiitu ta'us isaan kan amanan jijjiiramuu akka hin qabneedha. Amantaa yookan barmaata isaanitiin ala qaamni jiru hundi badaa akka ta'e amanu. Keessumattuu dhiha irraa wanti dhufu hundinuu badaad-

ha.

Islaamummaa Mankaraaresummaa

Waggoota 50n darban keessatti Islaamummaa gara jabeenya bara ul-fina isaatti deebisuuf sochii guddaan ka'ee jira. Musliimonni mankaraarsi-tooni bara biyyoonni Musliima hintaane baay'en waraanan injifatamanii bulchiinsa Islaamaa jala turan of irra garagalanii ilaalu. Islaamummaanis of qulqulleessee gara hundee isaa isa duriitti deebi'uu fi humna isaa gonfachuu akka qabu ni amanu. Biyya addunyaa kamifiyyu kaayyon isaan qaban Musliima aka ta'uu fi seera shari'aa jala akka ooludha.

Baay'ee Mankaraaressitoota warri ta'an Islaamummaa jihaadan babal'isuuf ni carraaqu. Shororkeessummaa, fincila fi mootummaa fonqolchuu ni fayyadamu. Biyyoonni Musliimotaa Islaamota dhugaa yoo hin ta'in fincila akka kakaasan ni doorsisu.

Kanneen biroo immoo Islaamummaa misiyoonummaadhan (da'aw-waadhan) ni babal'isu. Islaamummaa labsuudhan namoota jijjiiruf ni yaa-lu, akkasumas fudhatamummaa Islaamummaa eddoo hundatti jabeessuf ni carraaqu. Tokko tokkos nyaata, maallaqa yookan gargaarsa ni raabsu. Kanas kan godhan namoonni gara Islaamummaatti yoo jijjiiraman qofadha. Da'awwaan jihaada waliin baay'ee kan wal qabateedha. Lameen isaan-ituu kaayyoo tokko qabu. Kaayyon isaanitis bulchiinsa Islaamummaa babal'isuudha. Karaan hunduu kaayyoo kana galmaan ga'uuf hojii irra ooluu qaba. Kanaafis ergamni (da'awwaan) inni nagahaa yoo galma gahuu baate fincilli jihaadaa hojii irra ooluu qaba.

Efeson 4:1-16 dubbifadhaa

Islaamummaa ilaalun keessa isaatti gargar ba'iinsonni hammamii akka jiran yaada kennuun nurra jira. Haata'u malee yeroo ammaa kana waldaa Kiristiyaanas yoo ilaalle gargar ba'iinsonni akkasuma ni jiru. Phawulos tokkummaa Efesonif kadhata dhiheessee jira. Akka Kiristiyaanotaatti waliin akka hojjenuuf Waaqayyo kaayyoo nuuf qaba. Nuti hundi keenyayyuu qaama tokko keessa jirra. Nutis kutaalee qaama tokkoo waan taanef gahee hojii gara garaa ni qabna. Maatewos 12:25 irratti gooftan Keenya Yesus kan dubbate manni gargar bahu dhaabbachu akka hin dandeenyedha. Efeson irratti Phawulos wanti nu akeekkachiise nuti akka qaama tokkoo yoo kan hin taane ta'e qilleensa barumsaatin gamanaa gamas kan sochuunufi adeemsa gowwoomsa namaatin kan fudhatamnutaana. Akka Kiristiyaanotaatti nuti wal faana hojjechuu qabna. Kunis Efesoon 4:2-3 irratti "Gad of deebisuu fi garraamummaa hundumaan, obsaanis walii wajjiin jiraadhaa, jaalalaanis waliif danda'aa! Hidhaa nagaatiin tokkummaa hafuura Qulqulluu of har-

katti eeggachuudhaaf dhama'aa!" akkuma jedhamedha.

Gaafilee Hubannaa fi Mariidhaf Gargaaran

·Barnoota kana dura Islaamummaan gar gar ba'iinsa akkanaa ni qaba jettanii yaaddanii beektu?

·Islaamummaa keessatti kutaalen gurguddoo lameen maali fi maali?

·Kutaalen kunneen gargar kan ba'an yoom ture?

·Musliimonni Shi'aa kan hordofan dura bu'aa dhiira ta'ee fi sanyii eenyuti?

·Warri Suufii gara Waaqayyoo dhihaachuf kan yaalan akkamittidha? Warri Suufii gargaarsa argachuu kan barbaadan eenyu irraati?

·Warri Suufii namoota nagahaati?

·Fook Islaamummaa jechuun maal jechuudha?

·Fook Musliimota waliin wal argitanii beektuu? Kiristiyaanonni Fook Musliimota waliin walitti dhufan wanti barbaachisaan isaan yaadachuu qaban maali?

·Musliimonni tarkaanfatoon wanti isaan gochuuf yaalan maali?

·Musliimonni aadaa wanti isaan amanan maali?

·Musliimonni Mankaraaressitoota ta'an addunyaa irratti akka ta'u kan barbaadan maali?

·Garaagarummaan Sunnii fi Shi'aa gidduu jiru maali?

·Suufiizimiin maali?

·Wanta Qulqulluu hin taane waliin akka hin hirmaanne Waaqayyo kan nu dhoorkeef maalif isinitti fakkaata?

·Da'awwaan maali?

·Tooftan Musliimonni da'awwaadhaf fayyadaman maali?

·Yeroo ammaa kana isaan kana kan godhaniif maalifi?

·Efesoon 2:1-16 dubbifadhaa. Akka qaama Kiristositti tokko ta'uu akka qabnu phawuloos kan nutti hime maali jettanii yaaddu?

·Kiristiyaanonni balaa barsiisa sobaa akkamiitu isaan irra jira jettanii yaaddu?

·Akka qaama Kiristositti tokko kan taanu akkam gooneti?

ISLAAMUMMAA FI FANNIFAMUU MASIHICHAA

Islaamummaa fi Kiristiyaanummaan fannifamuu Masihichaa irratti yaadni isaan qabaatan gonkumaa faallaa kan ta'eedha. Fannifamuu fi duuti Yesuus yaada giddu gala Kitaaba Qulqulluu yoo ta'e iyyuu, garuu dhugaan kun garee Musliimotaa biratti mormii jabaa tu irratti godhamaa tureera. Taateen waggoota 2000n dura uumame kun garuu Raajota (Nabiiyyota) dura turaniin kan dubbatamee fi gabaasa raga-baatotaan kan guutame taatee seenaa ta'uu isaaf ragaawwan ga'aa ta'aniin ol dhiyeessuun in danda'ama. Fakkeenyaaf raajii Isaayaas boqonnaa 53n dubbatamee fi guyyaan fannifamuu inni sirriin ifaatti kan raajame raajii Daani'el boqonnaa 9:25-26 dubbatame ibsuu dandeenya. Luqqisiiwwan kun Kakuu Moofaa keessatti kan argaman ta'uu isaaniin Kakuun Moofaan ammoo harka Yihuudotaa irratti kan argaman ta'uu isaanii yaadawwaan Kiristiyaanoti itti dabalan ta'uu gonkumaa hin danda'an.

Yihuudonni “Yesuus namni Naazireet fannoo irratti fannifamee du'uun isaa Masihicha ta'uu isaa hin mirkaneessu” ejjennoo jedhu ni qabaatu. Garuu raajiiwwan Kakuu Moofaa armaan oliin ibsamaniif fi barumsi Kakuu Moofaa guutummaan isaa, ilmaan namaa badiisa bara baraa irraa akka oolaniif Masihichi lubbuu isaa dabarsee akka kenne haala dhugaa ta'een kan argisiisan ta'uu isaaniin, Kiristiyaanoti Yihuudotaan faallessuun Yesuus fannoo irratti du'uu isaaf raajiin dubbataman raawwatamuu isaanii kan mirkaneessu ta'uu isaa itti amanu. Bara Yesuus Kiristos jiraachaa ture kan turanii fi dhimma kanaaf itti dhiyeenya qabaachaa kan turan barreessitoota seenaa yoo ta'aniyyuu fannifamuu Masihichaa dubbii dhugaa ta'een gabaasanii darbaniiru. Fakkeenyaaf yoo jedhame itti fufanii kan jiraaniin ibsina:

Barreessaa fi abbaa taayitaa biyya Roomaa kan ture Qorneelewoos Taasitas dhaloota Kiristosiin booda bara 56-117, Kiristosii fi Kiristiyaanota ilaalchisee itti fufee kan jiruun barreesseera.

Maqaa Kiristos jedhamu kana kan argamsiise bara Xiibaariwos Qeesaar mootii ture gama bulchiinsaan gargaaraa kan ture abboommii Phaaxos Philaaxosiin ajjeefameera.[1]

Seenaan Taasitas barreesse yaadni isaa rakkina sammuu qabaachaa kan ture mootiin Neeroo magaalli Roomaa akka gubbattu ajaja kan dabarse ofii isaatiin ta'ee otuma jiruu yakka isaa Kiristiyaanotaan sababeeffachuu isaa kan dubbatuudha. Haala barreeffama isaatiin yommuu ilaallu, Kiristiyaanoti waaqolii Aramayaanotaa waaqeffachuu dhiisuu isaaniin Taasistas jibbuu isaatiin maqaawwan yaraa ta'an yoo isaaniif laate iyyuu garuu Kiris-

tosiin ilaalchisee yaada seenaawwan Kitaaba Qulqulluu mirkanneessan ibseera. Kanaafuu Kitaabni Qulqulluun akkuma dubbatu bara Xiibaariyoos Qeesaar mootii Yihudaa kan ture ajaja Phaaxos Philaaxosiin Kiristos ajjeefamuu isaa fi Kiristiyaanoti maqaa isaanii isarraa argachuu isaanii seenaa dhugaa dha. Taasitas nama Kiristiyaanota jibbu otuu ta'ee jiruu Kiristos fannifamuu isaa kan dubbatu amantaan Kiristiyaanotaa, namooti tokko tokko akkuma jedhan otuu seenaa kalaqame ta'ee isaan saaxiluu mannaa wanta isaan deeggaruu danda'u akka hin barreessine ifaadha. Raga-ba'umsi Taasitas, fannifamuun Kiristos saba yeroo sana turan biratti taatee seenaa ta'uu isaaf ragaa ga'aa ta'eedha.

Joosifes Filaaviyas (Yoseef walda Kooriyoon) jedhamuun kan beekamu barreessaan Yihudii fi Roomaa dhaloota Kiristosiin booda bara 93-94 barreeffamoota kitaabota lamaan keessatti barreesseen Kiristosiin ibseera. Barreeffama kan jalqabaa keessatti waa'ee Kiristos akkana jechuudhaan dubbatu:

“Yeroo kanatti nama jedhanii isaatiin waamuun kan isaaf malu yoo ta'e Yesuus kan jedhamu namni ogeessi jira ture. Hojiiwwan ajaa'ibsiisaa kan godhu, akka namoota kaanii dhugaan gammachuun kan fudhatuu fi barsiisaas ture. Yihuudotaa fi saba amantaa biroo ta'an gara isaatti fide. Innis Kiristos ture. Kanaafuu Philaaxoos namoota nu keessaa gurguddoo ta'an yaada isaan laataniin akka fannifamu itti murteesse. Guyyaa sadaffaatti du'aa ka'ee isaanitti mul'achuu isaatiin warri jalqaba isa jaallachaa turan hin daganneen ture. Kunis Raajoti (Nabiiyyonni) ergamtoota Waaqayyoo (Rabbii) ta'an isaan kanaa fi raajota dubbataman kanneen biroo kuma kudhanitti lakkaa'aman waa'ee isaa dubbachaa akka jiraniidha. Gosti Kiristiyaanaa isa irraa moggaasa kana argatan hanga ammaatti lafarraa hin balleeffamne.”[2]

Barreeffamni Baabiloonota Talmuudii jedhamu seenaa, barumsaa fi seenaawwan Yihudotaa of keessatti kan qabateedha. Barumsa Yihudotaa deeggaruun waaqummaa Yesusiin kan haalu yoo ta'e iyyuu garuu fannifamuu isaa ilaalchisee ragaan faayidaa qabessii nuuf kennu jira:

“Ayyaana jala bultii faasikaatti Yashuwaa (Yesuus) in fannifame. Du'uu isaatiin guyyaa afurtamaan dura namni waa labsu tokko as ba'uun 'toshaa shaakaluun gara gantummaatti Israa'eliin fiduu isaatiin dhagaan rukutama. Isaatiin deeggaruun wanna tokko dubbachuu kan danda'u kallattiin as ba'uun waa'ee isaa haa falmu ' jechuudhaan dubbatee ture. Isaatiin kan deeggaru kamiyyuu dhiyaachuu dhiisuu isaatiin ayyaana jala bultii faasikaatti fannifame.”[3]

Gabaasa Talmuudii armaan oliin dubbifanneen yaadni Yihuudota

kan jalqabaa akka seera isaaniitti Yesusiin dhagaan rukutanii ajjeesuu yoo ta'e iyyuu garuu, akka isaan yaadanitti otuu hin taane Yesuus akka aadaa Roomaanotaatti fannoorratti fannifamuun du'eera. Kunis waggoota dhibbaan lakkaa'amaniin dura Caaffata Qulqullaa'aa keessatti akkuma dubbata-meedha. Gabaasni kun Yesuus uumamaan kan ta'an waantota ajaa'ibsiisaa hojjechuu isaa fi ayyaana jala bultii faasikaa Yihuudotaa irratti fannifamuu isaa kan dubbatu jecha Kitaaba Qulqulluu dhugaa ta'uu isaa kan mirkaneesu ragaa ajaa'ibsiisaadha.

Falaasfaa Isxoo'ikootaa kan ture Maaraa Bar-Seeraapiyoon (Maaraa Walda Seeraapiyoon) mana hidhaa keessa ta'uun xalayaa itti fufee jiru ilma isaaf barreessee ture.

“Sooqiraaxisiin ajjeesuun namooti Ateens faayidaa maalii argatan? Yakka hojjetaniif hongee fi weerarri dhukkubaa akka addabbiin isaanitti dhufe. Namooti Saamoos Paayitaagorasiin gubuu isaaniin faayidaa maalii argatan? Lafti isaanii battalumaan cirracha galaanaan haguugame. Yihuudonni mootii ogeessa isaanii ajjeesuu isaaniin faayidaa maalii argatan? Mootummaan isaanii kana booda in diigame. Waaqayyo namoota sadan kanaaf murtoo dhugaa ta'een isaan simate. Ateenoti beelaan dhumaniiru. Saamosooti galaanaan liqimfamaniiru. Yihuudonni rukutamuun lafa isaaniirraa ari'atamuun guutummaatti bittimmaa'anii jiraataniiru. Paayitaagoras du'uun isaa gaarummaaf hin taane. Siidaa Heeraa jedhamu keessa jiraateera. Mootiin ogeessichi du'uun isaa gaarummaaf hin taane. Barumsa ofii isaatiin barsiiseen jiraateera.”[4]

Hammam iyyuu taanaan maqaa Kiristos yoo hin kaafne iyyuu yeroo fuula Philaaxoos dura dhaabate himanni irratti banaman keessaa mootii Yihuudii gochuun of moggaase, kan jedhu tokko ta'uu isaa falaasfaan kun mootii ogeessicha jedhee kan waame isaatiin akka ta'e nama hin shakkisiisu. Jeneraalli Roomaa Taayitas (Tiitoo) Yerusaalemiin kan balleessee fi Yihuudonni kan bittimmaa'an dhaloota Kirsitosiin booda bara 70 (Kiristos fannifamee waggoota 30n booda) ture. Maaraa Walda Seraapiyoon kan jiraate kutaa baroota jalqabaa ta'uu isaatiin barreeffamni isaa kun kan Kitaabni Qulqulluu dubbattu waa'ee jireenyi Kiristos dhugaa ta'uu isaaf ragaa guddaadha. Kutaa baroota jaarraa lammaffaatti seenaa barreessaa lammiin Giriik kan ture Luushiyaan “Yesuus amantaa haaraa gara biyya lafaa fiduu isaatiin biyya Paalestaayinitti nama fannifameedha” jedheera.[5] Fileegoon kan jedhamu barreessaan biyya Roomaa “Yesuus yeroo jireenyaan ture of oolchuu hin dandeenye garuu erga du'ee booda du'aa ka'uun mallattoo rakkinnaa argisiiseera, barruun harka isaatii Mismaaraan madaa'uu isaanii argisiiseera”

jechuudhaan waa'ee du'aa ka'uu isaa barreesseera. Bara Yesuus waa'ee dukkana lafarraa turee fi sochii lafaa iyyuu barreesseera.[6]

Dabalatas Kakuu Haaraan alatti duuti Yesuus galmeeffamee kan argannu barreeffamoota abboota amantaa Kiristiyaana durii keessattiidha. Duuka buutu ergamticha Yohannis kan ture Pooliikaarp du'uu Kiristos nama irra deddeebi'uun barreesseedha. Fakkeenyaaf yoo jedhame, barreeffamoota isaa jiran keessaa tokko “waa'ee yakka keenyaaf hanga du'aatti rakkina kan fudhate Gooftaa keenya Yesuus Kiristosi” jechuudhaan barreesseera. Hiriya Pooliikaarpiin kan ture Iignaaxiyoos gama isaatiin “dhugaatti rakkina erga fudhateen booda du'aa ka'eera...namooti Gooftaa keenya fannisan sodaan Waaqayyoo keessa isaanii kan hin jiraanne turan” jechuudhaan barreesseera. [7] Barreessaa amantaa Kiristiyaanaa kutaa jaarraa jalqabaa kan ture Yosxos wareegamtichi nama lammii Yihudii Tirfoo jedhamuuf deebii kenneen, Yihuudonni bara isaa turan “nama Galiilaa isa fannifame” jechuudhaan Yesusiin waamaa akka turan barreesseera. [8]

Ragaawwan seenaa kun hundi haala jiraaniin Kitaabni Qulqulluun iyyuu Yesuus fannifamuu dhiisuu isaa yoo dubbate dogoggora hin ta'u? Fannifamuun Yesuus Kakuu Moofaatti kan dubbatame, Yesuus ofii isaatiin dursee kan dubbate, Kakuu Haaraatti raga baatota ergamtootaan kan gabaafame, barreeffamoota abboota Kiristiyaanaan kan gabaafamee fi barreessitoota seenaa Yihudii fi Aramaawiyaanotaan kan mirkaneeffame seenaa dhugaa ti. Gameessota qorattoota seenaa hanga ammaa jiran keessaa fannifamuu Yesuus kan haalu beekaan hin argamne. Kana mannaa shakkiin beektotaa hundi fannifamuu isaan otuu hin taane du'aa ka'uu isaa akka ta'e hubanna. Isa kanaaf ammoo sababni isaa haala ulaagaa seenaatiin gabaasni Kakuu Haaraa fudhatama dhabuu isaa otuu hin taane namoonni kun dhiibbaa uumamaatti amanuuf kan rakkatan ta'uu isaaniin qofa dha. Addunyaa irra kan jiru amanta kamiyyuu mannaa hundeen Kiristiyaanummaan ittiin ijaarammeef seenaa ragaa qabaatu dhiyeeffachuuf ga'umsa qaba. Kanaafuu amantiin Kiristiyaanotaa kanneen tokko tokko akkuma jedhan amantaa ragaa hin qabaanne otuu hin taane odeeffannoo dhugaa irratti kan hudeeffameedha. Obboleeyyan keenya Musliimaa ragaawwan seena-qabeessa hedduun kan guutamee fannifamuu Masiihichaa fudhatama dhabsiisuun “hin fannifamne” jechuudhaan falmu. Isa kanaafis ragaa guddaan dhiyeessanis Qur'aana keessaa Suuraa An-Nisa'ii 4:157-158 irraa keeyyata argamuudha. Keeyyati kun waa'ee Kiristos fannifamuu dhiisuu isaa kallattiin akka dubbatu kan amanamu keeyyata Qur'aanaa tokkicha yommuu ta'u akkanaa dubbifama:

““Nuti Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra”

jedhaniif (isaan abaarre). Isaaniitti fakkeefame malee isa hin ajjeefne; hin fannisnes. Dhugumatti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakki keessa jiru. Yaada hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatuu hin qaban. Qabatamaatti isaan isa hn ajjeefne.”

Musliimonni guutummaatti amanuun kan fudhatan gabaasni kun kan argame taatee seenaa isaatiin yeroonis ta’e bakkaan baay’ee irraa fagoo kan ture nama tokko irraa ti. Taateen kun raawwatamee waggoota dhibba ja’aan booda kan jiraate haala taa’umsa bakkaa kanaa iyyuu sirriitti nama beekne yaada isaa ragaa tokko malee akkamiin amanuu dandeenya? Gaaffii keenya isa jedhuuf Musliimoti obboleeyyan keenya deebiin isaan laatan “Eyyee! Wanti kun Allaani dubbii Nabiyyiif mul’iseedha! Kana fudhachuuf ragaan hin barbaachisu!” kan jedhu ta’ee arganneerra. Duuchaatti amanuu jechuun kanadha! [9] Musliimoti obboleeyyan keenya yaada Qur’aana kanaaf deeggaraa kan ta’u kutaa jaarraa jalqabaa hanga bara Muhammadiitti yeroo jiran keessatti kan barreeffame galmee seenaa tokko akka nuuf ibsuu danda’an isaan gaafanna. Nuyi Kiristiyaanoti garuu Musliimonni kana gochuu akka hin dandeenye shakkii malee dubbachuu dandeenya. Sababni isaa fannifamuu Masiihicha malee fannifamuu dhiisuu isaa kan deeggaru gabaasni seenaa qoratame kamiyyuu hin jiru! Keeyyati Qur’aanaa armaan oliin ibsame ofii isaatiin iyyuu yaada dogoggoraa of keessaa akka qabaatu, guutuu akka hin taanee fi kanneen hiikaniin kan saaxilame ta’uu isaa obboleeyyan Musliimaa beekuun isaaniif mala. Dhugaa kana itti fufee kan jiruun ibsina.

Akka keeyyata kanaatti “Nuti Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra” kan jedhan Yihuudotadha. Garuu mee dhaabannee dubbii kana hubannaan haa ilaallu. Haala dubbii kanaan, Yihuudonni Yesuusiin Ergamaa Allaah fi Masiihii (Kiristos) jedhanii waamaniiru. Garuu Yihuudonni seenaa kamiyyuu keessatti Yesuusiin akka Ergamaa Waaqayyoo (Rabbii) fi Masiihiitti fudhatanii hin beekan. Nama Yihudii tokkoof Yesuus nama Naazireet “Ergamaa Waaqayyoo fi Masiihii” jedhee waamuun gantummaa guddaadha. Yihuudonni du’aaf Yesuusiin dabarsanii kennuun isaanii Ergamaa Waaqayyoo fi isaan fayyisuuf kan dhufe Masiihii ta’uu isaa waan hin fudhanneef miti? Kanaafuu “Nuti Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee” jedhanii akkamiin dubbachuu danda’an? Dubbiin kun afaan Yihuudota keessaa kan hin baane akkasumaan kan dubbatame yaada dogoggoraa ta’uun isaa ifaadha. Yihuudonni amantaa isaanif kan of eeggan ta’uu isaaniin yaada akkanaa hin dubbatan. Waaqayyoo wanta hundumaa inni beeku Yihuudonni “Ergamaa fi Masiihii” jedhanii Yesuusiin akka hin waamne waan beekuuf mul’ata akkanaa hin dubbatu.

Musliimota hedduu biratti keeyyati kun Iisaan akka hin fannifamne dubbachuu isaatti yoo fudhatame iyyuu garuu dubbii kallattiidhaan “Iisaan hin fannifamne” akka hin jenne hubatamuu mala. Kanaafi, Ahimedistootaan kan fakkaatan gareewwan Musliimaa fi garee Sunnii keessaa gurguddoo kan ta’an amantaa Islaamummaaf kan falman otuu hin hafiin (fakkeenyaaf yoo jedhame Ahimad Diidaat fi Doktor Shaabiir Aalii) Iisaan fannoo irratti fannifamuu isaa garuu kan hin duune ta’uu isaa kan barsiisan. Musliimoonni hedduun namoota kanneen hiikaniin jechoonni haammattuu keessa galfaman Qur’aana afaan Arabaa keessatti argamuu dhiisuu isaanii waan hin beekneef keeyyati kun Iisaan fannifamuu dhiisuu isaa ifaatti akka dubbatutti yaadu. Garuu jechooti itti dabalaman kun yommuu irraa hir’ifaman dhugaan keeyyatchaa ni beekama.

““Nutii Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra” jedhaniif (isaan abaarre). Isaaniitti fakkeefame malee isa hin ajjeefne; hin fannisnes. Dhugumatti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakki keessa jiru. Yaada hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatuu hin qaban. Qabatamaatti isaan isa hn ajjeefne.”

Keeyyatichi afaan Arabaan yommuu dubbifamu Iisaan kan hin fannifamne ta’uu isaa fi bakka isaa namni biroo fannifamuu isaa gonkumaa hin dubbatu. Garuu keeyyatichi kan dubbatu Yihuudonni Iisaa kan hin fannifnee fi hin ajjeefne ta’uu isaanii ti. “hin ajjeefne, hin fannisnes” jechooti jedhan “hin ajjeefamne, hin fannifamne” jedhamanii akka hiikamaniif kan dirqisiisu fakkeenyaanis ta’e dhugaan sababni kenname hin jiru. Keeyyatichi kan dubbatu Yihuudonni Iisaa kan hin ajjeefnee fi hin fannifne ta’uu isaanii malee Iisaan namoota kanneen biroon fannifamuu fi ajjeefamuu dhiisuu isaa miti. Yesuus akka fannifamuuf Yihuudonni warra Roomaaf dabarsanii kennuu isaaniin akka isa fannisanii fi ajjeesanitti yoo dubbatame iyyuu, garuu haalaan fannifamuu isaa kan raawwatan Roomaanotadha. Bara Yesuus Yihuudonni bittaa jalaa waan turaniif eenyumaan iyyuu ajjeesuuf mirgaa fi aboo isaa hin qabaatan ture. Fannoo irratti fannisanii ajjeesuunis aadaa isaanii miti. Bara sana namoota irratti murtoo du’aa raawwachiisuuf mirgaa fi aboo isaa kan qabaatan koloneeffatoota kan ta’an Roomaanotaa ture. Fannoon adabuun aadaa isaanii ture. Kanaafuu Yihuudiin bara sanaa Yesuusiin dabarsanii kennuu isaaniin fannifamuu fi du’uu isaaf kan itti gaaafataman yoo ta’an iyyuu, gocha isaa kallattiin hojiitti kan hiikan kanneen isaaniin koloneeffatan Roomaanota malee isaan ta’uu dhiisuu isaanii gama kanaan yoo yaadame Yihuudonni hin ajjeefne, hin fannifnes. Garuu galmeewwan seenaa akkuma dubbatan Roomaanoti isaatiin fannisaniiru. Du’aa ka’uunis gara waaqaatti

ol ba'eera.

Keeyyati kun karaa biroon hiikamuu danda'a. Yihuudonni dhugaatti Yesuusiin fannisaniiru, ajjeesaniiru yoo jenne iyyuu, Qur'aanni "hin ajjeefne, hin fannifne" jechuudhaan dubbachuun isaa, ajjeeffamuu fi fannifamuu dhiifamuu isaa kan hin argisiifne sababni ifaa ta'e tokko jira. Yihuudonni Iisaa yoo fannisanii fi ejjeesanii iyyuu garuu gocha kana akka raawwatan kan heeyyame Allaah waan ta'eef, isaatiin kan fannisanii fi ajjeesan yoo itti fakkaate iyyuu garuu humnaa fi aboo mataa isaaniin kana gochuu dhiisuu isaaniin hin fannifne, hin ajjeefnes. Yaadni hiika kana caalaatti ifaa nuuf godhu Qur'aana 8:17 irratti argama: "Isin isaan hin ajjeefne. Garuu Rabbiitu isaan ajjeese. Yeroo darbattus ati hin darbanne. Garuu Rabbiitu darbate" jedha.

Akka keeyyata kanaatti Musliimota diinota isaanii yoo ajjeesan iyyuu garuu "heeyyama Rabbiin" kana waan raawwataniif isaan hin ajjeefne garuu Rabbiitu isaan ajjeese. Diinota isaanii jaamsuuf yeroo Muhammad biyyee darbatan "heeyyama Rabbiin darbachuu isaaniin" isaan hin darbanne garuu Rabbiitu darbate malee. Keeyyata kanarraa wanti barannu yoo jiraate namoonni heeyyama Rabbiin wanta tokko yoo raawwatan dubbii kana raawwachuu isaanii otuu hin taane akka Rabbii raawwatetti ilaalamuu isaa ti. Kanaafuu haala kana fakkaatuun Yihuudonni Iisaa yoo fannisanii fi ajjeesan iyyuu garuu heeyyama Rabbiin malee mirgaa fi aboo mataa isaaniin waan hin raawwanneef "isaatiin hin ajjeefne hin fannifne". Kanaafuu dhaadachuudhaan "ajjeefneerra" jedhanii dubbachuun isaanii sirrii miti. Hiika kana luqqisiwwan Kitaaba Qulqulluu itti fufanii jiran waliin ilaaluun ni danda'ama (Hojii Ergamootaa 2:23-24, 3:18, 4:27-28, 1Phexros 1:19-20, Mul'ata Yohannis 13:8).

Qooda Yesuus fannifamuun namni biraa fannifamuu isaa kan amanan Musliimonni, Suuraa 4:157 yaada isaanii kan deeggaru fakkeessuuf jechoota hammattuu keessa galchuun akkuma hiikan, akkuma kana ammoo armaan oliin kan jiran hiika lamaaniin akka deeggaru gochuuf haala itti fufee jiruun barreessuun ni danda'ama.

““Nutii Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra” jedhaniif (isaan abaarre). Isaaniitti fakkeefame malee isa hin ajjeefne; hin fannisnes. Dhugumatti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakki keessa jiru. Yaada hordofuu malee isa irratti beekumsa homaattuu hin qaban. Qabatamaatti isaan isa hn ajjeefne. Dhugumatti Rabbiin gara isaatti ol isa fuudhe. Rabbiinis injifataa, ogeessa ta'eera.”

Yokiin:

““Nuti Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra” jedhaniif (isaan abaarre). Isaaniitti fakkeefame malee isa hin ajjeefne; hin fannisnes. Dhugumatti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakki keessa jiru. Yaada hordofuu malee isa irratti beekumsa homaatuu hin qaban. Qabatamaatti isaan isa hn ajjeefne. Dhugumatti Rabbiin gara isaatti ol isa fuudhe. Rabbiinis injifataa, ogeessa ta’eera.”

Egaa Musliimonni sobaa fi hiika garaa garaaf kan saaxilame keeyyata kanaan ture fannifamuu Kiristos fudhatama dhabsiisuuf akka ragaatti kan ibsan.

Iisaan akka fannifame garuu yeroo fannoorra ture kan hin duunee fi of wallaalu isaa kan dubbatu yaadni, yeroo ammaa keessumaa Musliimota baratan biratti bal’inaan fudhatama argachaa dhufeera. Yaadni kun “yaa-da of wallaalu (Swoon Theory)” jedhamuun kan beekamu yommuu ta’u, Varchuurnii nama jedhamuun dhuma kutaa baraa jaarraa kudha salgaffaatti kan eegalameedha. Amantaa Musliimaaf adda durummaan falmaa kan turan Sheh Ahimad Diidaat [10] fi falmitoonni bara keenyaa beekamoo ta’an Doktor Shaabiir Aalii [11] fakkaatan Musliimonni in jajatu. Gareewwan Islaamummaa keessaa “Nation of Islam (NOI)” kan fakkaatanii fi garree-wwan Ahaamedistoota akka ejjennoo (ibsa) amantaa itti fudhataniiru. Yaa-da kana kan deeggaran gareewwanis ta’e amantaa Musliimaaf kan falman Suuraa 4:157 irra dubbii jiru armaan oliin kan barreessine karaa lamaaniin hiikamuun isaanii, Musliimonni biyya keenyaa hedduun isaanii dhugaa itti yaadanii hin beekneedha. Musliimonni hiika armaan oliin barreeffamaniin morman falmiin isaanii nuu waliin otuu hin taane amantaa kan obboleeyyan isaanii waliin ta’uu isaa ti!

Iisaan otuu hin du’iin gara samiitti ol ba’eera barumsi jedhu amantaa Musliimaa keessatti barootaaf fudhatama argachaa tureera. Garuu Musliimonni yeroo fannifamuu isaa haala turee fi bakka Yesuus fannifameera jechuudhaan waa’ee nama isa yaadanii dubbatanii maalummaa isaa seenaa keessatti gonkumaa walitti dhufuu hin danda’an. Armaan oliin akkuma ilaalle, namni bakka isaa fannifame eenyu akka ta’e Qur’aanni gonkumaa hin dubbatu. Kanaafuu kanaan ilaalchisee barumsi Islaamummaa amma jiru shakkii irratti kan hundaa’e ta’uu isaatiin beektota Musliimaa garaa garteef isaan saaxileera. Namoonni tokko tokko Yihuudota keessaa tokko fannifameera jechuudhaan yommuu dubbatan, kanneen kaan ammoo inni fannifame loltoota Roomaa keessaa tokkodha jedhu. Duuka buutota Iisaa keessaa tokko fedha isaatiin du’uu waan barbaadeef bifa Iisaa Rabbi isaaf kennuun fannifameera kan jedhanis jiru. Maqaa “Kitaaba Barnaabaas” jedhamuun bara

giddu-galeessaatti nama Musliimaa tokkoon kitaaba barreeffameen ammoo bakka isaa kan du'e Yihuudaadha jedha. Garuu yaadawwaan Islaamummaa kana hundumaaf deeggarsa kan kennu keeyyanni tokko iyyuu Qur'aana keessa hin jiru. Qur'aanni bakka isaa du'eera kan jedhame maqaa nama tokkoo ibsuu mannaa namni biroon du'uu isaaf iyyuu odeeffanoo hin laatu. Dursinee akkuma ibsine "...Isaanitti fakkeeffame malee isa hin ajjeefne" gaalee jedhu keessatti hammattuu keessa kan galfame "namni ajjeefame Iisaatiin" yaadni jedhu namoota hiikaniin kan itti dabalame malee Qur'aana afaan Arabaa keessa hin jiru.

Bakka Iisaa namni biroon fannifameera kan jedhu yaadni Musliimotaa (Substitution Theory) jedhamuun kan beekamu yommuu ta'u, yaadni kun gaaffiiwwan fiduu danda'uu keessaa muraasa isaanii akka itti fufee jiruun kaafna:

1. Yaadni kun gabasa seenawaa waliin faallessa. Gabaasa seenaa kamiin iyyuu deeggarsa hin qabaatu. Mul'ata nama tokkoon galmee seenaa haquun amantii gatii hin qabaanne hin taasisu?
2. Allaan otuu Iisaan homaa hin ta'iin gara ofii isaatti fudhachuu erga danda'ee bakka isaa ammoo namni biraan akka ajjeefamu gochuun isaa faayidaan isaan maaliidha?
3. Qooda Iisaa namni biraan akka fannifamuuf otuu Allaan haalota hin mijeessinee fi bifa namtichaa bifa Iisaa waliin hin fakkeessine ta'ee fannifameera barumsi jedhu hin babal'atu ture. Kanaafuu jireenyi Kiristiyaanotaa biiliyoonnaan lakkaa'aman Allaatiin hin gaddisiisuu? Maaliif hojii fakkeessuu kana hundumaa hojjechuun Kiiristiyaanummaan akka uumamu godhe?
4. Bifti Iisaa kan fakkaatu diinota isaaf moo yokiis hiriyoota isaa dabalatee ti? Namoota lamaan kanaaf yoo ta'e Allaan amantoota duuka buutota isaa turan gowwomsuun maaliif isa barbaachise? Diinota isaaf qofa yoo ta'e hiriyoota isaa keessaa tokko iyyuu fannifamuu dhiisuu isaa maaliif hin gabaafne?
5. Qooda Iisaa fannifameera namni jedhame yeroo fannoo irra ture agartuwwan isaaniin ilaalaa kan turan namoonni jiraachuun isaanii hin haalamu. Kanaafuu namoonni garee diinota isaa biraa hin taane kun nama fannifame kana yommuu ilaalan kan isaanitti mul'atu bifa Iisaa moo yokiis bifa namtichaa ti? Bifa Iisaa yoo ta'e waa'ee taatee fannifamuu ragaa ba'uu kan danda'an waa'ee Iisaa fannifamuu isaa ti. Garuu kan fannifame nama biroo waan ta'eef raga-ba'umsi isaanii soba ta'a jechuudha. Namoonni kun haala isaan hin beekneen sobaan ragaa ba'uun dogoggoranii kanneen kaaniin raga-ba'umsa isaaniin akka dogoggorsan kan godhe Allaan karaa ittiin dogoggorsan kanaan fayyadamuuf maaliif filate? Allaan hundumaa kan danda'u

miti? Namooni hedduun baduu isaaniif sababa kan ta'e karaa kanaan maaliif fayyadame? Eenyumaan iyyuu otuu hin gowwomsiin Iisaan akka hin fannifamne gochuu hin danda'u ture?

6. Qur'aanni wanta hundumaa ifaa gochuuf kan bu'e erga ta'ee waa'ee maalummaa nama kanaa bakka Iisaa fannifamee ibsuun akkasumas Iisaan fannifamuu dhiisuu isaa dubbii shakkii of keessaa hin qabaanneen dubbachuun Musliimota garaa garaa baasuu irraa maaliif hin oolchine?

7. Qur'aanni wanta hundumaa ifaa gochuuf kan dhufe kitaaba erga jedhamee namoonni hedduun "kan ittiin dogoggoran" dhimma kana ifaa gochuu mannaa dubbii gowwomsaa dhiyeessuunii fi ragaa guutuu hin taane kennuun mul'ata dhugaa ta'uu isaa kan amanan namoota iyyuu otuu hin hafiin bitaatti galchuu fi garaa garaarummaatti isaan qooduun isaa akkamiin ilaalama? Haala kanaan wanta hundumaa ifaa gochuuf dhufuu isaa itti amanuun ta'uu kan maluudha? Kitaaba wanta hundumaa ifaa kan godhuu ta'uu isaa dubbachuun isaa soba hin ta'u?

8. Ergamni isaa waa'ee Rabbii wanta dhugaa barsiisuu ture. Waantota ajaa'ibsiisaa hedduun ulfina Rabbii argisiisaa erga turee booda yeroo dhumaatti "karaa foddaan ba'ee baduun" addunyaa maraa bitaatti galchuun namoonni du'uu isaa akka amanan gochuun barumsi sobaa akka babal'atuuf sababa ta'uun isaa ta'uu kan malu ture? Ergamni isaa addunyaa fayyaduu mannaa kan miidhu erga ta'ee gara addunyaa dhufuun isaa sirrii ture?

9. Raajiin (Nabiyyiin) tokko amantaa isaaf qaalii ta'uun amantootaaf fakkeenya jabinaa ta'uu fi namoota bitaatti galchuun foddaan ba'anii baduurra isa kamtu fooyyee qaba?

10. Allaan Iisaa kan jaalatu erga ta'ee qaalii ta'uun ergama isaa akka galmaan ga'atu gochuu mannaa karaa foddaan baasisuun akka badu gochuudhaan ergamni isaa akka fashalaa'u maaliif godhe?

11. Iisaan Nabiyyii dhugaa ta'uu isaa erga amananii, Allaan Iisaaf gowwomsaa kana hundumaa uumuun namoonni hedduun baduu isaaniif sababa ta'uun gara samiitti olbaa'uu fi akka Nabiyyota kanneen kaanii qaalii ta'uun ergama isaa fashalaa'ummaa irraa oolchuuf yaada jedhu keessaa isa kamiin filata.

12. Allaan jireenya Iisaa du'arraa oolchuuf jireenya namoota biiliyoonatti lakka'amanii gara badiisa bara baraatti kan geessu gocha raawwachuu isaatiin dandeettiin waa yaadachuu fi hubachuu Allaah maal fakkaata?

13. Nabiyyi Muhammad "mul'ata" kana qabatanii dhufuun isaanii taateen kun erga raawwatamee waggoota 600n booda dha. Sana dura kan turan sabni miiliyoonatti lakkaa'aman fannifamuu Yesuus itti amanuun darbaniiru.

Sababa kanaanis hedduun isaanii hanga jireenya qaaliitti gatii baasaniiru. Kanaafuu Allaan waggoota hanga kanaa turuun “mul’ata” isaa erguu mannaa battalumaan yeruma sana otuu ergeera ta’ee hedduu badiisa irraa oolchuuf karaa foyyee qabu hin ta’u ture? Jireenya saba badan sanaaf itti kan gaafatamu Iisaan akka fannifametti fakkeessuun kan isaan gowwomse Allaah ofii isaatiin miti?

14. “Nabiyyiin” mul’aticha qabatani dhufan jireenya isaanii yommuu ilaalu Nabiyyummaan kan isaaniif hin mallee fi wanta ittiin fakkeenya ta’an tokkoyyuu hin qabaatan. Fakkeenyaaf yoo jedhame mucaa waggaa ja’aa kaadhimmachuun waggaa salgaaffaa isheetti waliin ciisaniiru. [12] Haadha manaa guddifachaa isaanii fuudhuu akka barbaadan dubbataniiru. Waa’ee miidhagina ishee haala ta’uu hin malleen dubbachuun gaa’ila ishee erga diganii booda ishee fuudhaniiru. [13] Gaafa tokko toshaan isaan irratti hojjetaamee rakkachaa turan. [14] Loltoonni Musliimaa dubartoota booji’aman otuu abbaan manootii isaanii jiranii akka gudeedaman heeyyamaniiru. [15] Jibbaa fi karaa ittiin haaloo ba’an barsiiseera. [16] Kanaafuu hir’ina naamusaa akkanaa namni qabaachaa ture Ergamtoonni qulqulloonni waa’ee mudaa isa hin qabaanne Yesuus Kiristos barsiisni isaan barsiisan fi raga-ba’umsi isaan kennan dogoggora ta’uu isaa dubbachuuf ga’umsa isaa in qabaatu? Raga-ba’umsi Muhammad raga-ba’umsa Ergamtootaan olitti akka dhugaatti ilaaluun sababa ta’a?

15. Allaan fannifamuu Yesuus ilaalchisee addunyaa maraa dogoggorsuu isaa amalli isaa eenyuun argisiisa? Gowwomsuu fi burjaajessuun amala Waaqayyoo isa dhugaa ti?

Gaaffileen armaan oliin dhiyeffaman haala ga’aa ta’een hanga hin deebi-netti Kiristiyaana tokkof qooda Yesuus namni biraan fannifameera jedhanii amanuun dhugaa sobatti jijjiiruudha!

Qur’aana keessatti jechi akkana jedhu barreeffamee argina: “Yaa Iisaa! Ani si ajjeessaadha. Gara kiiyyaattis ol si fuudhaadha” (Suuraa 3:55). Keeyyata kana keessatti kan argamu (gara Kiiyyaatti ol si fudhadha) jechi jedhu afaan Arabaan “Mutawafik” jecha jedhu irraa kan argameedha. Barreessaan amantaa Kiristiyaanaa gameessi Geerhaard Neels yaada isaanii yommuu ibsan, Aalii Iibin Abbaas, Abdullaah Iibin Munaabiih, Mu’aaweeth, Iibin Isihaaq, Saalmaah fi Wahaab Iibin Munabiin fakkaatan hayyooti amantaa Musliimaa durii hedduun jecha Qur’aanaa kana “akka du’un godha” kan jedhuun hubachuu isaanii dubbatu. [17] Iisaan otuu daa’ima ta’ee jiruu dubbii itti fufee jiru dubbachuu isaa Suuraa 19:33 irraa dubbifanna: (Guyyaa ani dhaladhe, guyyaa ani du’uu fi guyyaa ani kaafamuus nageenyi ana irra

jira). Musliimonni hedduun Yesuus fuula duraatti gara lafaa deebi'ee akkuma nama tokkootti du'a kana boodas in ka'a amantaa jedhu in qabaatu. Keeyyata kana bifa kanaan hiikkatu. Garuu namoonni du'a Yesuusitti hin amanne keeyyata kana akka ragaa tokkootti akka dhiyeessaniif yaada isaan dandees-sisu bakkuma kana Qur'aana 19:15 irratti argama. "Nageenyis guyyaa inni dhalate, guyyaa inni du'uufi guyyaa inni lubbuun kaafamus isa irra haa jiraatu". Jechi kun kan dubbatame Yohannis cuuphaaf ture. Innis du'uu isaatti Musliimonni in amanu. Kanaafuu yaada Qur'aana tokkoo hiika sirrii isaa hubachuuf keeyyata Qur'aanaa kan biroo kana ibsu ilaaluun karaa filannoo hin qabaanne ta'uu isaatiin dubbiiwwan guutummaatti walfakkaatan kana karaa tokkoon hiikuun dirqama ta'a.

Yesuus du'uu isaaf yaadni ragaa ta'u Qur'aana qofaa keessatti otuu hin taane Haadisii keessattis arganna. Saahiih Al-Buhaarii keessatti akkuma barreeffame Nabiyyiin tokko obbloonni isaa yeroo madeessaniin "isaan hin beekani uummata koof dhiifama godhi" jechuudhaan akka isaaniif kadhate Muhammad dubbachuu isaanii Iibin Masuud gabaaseera. [18] Caaffata qul-qulluu keessatti kadhata kana kadhachuu isaa Nabiyyiin dubbatameef Musliimonni kan amanan isa kamiidha? Deebiin isaa Luqaas 23:32-48 irratti argama:

"Namoota hamaa godhan lamas immoo ajjeesuudhaaf isaa wajjin geessan. Iddoo "Lafee mataa" jedhamee waamamu yommuu ga'an, achitti Yesusiin fannisan; warra hamaa godhanis, isa tokko mirga isaatti isa kaanis bitaa isaatti fannisan. Yesuus garuu, "Yaa abbaa, waan godhan hin beekani'o isaaniif dhiisi!" jedhe; warri isa fannisan immoo uffata isaa buufata mukaatiin hirmaatan. Namoonni achi dhaabatanii in ilaalu turan..."

Qur'aanni Raajonni (Nabiyyonni) hedduun namoota waan hamaa hojjetaniin ajjeefamuu isaanii dubbata (2:61, 2:91, 321, 3:112 ilaalaa). Kanaafuu Musliimonni fannifamuu Yesuus jabeessanii kan morman maaliif laata? Tarii Nabiyyii guddaa kan ta'e Yesuus kana harka diinota isaan salphatee du'eera yaadni jedhu gama kabaja isaaf qabaniin isaanitti fakkaachuu dhiisuu isaatiin ta'uu danda'a. Garuu Yesuus kan fannifame biyya lafaa oolchuuf ta'uu isaa fi du'a injifatee ka'uu isaatiin fannoon isaa injifannoo guddaadha. Yesuus du'ee hin hafne garuu guyyaa sadaffaatti du'aa ka'uun Gooftummaa isaa mirkaneesseera! Saa'ol namni Tarsees du'aa ka'uu Yesuus sirriitti kan morman Yihuudota keessaa tokkoo fi kan jalqabaa ture. Duuka buutota Yesuus ajjeessaa fi hidhaa ture. Garuu du'ee hafeera jedhee kan inni yaadu Yesuus Kiristos karaa Damaasqoo irratti ulfina guddaa fi gooftummaa sodaachisuun itti mul'ate. Innis kanneen du'aa ka'uu isaa ragaa ba'an waliin

oduu du’aa ka’uu isaa labsuu jalqabe. Yommuu dulloomes Yesusiin haaluu mannaa magaala Roomaa keessatti qaalii ta’uu akka filate seenaa Waldaa Kirsitiyaanaatti barreeffameera. Namni kun gaaf-tokko kiristiyaanota biyya Filiphisiyyus jiraachaa turaniif ergaa ajaa’ibsiisaa akkana jedhu barreessee ture:

“Yaada garaa isa Kristos Yesus qaba ture qabaadhaa! Inni bifa waaqayyummaatiin utuma jiruu, ulfina Waaqayyummaa isa abbaa isaa wajjin wal isa qixxeessu wanta qabatanii itti hafanitti hin lakkoofne. Inni ulfina sana gadi dhiisee, akka waan, waan tokkotti hin galle of godhe; bifa garbummaa in fudhate; fakkaattii namummaatiin in dhalate, waan hundumaanis nama ta’ee argame. Inni gad of deebisee, hamma du’aatti, hamma fannifamee du’utti iyyuu abboomamaa ta’e. Kanaafis Waaqayyo waan hundumaa irra caalchisee guddaa ol isa qabe; maqaa isa maqaa kam irra iyyuu caalu kenneeraaf. Kanaanis warri bantii waaqaa keessa jiran, warri lafa irraa, warri lafa jala jiranis hundinuu ulfina maqaa Yesusiif jilbeenfatani akka sagadan godhe. Arrabni hundinuus, ulfina Waaqayyoo abbaatiif, Yesus Kristos gooftaa akka ta’e beeksisuuf jiru” Fil. 2:5-11.

Kanneen du’aa ka’uu isaa ragaa ba’an keessaa tokko kan ta’e Yohannis Ergmatichaaf, Yesuus Masihiichii guyyaa tokko ulfina guddaan isaaf mul’ate akkana isaatiin jedheera:

“inni jiraatus ana. Takka illee du’een ture, amma garuu kunoo, baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du’a irratti, balbala iddoo warra du’anii banu irrattis ani gooftummaa qaba.” (Mul. 1:18).

Yaa Musliimota obboleeyyan keenyaa! Fannifamuu Yesuus ilaalchisee har’a Kiristiyaanota gidduu garaa garteen kamiyyuu jiraachuu dhiisuu isaa isinis beektu. Kitaabni Qulqulluun haala ifaa ta’een du’uu fi du’aa ka’uu Yesuus gabaasuu isaatiin Kirsitiyaanota gidduu shakkii fi falmiin kamiyyuu hin jiru! Keeyyanni Qur’aanaa itti fufee jiru kan Kirsitiyaanota mannaa haala isin gidduu jiru sirriitti kan ibsu ta’uu isaatiin hubachuun isiniif mala:

“Isaanitti fakkeeffame malee isa hin ajjeefne; hin fannisnes. Dhugumatti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakki keessa jiru. Yaada hordofu malee isa irratti beekumsa homaatuu hin qaban” Suuraa 4:158.

Yaa Musliimotaa! Shakkii keessaa bilisa ba’uu fi waa’ee Masihiif odeeffannoo dhugaa argachuuf gara Abboommii Musee, Zabuurii fi Injilii ilaalaa. Jecha Qur’aana itti fufee jiru ilaaaluuf hin dagatiinaa:

“Yoo waan Nuti gara keetti buufne irraa shakkii keessa jiraatte, isaan si dura kitaaba dubbisa turan gaafadhu” (Suuraa 10:94).

- [1] Josh McDowell, Evidence that Demands a Verdict, New and Revised, 1999, pp. 122-123
- [2] Ibid., p. 125
- [3] Ibid., pp. 123-124
- [4] Ibid., p. 123
- [5] Norman L. Geisler, Encyclopedia of Christian Apologetics, 1999, p. 128
- [6] Ibid.
- [7] Ibid.
- [8] Ibid.
- [9] Ahimad Diidaat bara 1984 Afrikaa kibbaa Darbaanitti amantaa Kiristiyaanaaf falmaa kan ta'an Joosh Maakduweel waliin waa'ee Kiristos fannifamuu isaa falmii yommuu godhan Suuraa 4:157 erga ibsanii booda akkana jedhanii turan: "...Musliimni dubbii aangoo of keessaa qabaatu kana kan hin jijjiramne dubbii Waaqayyo ta'uu isaa amanee fudhata. Haala kanaan gaaffii kamiyyuu hin gaafatu, ragaa kamiyyuu hin barbaadu! "Dubbii gooftaa kootti nan amana, nan mirkaneeffadha "jedha. Musliimni garuu kanaaf deebiin inni kennu "isaan kun jecha Waaqayyoo kan hundumaa danda'uu ti! Kanaafuu maaltu akka raawwatame Rabbitu beeka!" jechuudhaani.
- [10] Ahmed Deedat: Crucifixion or Crucifiction (buukleetii guutummaa isaa ilaalaa).
- [11] Doktor Shaabiir Aalii hayyuu amantaa Kiristiyaanaa kan ta'an Doktor Wiiliyaam Leen Kireeg waliin waa'ee du'aa ka'uu Kiristos A.L.A Bitootessa 4,2003 falmiin magaala Toroontootti godhan marsariitii itti fufee jiruun ilaala. <http://www.youtube.com/watch?v=Qrasny8-pCA>
- [12] Sahih al-Bukhari, Vol. 5 No. 234; Vol. 7 No. 65
- [13] Sahih Muslim, Book 008, No. 3330; The History of al-Tabari: The Victor of Islam; Translated by Michael Fishbein; State University of New York Press, 1997, Vol. VIII, pp. 2-3; □□□□□□ □□ 33□37-38.
- [14] Sahih al-Bukhari, Vol. 7, 71:660
- [15] Sunan Abu Dawud, 2150; Sahih Muslim, No. 3371; □□□□□□ □□ 23□1-6□ 70□22-30
- [16] Suuraa 2□191-193□ 8□12□ 8□67□ 8□65□ 9□5□ 9□14□ 9□29□ 9□73□ 9□123□ 48□29□ 58□22
- [17] □□□□□ □□□□ □□□□□□ □□□□□ □□□□□□□□ □□□□□ □□□□ □□ □□ □□□□□□□ □□ 146
- [18] Bukhari Vol. 4:683

Waaqayyo Dhugaa Tokkichi Yesusin kan Dhalee dhaa?

Gaaffii

Yesus akkas jedha “Waaqayyo isa tokkicha isa dhugaa. Yesus Kiristosin isa ati ergites beekuun isaanii jireenya barabaraa ti.” Yohannis 17:3. Egaa Yesus yoo Waaqayyoon ta’e yeroo Waaqasaa kadhatu maaliif ” Waaqayyoo isa tokkicha ati ergites beekuun jireenya bara baraati.” maaliif jedhe? Yesus Waaqayyo inni dhugaa isa osoo hin ta’in, Waaqayyo isa isa erge ta’u maaliif ibse?

Deebii

Lallabdoonni Musliimaa Macaafa Waaqummaa Yesus labsuun eegalu keessa yaadaa Waaqummaa isaan wal-dhibu barbaaduun isaani waan bay’ee nama aja’ibsiisuudha. Buusaa kana keessatti Yesus jireenya bara baraa kan argamu yoo Isaafii Abbaa beekuun akka ta’e walqabsiistuu afaan girikii “kay” fayyadamuun wal-qixxummaa Abbaa waliin qabu ibseera.

Namni tokko jireenya bara baraa akka argatuuf umaafi umama walitti ida’ee beekuu qaba barnoonni jedhu Macaafa Qulqulluu keessa hin jiru. Islaamummaan ta’u kana hin barsiisu. Dabalataan ammoo boqonnicha guutuu yoo dubbisnu Gooftaan keenya waa’ee mataa isaa kan inni dubbate hedduun kan Waaqummaa isaa agarsiisanii fii hiikaa dogoggoraa gaafataa kanaaf rakkoo kan uuman kunoo

·Yesus Ilma Waaqayyooti (lak 1-2)

·Jireenya bara baraa ni laata (lak 1-2). Jireenya bara baraa Waaqayyoon ala kan kennu eenyu ta’u danda’a? Waaqayyumtuu dandeettii kana umamtoot-aaf ni qoodaa?

Adunyaa osoo hin ummanni kabajaan Abbaa waliin ture. (Lak 5)

Waaqayyo Abbaan akka isa kabajus gaafateera (lak 1-2) umamaan gaaffii akkasii gaafachuuf mirga qabaa?

·Kan Abbaa wanti ta’e hundi kan isaa ta’u dubbateera (lak 10) . waan akkasii dubbachuuf ija jabeessi akkasii ummatoota keessaa argamuu danda’a?

Gaafataan kun boqonnaa yaanni Waaqummaa Yesus keessa guutan kana keessa hima tokko qofaatti foxxoqsun fuullee tokkessituu qeenxeen ilaaluun Waaqummaa Yesus ganuuf yaalu. Kan nuuf ta’u dandii nuuf ta’utti hik-kataa isa nuuf hin taanee gatuun dogoggora ta’uu isa hubachiisaa, buusaan kun sababni inni Yesus Waaqayyo ta’u dhiisuu isaaf ooluu hin dandeenyeef tuqaalee shan akka itti anutti tarreesina.

·Akka barnoota Kiristaanaatti iccitiin Tokko-sadumma (Sillaasee) kan jiraatuu Waaqni tokkichi Waaqayyo tokkicha isa dhugaadha. Amalli waloo (gener-

al property) amala tokkoon tokkoon isaanii (particular property) ta'uu isaatiin amala Waaqummaa hirmaataan tokkicha qaama sadeen kan ta'e Waaqayyoo dhugaa tokkicha jedhamee waamamuu danda'a. Akka wanti kun wal-hinfall-essine hubachuuf barnoota bu'uraa mara-waliigalchoo beekuun ga'aa dha.

·Yesus qaamaan Abbaa waliin gargar ta'us, sagalee Waaqayyoo amma bara baraati (logoos) waan ta'ef, Abbaa waliin kan dhilaman ta'uu dhabuun isaa, Abbaan Waaqayyoo tokkicha dhugaa yoo ta'e, Ilmis Waaqayyoo dhugaa ta'a.

·Yesus Kiristoos Abbaa dhaan Waaqayyoo dhugaa tokkicha yoo jedhu Waaqota biroo wal cinaa qabuun malee Waaqummaan kan isa waliin tokko kan ta'e ofiifi Hafuura Qulqulluu waliin miti.

·Yaanni kun kan inni caqafame foon uffachuun kan dhufe ilaalchaa Ilmaatiini malee ilaalcha namaan miti.

·Ilmis “tokkicha” jedhamee buusaawwan inni itti waamame akkataa itti fayyadama jecha kanaa qaamota Tokko-sadumma (Sillaasee) dhiluuf kan karoorfame ta'u dhabuu nu hubachiisa. Fkn ;- “warri Waaqayyoo malee jiraatan, ayyaana Waaqayyoo keenya argachuun ‘gad-dhisaatti jiraachuudha’ jedhanii yaada diddiranii, goofta keenya Yesus Kiristoosin isa kophaa isaa gooftummaa qabus gananii, isaan kun wanta yakka isaanitti mursiisu kana jalatti duraan dursee caafamaniiru.”

Falmii gaafataa keenyaa yoo fudhannuu Yesus buusaa kana keessatti qofaa isaa kan jiruu fi Gooftaa ta'u isaa dubbachuun Waaqayyoo Abbaan gooftaa miti jechuuf deemna. Barreessitoonni Kakuu Haaraa jechoonni akkanaa kun rakkoo uumuu akka hin dandeenye hubataniiru. Gaafataan keenya fuullee tokkessituu qeenxee isaanii amma baasanitti kana hubachuu hin danda'an.

Balballi Jannataa Banameera!

Musliimonnii fi Kiristiyaanoti ilmaan namaa Uumaa isaaniirraa adda ba'uun badiisaaf saaxilamuu isaaniitti amanu. Bakka jireenya keenya isa dhugaa kan ture gammachuu fi qannoon guutame Jannata keessa yoo ta'e iyyuu, Addaamii fi Hewaan (Adam fi Hawaan) yakka hojjechuu isaaniin Jannataa ari'amuu keenyan lafa rakkinaan guutame irra akka jiraannu murteef-fameera. Garuu Uumaan keenyi gara-laafessaa fi gaarii ta'e isa irraa adda ba'uun bara baraan akka balleeffamnu waan hin jaalanneef balbala Jannataa deebisee baneera, karaa ittiin galamus karaa salphaa ta'een nuuf qopheesseera. Quraa'anas yoo ta'e Kitaaba Qulqulluu keessaa seenaawwan argaman yommuu qorannu Uumaan keenyaa nurraa fagachuun qajeelfamoota erguu mannaa gara ilmaan namaatti dhiyaachuun isaa wajjin jiraachuu kan isaan dandeessisu ulaagaawwan isaan irraa eegamu karaa mataa isaatiin qopheesse yommuu ofiin raawwatu argina.

Seenaawwan shanan itti fufanii jiran keessaa arfan Kitaaba Qulqulluu fi Qur'aana keessatti galmeeffamaniiru. Obboleessa koo musliima jaallatamaa! Seenaawwan kun ulaagaa Waaqayyo (Rabbi) sirraa eegu guutuudhaan gara Jannataa si deebisuuf hojii inni hojjete kan argisiisan waan ta'eef maaloo sirriitti dubbifadhu.

Waaqayyo (Rabbi) sababa cubbuu isaaniin qullaa isaanii golguuf uf-fata Addaamii fi Hewaaniif qopheesse. Waaqayyo karaa aarsaa isa dhugaa Abeelii fi Qaa'eliif qopheesse. Abrahamiif ilma isaa oolchuuf aarsaa guddaa qopheesseef. Musee fi Israa'elotaaf cubbuu muraasa ta'aniif dhiifama kan ta'u seera aarsaa karaa Lubootaa fi mana qulqullummaa Yerusaalemiin hundeesseef. Ilmaan namoota hundumaaf ammoo seera aarsaawwanii gara xummuraatti kan fidu ilma isaa qulqulluu ta'e Yesuus Kiristosiin dabarsee kenne. Aarsaa beeyladoo kanneen darbanii gara fuula duraatti kan ta'u karaa Yesuus Kiristosiin dhiifama cubbuu fi tokkummaa Waaqayyo waliin qabaannu haareessuuf aarsaa nuuf godhame karaa ajaa'ibsiisaa ta'een fak-keenyaan kan argisiisaniidha.

Dhugaa barbaachisaa ta'e kana dagachuun Waaqayyo (Rabbii) itti amanuu, hojiiwwan gaggaarii hojjechuu fi wanta gaarii hawwuun qofa ga'aa akka ta'e namoonni yaadan Waaqayyoo fi karaa inni qopheesseef kabaja kennuu dhiisuu isaaniin milkaa'ummaa irraa hafu. Kanaafuu seenaawwan shanan armaan oliin ibsman maalo sirriitti dubbifadhu.

Addaamii Fi Hewaan (Aadamii fi Hawwaa)

Addaamii fi Hewaan yakka erga hojjetanii booda qullaa isaanii ta'uud-

haan sodaa fi qaaniin jireenya isaanii dhuunfate. Uumaa isaanii irratti yakka hojjechuun salphinaaf isaan saaxile. Qullaa isaanii golgachuuf kan yaalan baala mukaan ture. Qaani fi salphina sababa yakka isaaniin isaan mudate kana jalaa ba'uuf yaaliin isaan godhan ija Waaqayyoo duratti ga'aa hin taane. Muka dhorkaman irraa yoo nyaatan du'a akka du'an dursee itti himee ture. Duuti kun du'a hafuuraa yommuu ta'u kunis sababa Jannataa ari'amu isaaniiin tokkummaa dhuunfaan Waaqayyoo waliin qabachaa turan dhabuudhaan isaanitti kan dhufuudha. Duuti qaamaa ammoo kanaan itti fufee kan dhufuudha. Namni tokko adabbii du'aa jala jiraa yoo ta'e abdii hin qabaatu, du'aadha! Kanaafuu Waaqayyoo gidduu galuun qullaa isaanii kan ittiin golgatan gogaa beeyladaa isaaniif laate. Kunis balleessaa kan ta'e bu'aa cubbuuf aarsaa dhiyaatu kan argisiisuudha Seera Musee (Seera Uumaa 3:7;21). Qur'aana keessattis uffata qullaa isaanii ittiin golgatan Allaan isaaniif kennuu isaa dubbatameera (Suuraa 7:26).

Seera Musee, Zaburii fi Injiliin “yakka” jecha jedhu dogoggoraan hojii yaraa hojjechuu kan jedhu irra darbee hiika qabaachuu isaa dubbatu. Laphee ilmaan namaa hundumaa keessatti kan argamu ilaalcha hamaa ta'een yaadawwan yaraa yaaduun dabalatee wanta hamaa raawwatamuudha. Waaqayyoo dhugaatti qulqulluu ta'uu isaatiin gama ilaalcha isaatiin cubbuun yommuu ilaalamu wanta baay'ee ulfaataadha. Ilmaan namaa hundi cubbamoota ta'uu isaaniin murtiin isaaniif mala (Suuraa 16:1).

Qaaniin bu'aa cubbuu ti. Laphee keessatti bakka cubbuun itti yaadamu yoo hin jiraanne qaaniin hin jiru. Kanaa fi, daa'immaan qullaa yoo ta'aniyyuu kan hin qaanofne. Kiristiyaanummaatti dhaala cubbuu jechuun namni amala cubbuu hojjechuu waliin dhalata jechuuf malee otuu of hin beekiin dura cubbuu hojjeteera jechuu miti. Namni hundi uumama isaatiin iyyuu ilma dheekkamsaa ti. Isa kanaaf sababni isaa ammoo cubbuu qabataamaa waliin dhalachuu isaa otuu hin taane amala cubbuu hojjechuu waliin dhalachuu isaa ti (Efesoon. 2:3). Ilmaan namaa hundumaaf bakka bu'aa kan ta'e Addaam cubbuu hojjechuu isaatiin hundi keenyi murtii Waaqayyoo jala jirra (Rom. 5:12). Yommuu dhalanne cubbuu waliin hin dhalanne. Garuu amala cubbuu hojjechuu waliin dhalachuu keenyan dhimmi cubbamoota ta'uu keenyaa gaaffii kan uumu miti. Kanaafuu adabbii Waaqayyoo jalaa ba'uun nuuf hin danda'amu.

Qaa'elii fi Abeel (Qaabilii fi Haabiil)

Waa'een aarsaa Qaa'elii fi Abeel Qur'aana keessatti sirriitti hin dubbatamne (Suuraa 5:27). Seerri Musee fi Ijiliin akkuma nutti dubbatan sanyii lafarraa kan ta'e qalma Qaa'el Waaqayyoo kan hin fudhanne yommuu ta'u qa-

Ilma beeyladooaa kan ta'e aarsaa Abeel garuu fudhateera (Seera Uumamaa 4:3-7). Kana malees Abeel qalma isaa amantiin dhiyeessuu isaatiin fudhata-ma argachuu isaa dubbatameera (Ibroota 11:4). Abeel aarsaa beeyladaa dhi-yeessuun barbaachisaa ta'uu isaa maaliif amanee ture? Addaamii fi Hewaan cubbuu hojjechuu isaaniin qaanii irraa akka oolfamaniif gogaa beeyladaa itti uffisuu isaatiin Waaqayyoof galata galchuuf barbaadee ta'a? Seenaa Musee yommuu ilaallu kun caalaatti ifaa ta'a.

Abrahaam (Ibraahim)

Abrahaam ilma isaa akka aarsaa godhuuf erga abboomamee booda bakka ilma isaa kan dhiyaatu hoolaa aarsaa ta'u ofii isaatiin Waaqayyo ni qopheesse Suuraa 37:107, seera Musee Seera Uumamaa 22). Aarsaan beey-ladaa kun akka gocha waaqeffannaa salphaa ta'e qofaatti kan ilaalamuu miti. Sababni isaa Qur'aanni barbaachisummaa isaa yommuu ibsu "(Gorra'ama) guddaadhaan isa furre" jedha. Ilmi namaa beeyladarra gatii guddaa ni qa-baata. Beeyladichi "guddaa" kan jedhame aarsaa dhugaa kana booda dhu-fuuf jiru karaa fakkeenya ta'een waan argisiisuufi laata?

Musee (Muussaa)

Museen yakkaa saba Israa'eliif dhiifama akka ta'uuf beeyladooaa uu-maman akka aarsaa godhu Waaqayyoon (Rabbiin) abboomame Seera Mu-see (Seera Lakkoobsaa 19:1-10) luqqisiwwan kanneen biroonis jiru.

Musliimonni kan akka Yoseef Alii fi Mawudidii ta'an Suurat Al-Baqaraa 2:67-74 irratti kan argamu seenaa ajaa'ibsiisaa kana kan yaadachiisu ta'uu isaa dubbatu. Luboonni Yihudii fi manni qulqullummaa Suuraa 17:1-7;5:55 irratti ibsamaniiru. Mana qulqullummaa keessatti dhiifama yakkaatiif kan dhiyeeffaman aarsaan beeyladooaa dhimmoota jalqabaa kan seera Musee ti. Addaamii fi Hewaan wanti isaan itti qaana'an akkuma golgameef akkuma kana ammoo aarsaa dhiigaan malee qaaniin golgamu hin jiraatu. Seera Mu-see (Seera Leewwotaa) 17:11 irratti akkana jedha:

"Lubbuun uumama foon uffatee dhiiga keessa waan jiruuf, furee kan ta'us dhiiga waan ta'eef, inni furee lubbuu keessanii akka ta'uuf iddoo aarsaa ir-ratti ani Waaqayyo isa isiniif kenneera"

Yesuus Masihiichaa

Aarsaawwan hedduun irra deddeebi'amanii yoo dhiyeeffaman iyyuu rakkina cubbuu ilmaan namaaf furmaata itti fufiinsa qabaatu ta'uu hin dan-deenye. Rakkinni kun ammoo gatii namummaa ilmaan namaa baasuuf kan gitan ta'uu dhiisuu isaanii ti. Aarsaa gara fuula duraatti dhufu qulqulluu fi cubbuu irraa bilisa ta'een kan argisiisan qofa turan. Akkuma cheekii baankii jechuudha. Cheekiin baankiii qarshii ittiin qabaachuuf ni tajaajila garuu

yeroo tokkoof qarshichi harka keessan yoo gale cheekiin kun isin hin barbaachisu.

Aarsaan beeyladaa aarsaa isa guddaa ta'een kan argisiisuudha. Aarsaan kun yeroo tokkoof yoo raawwatame aarsaan beeyladoo isin hin barbaachisu. Yohannis cuuphaan (Yahiyaa) “Ilaa hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu” jechuun ture Yesusiin kan waame (Injilii Yohannis 1:29). Yesuus cubbuu, qaanii, sodaa fi ceephoo biyya lafaa balleessuuf bakka ilmaan namaa bu'uun xoofoo du'aa fudhateera (Injilii Mark 10:45).

Injilii Luqaas 24:44-47 akkana jedha:

“Yommuun isinii wajjin ture waa'ee kootiif seera Musee, macaafa raajotaa fi, macaafa faarfannaa keessatti kan caafame hundinuu raawwatu muuf akka jiru, kan ani isinitti hime, kunoo, isa kana” isaaniin jedhe. Ergasii macaafa haa hubataniif sammuu isaanii ibseef. “Kristosichi dhiphachuuf, guyyaa sadaffaattis du'aa ka'uuf akka jiru, yaada garaa geddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yerusaalemii jalqabae saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuuf jiru, caafameera.”

Waaqayyo guyyaa sadaffaatti kanneen du'an keessa Yesusiin kaasuu fi guyyaa afurtamaffaatti gara mataa isaatti ol fudhachuun hojii isaaf ragaa ba'eera (Injilii, Hojii Ergamootaa 1:3, 1Qor 15). Karaa ittiin araara dhugaa argatan kanaan karaa mataa isaanii irraa deebi'uun karaa Waaqayyo isaaniif qopheesse fudhachuuf namoota fedha argisiisan hundumaaf kan qopheeffame ta'uu isaa Seerri Musee, Zaburii fi Injiliin ni dubbatu. Qur'aannis kitaabota kanatti amanuun akka isaaniif malu musliimotatti dubbata (Suuraa 5:46-48).

Gama yaada Waaqayyootiin yommuu ilaalamnu nuti sababa yakkaatiin qullaa kan taanee fi qaanii keessa kan jirruudha. Garuu dhiiga qulqulluu ilma isaatiin nuuf dhangalaafameen qulqullummaa argachuu ni dandeenya. Dubbiin oduu gammachiisaa kun ammoo bara Addaamii eegaluun ibsameera. Karaa Yesuus Masihichaan ammoo hanga dhuma biyya lafaatti ilmaan namootaa hundumaaf qopheeffamuun dhiyaateera. Kanarra kan fooyya'u isa kanaan mulquu kan danda'u wanti kamiyyuu hin jiraatu. Ilmaan namaa hundumaaf ga'aa, amansiisaa fi dhugaa kan ta'e karaa fayyinaa ti.

Yoo haa ta'u jenne iyyuu eebba itti fufanii jiraniin bakka bu'uu kan danda'u karaan kana caalu ni argama?

- Dhiifama cubbuu dhugaa ta'e
- Qaaniirraa gara ulfinaatti deebi'uu
- Sodaa fi ceephoo sammuurraa bilisa ta'uu

- Jireenya guutuu
 - Humna Hafuura qulqulluu akka fedhaa fi yaada Waaqayyootti jiraachuu kan dandeessisu
-

Yesuus jechuun nabiiyoti dursanii kan isaaf raajan fayyisaa addunyaa ti. Kana gochuuf ga'umsa isaa kan qabaatu isa qofaadha (Injilii Maarqoos 2:6, Luqaas 24:44-47, Yohaannis 11:25-26). Ergaan isaa adda dha. Gabaabumatti itti fufee kan jiruun fakkaata: Waaqayyo qulqulluudha, nu jaallata-hundi keenya cubbamoota ta'uu keenyaan isa irraa adda baaneerra-amantaawwan kallattii isaanii irraa dogoggoraniiru; hojiiwwan keenya gaggaariinis nu fayyisuuf ga'aa miti-ga'umsa kan qabaatuu fi rakkina keenyaaf furmaati Yesuus qofa dha! Inni adabbii keenya fudhateera-qalbii jijjiiradhaa-isa duukaa bu'aa! Yaa obboleessa koo jaallatamaa aarsaa kan dhugaa fi qulqulluu ta'e, kan bara baraa fi sagalee Waaqayyo isa jiraataa ta'e Yesuusitti amanuu barbaadda? Deebiin kee eyyee yoo ta'e kadhannaa itti fufee jiru laphee kee irraa kadhachuun tokkummaa haaraa Uumaa kee waliin eegaluu dandeessa

Dogoggoroota Seenaa kan Qur’aana Keessatti Argaman

Akka amantaa musliimotaatti Qur’aanni Tanziil (mul’ata olii buufame) malee seenaa miti. Musliimonni Qur’aanni seenaa irra darbee kan ilaalamuudha jedhanii amanu. Kana jechuun garuu yaadni seenaa wajjin wal argu kamiyyuu keessa isaatti hin argamu jechuuf miti. Seenaa Noyii fi bishaan badiisaa, seenaa Abrahaam, seenaa Musee fi Israa’elotaa fi kkf keessa isaatti ni argamu. Garuu seenaawwan kun katabamanii kan argaman haala duraa duubni isaanii eegameen akka gabaasa seena qabeessumaatti miti. Qur’aana keessatti kan argaman bakki seenaawwan ibsaman kun gabaasa isaanii yommuu ilaallu madaallii kamiyyuu kufaa kan ta’an yaadawwan lakkoofsa hin qabaanneen kan guutamanii fi dhugaawwan mirkaneeffaman waliin kan faallessan ta’anii argina. Kanneen dubbifatan dandeettii ittiin madaalanii ilaalan kan Waaqayyo (Rabbi) isaaniif kenneen fayyadamuun yaadawwan dhiyaatan akka madaalaniif jaalalaan gaafachuudhaan gaaffiiwwan muraasa itti fufanii jiran isiniif dhiyeessina.

1. Bara Museetti Nama Samaariyaa?

“(Rabbiinis) ni jedhe: “Nutii dhugumatti, uummata kee bakka ati hin jirretti makkoree jirra; Saamiriyyichis isaan jallise.” (Suuraa 20:85). Seenaan akkuma dubbatu mootummaan Israa’el dhaloota Kiristosiin dura bara 930 bakka lamatti hiramee ture. Mootummaan inni kaabaa “Israa’eel” jedhamee yommuu waamamu, mootummaan kibbaa ammoo “Yihudaa” jedhama ture. Mootummaan inni kaabaa uummati isaa bara 722-705 itti haala gara-jabinaan guutameen mooticha Asoor Saargoon Akaadiyaan jedhamuun fudhatamee ture. Galmeewwan seenaa Arki’olojiin argaman akka ibsanitti hawaasni magaala guddoo Samaariyaa lakkoofsan 27,290 ta’an booji’amuun gara Asoor (Assyria) fudhatamaniiru. Garuu yeroo kanatti Samaariyaa fi naannaa ishee namooti muraasni booji’amuurraa hafanii turan. Namoonni kun qubattoota bakka biraa dhufan waliin gaa’ila uummachuu fi walitti dabalammuu isaanii amantaa fi aadaan isaanii kanneen kaan waliin makamee ture. Sababa kanaanis Yihuudota kanneen hafan biratti kan adda baafaman ta’an. Egaaa kana boodadha maqaa Samaariyaatiin magaala guddoo Samaariyaatti “namoota Samaariyaa” jedhamanii waamamuun kan eegalame, (www.ewishencyclopedia.com/articles/13059-samaritans) ilaalaa. Qur’aanni akkuma jedhu bara Musee akka isaan dibicha warqee irraa hojjetametti sagadan kan isaan dogoggorse nama Samaariyaa ti. Nama Samaariyaa jedhamuu kan eegalame bara booji’amuun booda ta’uu isaa fi museen ammoo baroota kanaan waggootan 100 dura jiraataa kan ture ta’uu isaa dhugaa

haalamuu hin danda'amneedha. Kanaafuu bara Musee namni Saamariyaa essaa argame? Lallabdoonni Musliimaa madda seenaa isa kamii ibsuun laata kitaabni isaanii dogoggora qabaachuu dhiisuu isaa kan morman.

2. Nama Yahuudii Uzeyir (Izraan) ilma Allaa ti jedhani?

“Yahuudonni “Uzayr ilma Rabbiiti” jedhan. Kiristaanonnis “Masihi ilma Rabbiiti” jedhan” (Suuraa 9:30).

Kitaaba Qulqulluu keessatti akkuma beekamu Izraan (Uzeyir) qeesii fi seera kan barsiisu yommuu ta’u Nahimiyaa waliin ta’uun Baabilooniin booji’amuun booda Yerusaleemiin deebisee ijaaruuf ga’ee guddaa gumaacheera. Kitaaba Qulqulluu keessattis maqaa isaatiin “Kitaaba Izraa” jedhamee kan beekamu kitaaba tokko katabeera. Akka seeraa fi duudha Yahuudiitti kiristiyaanoti Gooftaa Yesusiin “ilma Waaqayyoo (Rabbii)” jedhanii akkuma waaman akkuma kana ammoo nama tokkoon “ilma Waaqayyoo (Rabbii)” jedhanii waamuun akka gantummaatti ilaalama. Gooftaa Yesuus Ilma Waaqayyoo (Rabbii) ta’uu isaa fudhachuuf kan isaan hin dandeenyef sababni inni duraa kana yoo ta’eyyuu, Kakuun Moofaa ammoo Masihiichi ilma Waaqayyoo (Rabbii) ta’uu isaa ifatti dubbata (Far 2:7, Hos. 11:1, Mat. 2:15 walbira qabuun ilaala). Yahuudonni (Yihuudonni) saba Waaqayyoo (Rabbii) irraa Uzeyraan adda baasuun karaa adda ta’een “ilma Waaqayyoo (Rabbii)” jedhanii waamuu isaanii kan argisiisu odeeffannoon seenaa kamiyyuu hin jiraatu. Gocha kanaan sababeeffachuun himanni Qur’aanaa, Yahuudota (Yihuudota) guutummaatti ceepha’uu malee Yahuudota keessaa muraasa isaanii qofa ta’uu dhiisuun isaa tarii, yihuudota Araba jiraachaa turan keessaa muraasni isaanii Izraan ilma Waaqayyoo (Rabbii) ta’uu isaa itti amanu ta’a yadni jedhu furmtaa hin ta’u. Fakkeenyaaf yoo jedhame, musliimonni ani beeku dhugaatii kan dhuganii fi machaa’an jiru jechuudhaan namoota muraasa kana qofa ilaaluun “Musliimonni dhugaatii kan dhugaanii fi machaa’otadha” jedhee guutummaa hawaasa musliimaa maqaa balleessuun kitaaba yoon barreesse dogoggora guddaa hin ta’u? Guutummaatti isaan himachuun kana fakkaatu kun wallaalummaa fi dogoggoradha. Sababni isaa namootni muraasni kun hordoftoota amantaa islaamaa guutummaan bakka kan bu’an miti. Bara Muhammad Uzeyir ilma Waaqayyoo (Rabbii) ti jedhanii Yihuudonni amanani Araba keessa turan jennee yoo fudhanne iyyuu (ragaan kana argisiisu jiraachuu dhiisuu isaa jala sararamuu mala). Namoota muraasa kana qofa ilaaluun Yahuudonni “Uzeyir ilma Allaah (Rabbii)” ti jedhanii akka amananiif dubbachuu fi katabuun hawaasa Yahuudii guutummaatti ceepha’uun maqa-balleessii guddaadha. Garuu Yahuudota keessaa tokko iyyuu Uzeyiir ilma Allaah ti jedhee waamuu isaa kan argisiisu gabaasni

seena qabeessa ta'e jiraachuu dhiisuun isaa, keeyyati Qur'aanaa kun seenaa fi barsiisa amantaa Yahuudii kan hin beekneedha. Kanaafis ifatti akkuma argamu dhugaawwan seenaa fi amantaa kan ittiin diigu dogoggora of keessaa qaba.

3. Masjida Fagoo?

“Inni garbricha Isaa halkan masjidida kabajamaa (Makkaa) irra agara masjidida fagoo, kan moggaa (naannoo) isaa barkaa goonee, mallattoowwan keenya akka itti argisiifnuuf deemsise qulqullaa'e. dhugumatti, Inni Isumatu dhag'aaa, argaa dha” (Suuraa 17:1).

Keeyyati kun matuma isaatiin iyyuu ‘garbichi sun eenyu?’ Masjidi fagoon eessadha? ‘garbichi kun maalii fi akkamiin gara sana imale?’ ‘imalee maal hojjete?’ fi kkf gaaffiilee jadhamaniif deebii nuuf hin laatu. Gaaffilee kanaaf deebii argachuu kan dandeenyu Tafsiirotaa fi Hadisaatiiwwan akkasumas seenaa dhuunfaa Muhammad ilaaluuniidha. Kun ammoo wanta hundumaa of keessatti kan qabaatee fi ifaa ta'uu isaa musliimota biratti amanamaa kan ta'e Qur'aanni iyyuu, odeeffannoof guutuu ta'uu dhiisuu isaa kan ibsuu fi gaaffii keenyaaf deebii kennuuf ga'umsa qabaachuu dhiisuu isaa kan argisiisuudha.

Egaa kitaabni musliimaa hedduun akkuma dubbatan keeyyati armaan oliin kaa'ame kan argisiisu Muhammad halkaniin gara Yersaalem “kan imale” afoola ta'uu isaa ti. Kanaafuu Muhammad gaangee kan fakkaatu koochoo of irraa kan qabu Buraaq jedhamuun Makkaa irraa ka'uun gara mana qulqullummaa Yersaalem jiru imaluu isaa fi masalaalii (yaabbannoon) gara samiitti ol ba'uun deebi'ee akka bu'e nutti dubbata. (Abdullah Yusuf Ali, the Qur'an Commentary pp. 691-693 akkasumas islaamummaa fi seenaa nabiyyii Muhammad isa hangafaa Haajii Mahammad saanii Habiib fuula 62-64 ilaala).

Afoola kana keessatti Masjida fagoo kan jedhame mana qulqullummaa Solomon (yeroo ammaa masjidida Al-aaqisaan) bakka jiruudha. Garuu Muhammad bakka sana imaleera yeroo jedhametti manni qulqullummaa Solomon erga diigamee barooti hedduun lakkaa'amaniiru. Baabilooniin booji'amuun booda ijaaramee Herodisiin kan haareffame mana qulqullummaa yoo ta'e iyyuu Xixoo (Titus) kan jedhamu jeeneraala biyya Roomaan dhaloota Kirsitisiin booda bara 70 itti diigameera. Bakka sanarra hanga ammaatti dhaabatee kan argamu masjidida Al-aaqisaanis yoo ta'e du'a Muhammadiin waggoota hedduun booda kaliifaa Abdi al-maaliikiin kan hojjetame ta'uu isaatiin, bara Muhammad masjidis yoo ta'e manni qulqullummaa kamiyyuu bakka sanarra hin jiru ture. Kanaafuu barreessitoonni Qur'aanaa fi Mus-

liimaa Muhammad gara masjida fagootti imale kan nuun jedhan dhugaa kana akkamitti hubachuu isaanii ti?

4. Waa'ee Solomoon Seenaa Dhugaa moo Afoola?

Qur'aana keessatti Solomoon:

- Qilleensi isaaf abboomama ture (Suuraa 21:1).
- Sheeyxanooti faaya baasuuf garba keessa lixuuf ture, hojii isaaf ni hojjetu turan (Suuraa 21:82).
- Qooqa simbiraa ni danda'a ture (Suuraa 27:16). Kana malees simbira Hud-hud jedhamtu waliin dubbata ture (Suuraa 27:20-28).
- Waraanni isaa jiinnota, namootaa fi simbirrootaan kan hundeeffame ture (Suuraa 27:17).
- Mixiin yommuu dubbattu dhaga'uu danda'a ture (Suuraa 27:18-19).
- Siree mootittii Saabaa Jiinnii jabaa ta'erraa hate isaaf fideera (Suuraa 27:38-40).
- Iddoolee ibaada, fakkiwwan, gabateewwan fi okkoteewwan isaaf hojjetu turan (Suuraa 34:12-13, 38:36-37).

Du'a Solomoon ilaalchisuun Qur'aanni 34:14 irratti akkana jedha:

“Yeroma Nuti du'a isa (Suleeymaan) irratti murteessine, rirma dachii kan ulee isaa nyaattu tokko malee wanti du'uu isaa irratti isaan qajeelche hin jiru. Yeroma inni kufu, jinnoonni odoo iccitii (ghaybii) kan beekan ta'anii, silaa adaba salphisaa ta'e keessaa hin turru jechuu hubatan”.

Egaa bakka kanatti haa hubannu! Solomoon ulee isaatti hirkachuun dhaabatee kanneen isaaf hojjetaa turan Jiinnota otuma dhaabatee to'achaa jiruu battala dhaabbiitti du'e. Jiinnotis akka isaan ilaalaa lubbuun jirutti itti fakkaatee isaaf hojjetu turan. Garuu mixiin tokko ulee itti hirkatee ture yommuu nyaattu ni kufe. Yeroo kanatti Jiinnoti du'uu isaa hubatan. Qur'aannii fi hayyooti musliimaa kan nutti dubbatan kanumadha. Haa ta'u malee biyya eessaatti, mootiin bakkuma dhaabatee jirutti hanga du'uu fi mixiin ammoo kan inni itti hirkatee jiru ulee isaa hanga nyaattee raawwatutti qofaa isaa kan ta'u? Solomoon erga du'ee booda seerri harkisa lafaa isa irratti waan hin hojjenneef laata bakkuma sanatti gogee kan dhaabate?

Seenaa Solomoon kana keessatti akka namaatti kan ilaalamanii fi miilla isaanii lamaan dhaabatani kan deeman Jiinnoti, simbirroonnii fi mixiiwwan dudubbatan argina. Haa ta'u malee erga yoomii ti simbirroowwanii fi mixiiwwan akkuma namaa keessumaa ammoo wanna fuula duratti ta'u beekuu kan eegalan? Simbirroota keessaa paarrootii (Parrot) shaakala yeroo hedduu booda dubbii namaa fakkeessuun dubbachuu akka dandeessu ni beekama. Garuu hiika isaa beekuun otuu hin taane wanta miiraan raawwatuudha.

Qur'aanni kan dubbate seenaa Solomoon keessatti ammoo kan nutti himame simbira roobaa ti. Mixiiwwanis odeeffanoo kan waliif goodan karaa namoonni ilaalanis ta'e dhaga'aniin hubachuun miti. Qur'aanni garuu akkana jedha:

“Yeroodhuma holqa mixii (Dagandaa) irra dhufan, mixiin tokko “Yaa tuuta mixii! Akka Suleeymaaniifi waraanni isaas odoo hin beekin isin hin caccabsineef manneen keessan seenaa” jette” (Suuraa 27:18).

Wanti nama ajaa'ibsiisu ammoo Qur'aana keessatti dubbachuu ishee kan dubbatameef mixiin:

- Maqaa Solomoon beekti
- Solomoon waraana qabaachuu isaa beekti
- Waraanni Solomoon gara bakka sanaa akka dhufan beekti
- Waraanni Solomoon otuu hin beekin yoo isaan irra ejjetan mixiiwwaniin akka isaan caccabsan beekti.

- Odeeffannoo kana hunda ammoo qindeessuun dubbi duraa duubni isaa hin beekamne akkuma namaa uumtee dubbachuu dandeesseetti.

Jaallatamoota dubbifatootaa “Rabbiif wanti hin danda'amne hin jiru” yaa-da jedhu dawoo godhachuun dubbiin waa'ee hin baafne kun fudhatama argachuun isaaf mala? Seenaan Solomoon kun seenaa isa dhugaa mannaa afoola keessatti kan dubbatamu abjuu fakkaata.

Obboleeyyan keenyi musliimaa Solomoon nabiyyii ta'uu isaa amanu. Akka amantaa nama hedduutti nabiyyoti cubbuu irraa bilisadha. Qur'aannis “gocha Solomoon” kana ni dhugoomsa. Kiristiyaanoti garuu Jiinnotaa fi Sheeyxanoota waliin kan hojjetu nabiyyii hin beekan. Namni akkanatti Jiinnotaa fi Sheeyxanoota waliin hojjetu ta'uu kan danda'u qaalluu malee nabiyyii miti. Nabiyyii dhugaa namni jedhame gocha akkanaa yommuu dalagu yoo argame kennaan nabiyyummaa isaatii isa irraa fuudhatamee gargaaraa Sheeyxanaa ta'eera jechuudha. Akka Macaafa Qulqulluutti xummurri Solomoon akka jalqaba isaa hangam miidhaguu yoo baate iyyuu, garuu Rabbiin walii galee bara jiraatetti malee haala Qur'aana keessatti ibsameen Jiinnotaa fi Sheeyxanootaan walii galee yeroo itti jiraate hin turre. Abbaan isaa Daawit yeroo kiraara taphatu hafuurri hamaan Saa'ol irraa fagaataa akka ture barreeffameera (1Sam 16:14-23). Amalli raajota (nabiyyota) Waaqayyoo kanumadha. Obboleeyyan keenyi musliimaa otuu Solomoon nabiyyi ta'ee jiruu waraana Sheeyxanaa fi Jiinniin ijaarameen mootii ta'ee jiraataa akka ture kan dubbatu jecha Qur'aanaa kiristiyaanoti akka dubbii Rabbiitti fudhachuu dhiisuu isaaniin gadduun isaaniif hin malu.

Kitaabni Qulqulluun Solomoon ilaalchisuun dubbii itti fufee jiru dub-

bata: “Waaqayyo ogummaa fi hubannaa guddaa, yaada bal’aa isa akka cir-racha qarqara galaanaa hammana hin jedhamne Solomooniif in kenne. Ogummaan Solomoon, ogummaa namoota gara ba’a-biiftuu fi namoota Gibxii hundumaa caalaa guddaa ture. Inni namoota warra akka Etaan Ezraahichaa, Hemaan, Kalkoolii fi Dardaa ilmaan Maahool hundumaa caalaa ogeessa waan tureef, oduun isaa saba biyya naannoo isaatii keessa jian hundumaa biratti in beekame. Solomoon fakkeenya kuma sadii dubbate, weedduun isaa immoo kuma tokkoo fi shan ture. Akkasumas inni waa’ee mukkeetii hundaa, muka gaattiraa Liibaanonii jalqabee hamma waa’ee hisoophii ishee keenyan keessatti biqiltutti, waa’ee bineensotaa, waa’ee warra baalleedhaan balali’anii, waa’ee warra lafa irra munyuuqanii fi waa’ee qurxummii dubbateera. Saba hundumaa keessaa, mootota biyya lafaa warra waa’ee ogummaa Solomoon dhaga’an hundumaa biraa namoonni dubbii Solomoon ogummaadhaan dubbate dhaggeeffachuudhaaf ergamanii in dhufu turan” (1Mot. 4:29-34).

Seenaa lamaan kana keessaa isa kamtuu amansiisaa akka ta’e kanneen dubbifatan adda baafachuuf isaan rakkisa jennee hin amannu. Qur’aana keessatti seenaa Solomoon irratti kaafamuu kan malan gaaffiiwwan hedduun yoo jiraatan iyyuu, garuu gama yeroo fi bakkaan yommuu ilaalamu irra darbameera. Dubbifattoonni garuu gadi-fageenyaan qorachuun madaaluu danda’u.

5. Nama Ba’a Biiftuu fi Lixa Biiftuu Ga’uu Danda’eedha?

Namni addaa Zuulqernaayni jedhamu gara lixa biiftuu ga’uun galaana dhoqqee gurraacha qabdu keessa yommuu lixxu akka ishee argee fi namoota bakka sanatti argamanis humnaan akka isaan bite akkasumas gara ba’a biiftuu ga’uun namooti naannaa sanatti argaman sababa ho’ina isheetiin bakka itti baqatan akka isaan hin qabaanne ilaalu isaa Qur’aanni nutti hima.

“Zulqarnayni irraas si gaafatu. “Ani isa irraa oduun isin irratti dubbisuuf jira” jedhi. Dhugumatti, Nuti dachii keessatti isaaf mijeessinee jirra. Waan hunda irraas tooftaa isaaf kennine. Innis karaa deeme. Yeroma iddoo lixa aduu ga’u, isheedhaa galaana dhoqqee gurraacha qabdu keessaan lixxuu arge. Ishee birattis ummata wahii arge. Nuti ni jenneeni: “Yaa Zulqarnayn! Ati isaan adabuu yookiin isaan keessatti toltuu hojjeachuu (filannoo qabda).” Inni ni jedhe: “Nama miidhaa hojjate nuti fuulduratti isa adabna. Ergasii gara Gooftaa isaa deebifamee Innis adaba hamaa ta’e isa adabuuf jirra. Nama amanee, gaariis hojjate immoo, isaaf miindaa gaarii ta’etu jira. Nutis ajaja keenya irraa laafaatti isa ajajuuf jirra.” Sana boodas karaa hordofe.

Yeroma iddoo baha biiftuu ga'e, isheedha ummata ishee irraa golgaa Nuti isaaniif hin taasisiin irratti baatu arge" (Suuraa 18:83-90).

Dabalatas namni addaa (supper human) uumamee ture kun sibiilawwan kukkutaman irraa hidhaa guddaa hojjechuun warqee nahaasii baqsee dhangalaasuun guutuu isaa fi hidhaan kunis guddaa ta'uu isaatiin gaarree-wwan gidduutti kan argamu qaawwaa golguu danda'uu isaa dubbifanna. Qur'aanni faayidaa hidhaa kana yommuu dubbatu Ya'ajuujii fi Maa'ajuuj (Googii fi Maagoog) kan jedhaman sabni jallaan badii akka hin geessifneef ofirraa ittisuuf akka ta'ee fi hidhaan kunis guyyaa murtiitti akka diigamu dubbata (Suuraa 18:93-96).

Haa ta'u malee Zurqennaayniin eenyuudha? Maqaan Zurqennayni jedhu hiikti isaa "abbaa gaanfa lamaa" jechuudha. Hayyooti Musliimaa tokko tokko nama kana Aleksaandeeriyaa isa guddicha (Alexander the Great) ta'uu isaa dubbatu. Garuu Iskindir waaqa tolfamaan kan waaqeffatu ta'uu isaa seenaa keessatti waan beekamuu fi faallaa isaatiin ammoo namni Qur'aana keessatti ibsame Allaatti cimsee akka amane ibsamuu isaatiin ibsi kun fudhata qabaachuu hin danda'u.

Zulqernaayniin hojjechuu isaa kan isaaf dubbatame hidhaan kun hanga guyyaa murtiitti kan turu erga ta'ee ammas jira jechuudha. Kanaafuu obboleeyyan keenyi musliimaa hidhaan kun biyya eessaatti akka argamu nutti himuu danda'u? dabalatas Zulqernayniin dhugaatti maal akka ta'ee fi namni jedhames hidhaa warqee isa guddicha hojjechuu isaa ragaa seena qabeessaan nuuf ibsuu danda'u? Yoom iyyuu taanaan namni hojii guddaa akkanaa hojjetu addunyaa irra jiraateera yoo ta'e seenaa jalaa dhokachuu hin danda'u. Kan inni hojjete eenyu iyyuu ilaalee bira darbuu kan hin dandeeye hidhaa guddaa kana pilaaneetii kana irratti kan argamu yoo ta'e eessa akka jiru beekamuun isaa waan hin hafneedha.

6. Dirhaam Bara Yoseefi?

Yoseef gara Gibxii gatii ittiin gurgurame ilaalchisee Qur'aanni akkana jedha; "Gatii xiqqaa, maallaqa lakkaa'amtuutti, isa gurguran. Isa keessattis warra dhimma isaa hin qabne irraa ta'an" (Suuraa 12:20).

"And they sold him for a reduced price – a few dirhams"

Rakinni jiru bara Yoseef qarshiin bittaa fi gurguraa Dirhaam jedhamu jiraachuu dhiisuu isaa qofa miti. Bara Yoseef namoonni saantimaan fayyadamuu egaaluu dhiisuu isaanii dabalatee tu malee! Akka seenaa hayyootaan kaa'ametti namoonni saantimaan fayyadamuu kan eegalan naannaa dhaloota Kiristosiin dura bara 600 yommuu ta'u Yoseef ammoo kan jiraate naannoo dhaloota Kiristosiin dura bara 1700 dha (The Origin of Electrum Coinage□

by Robert W. Wallace, a professor at Northwestern University, in *American Journal of Archaeology*, July 1987). Kanaafuu bara saantimni hin uumamnetti saantimni dirhaam jedhamu essaa dhufe? Rakkinicha caalaatti wal xaxaa kan godhu ammoo seenaan faallaa kun (anachronism) addunyaan otuma hin uumamiin dura gabatee samiirratti argamu irratti katabamee akka ture Musliimotatti amanamuu isaa ti. Kitaabni Qulqulluun gatii Yoseef itti gurgurame ifatti kaa'uu irra darbee bittaa fi gurgurtaa bara sana ture (ciccitaa qarshii pieces of silver) ibseera. Qur'aanni garuu kutaa baroota jaarraa torbaffaatti kan beekamu saantima ittin daldalamuudha kan ibse.

7. Fannoon (Crucification) bara Yoseefi?

Yoseef waliin mana hidhaa kan turan namoonni lamaan abjuu isaanii erga itti himanii booda Yoseef akkana jechuun isaa dubbatameera:

“Yaa hiriyoota kiyya kan mana hidhaa! Egaa isin lamaan keessaa tokko gooftaa (mootii) isaa farshoo obaasa. Inni biraa immoo fannimeeti allaattiin mata isaa irratti nyaatti. Dhimmi inni isin isa keessati hiika gaafattan murtaa'ee jira” (Suuraa 12:41).

“...but as for the other, he will be crucified”

Fannoon (Crucification afaan arabaan Salaba) yommuu ta'u, bara sana biyya Gibxii yakkamaan kan ittiin adabamu kan argisiisu ragaan seena qabeessaa yokaan arkiyoloojii kamiyyuu hin jiru. Qorannaa hayyootaan godhaman kan argisiisan fannoon kan eegalame dhaloota Kristosiin dura kutaa barootaa jaarraa 6ffaa yommuu ta'u bara Yoseef jiraate waliin garaa garummaa waggaa 1000tu jira. (Britannica: Encyclopedia of World Religions; p. 270).

8. Qonni Biyya Gibxii Rooba Irratti kan Hirkate Ture?

Yoseef abuun inni hiike waliin kan wal argatu seenaan faallessuu kan biroon jira. Yoseef abjuu mootichaa yommuu hiiku gogiinsi akka ta'uu fi gogiinsa booda bokkaan kan roobuu fi rooba kanaanis namoonni baratti kuduraa fi mudura oomishatan dhufuu isaa ni dubbata. Qur'aanni akkana jedha:

“Ergasii sana booda waggaa isa keessa namoonni rooba argatanii fi isa keessas (inaba) cuunfatantu dhufa”(Suuraa 12:49).

Then will come after that a year in which the people will be given rain and in which they will press [olives and grapes].

Dogoggorri keeyyata kana keessatti argamu barataa Ji'oograafii kamiif iyyuu ifaadha. Warri Gibxii rooba irratti hirkattoota akka turan yokiin roobaan fayyadamanii omishaa akka turan kan ibsu ragaan seenaas ta'e arkiyooloojii hin jiru. Jireenya warra Gibxii kan irratti hundeeffame laga Abbayaa irratti malee rooba irratti miti. Barreessaan Qur'aana kanaa haala qilleensa biyya Gibxii nama hin beekne ta'uun isaa ifaadha.

Xummura

Dogoggora seenaa saddeet ta'an armaan oliin ibsaman Qur'aana keessatti kan argaman dogoggora seenaa hedduu ta'an keessaa muraasa isaanii ti. Mul'ati Rabbii inni dhugaan sobuu fi dogoggoruu kan hin beekne Rabbii isa jabaa ta'erraa kan ergaman ta'uu isaaniin dogoggorri akka kanaa isaan keessatti argamuu hin danda'u. Qur'aanni dubbii Rabbii isa dhugaa otuu ta'ee dogoggorri irratti hin argamu ture. Jaallatamtoota obboleeyyan keenya musliimaa, kitaabni tokko Rabbii biraaa dhufuu isaa waan dubbatee fi karaa dubbii afaan Rabbi irraa dhufe fakkaatuun barreeffamuu isaatiin qofa sagalee Rabbii isa dhugaa ta'uu akka hin dandeenye kanarratti akka walii gallu abdii qabna. Qur'aanni dubbii Rabbii fakkeeffamee kan katabame yoo ta'e iyyuu namni katabe immoo nama foonii ta'uu isaatiin barreeffama dogoggora kana fakkaataniif kan guutame ta'ee argameera. Dogoggorri kun ammoo Qur'aanni guutummaa addunyaa kan uume Rabbii isa dhugaa biraa ergamuu dhiisuu isaa kan argisiisan mallattoowwan argisiisaniidha. Waaqayyo Gooftaan (Rabbiin) ija laphee keessanii banee gara dubbii Waaqayyo dhugaa isa ta'e akka deebitaniif isin haa gargaaru.

Jiraattota Jahaannamaa Keessaa Baay'en Isaanii Dubartoota (Kan hiike fi kan qindeesse, qopheessaa)

Islaamummaa keessatti dhiironnii fi dubartoonni wal qixa akka hin taane kan naaf mirkaneesse barreeffama armaan gadii hadisa keessaa argadheedha. Muhaammad akkas jedhe: “Abidda jahaannamaa akkan ilaalu nan taasifame. Warroota achi keessa jiraatan keessaa baay’onni dubartoota.” Dubbiin kun kan himame hadisa keessatti yemmuu ta’u innis kan argamu sassaabbiwwan armaan gadii keessatti:-

Sahih Bukhaarii 29, 304, 1052, 1462, 3241, 5197, 5198, 6449, 6546 (akkataa lakkaawwii Faatah al Bariitin)

Sahih Musliim □ 80, 885, 907, 2737, 2738 (akkaataa lakkaawwii Abd Al-Baakitiin)

Sunnaan Al Tirmiiizi □ 635, 2602, 2603, 2613 (akkaataa lakkaawwii Ahmad Shaakiirtiin)

Sunnan Al naasaay □ 1493, 1575, (akkaataa lakkaawwii Abi Gudaatin)

Sunnaan Ibn Majaah □ 4003 (akkaataa lakkaawwii Abd Al Baakitiin)

Musnaad Ahmad □ 2087, 2706, 3364, 3376, 3559, 4009, 4027, 4111, 4140, 5321, 6574, 7891, 8645, 14386, 27567, 19336, 19351, 19415, 19425, 19480, 19484, 20743, 21729, 26508 (akkaataa lakkaawwii Iyah Al- Turaazitiin)

Muwaataa Maalik □ 445 (akkaataa lakkaawwii Muwaataa Maalikiitin)

Sunnaan Al-Daariimii □ 1007 (akkaataa lakkaawwii Alaami fi zaarmiilitiin)

Waggoota dheeraa dura Islaamummaa irratti qorannoo yemmuun gaggeessu hadisa kana dubbiseen ture; Islaamummaa keessattis dubartoonni fi dhiironni wal qixa akka hin taane kan agarsiisu ragaa guddaa ta’ee argadheen jira. Jecha koo kanas akka armaan gadiittin ibsa:- mana barmsaa tokko keessa kutaalee lamatu jiru haa jennu. Lameen isaanituu lakkoofsa barattootaa walqixa ta’e qaban. Lakkoofsi isaanitis baay’edha. Lameen isaanitiifuu qorumsa ni kenname haa jennu. Barattoot kutaa (A) keessaa baay’en isaanii qoromsicha yoo darban barattoota kutaa (B) keessaa immoo baay’onni isaanii qorumsa ni kufan. Kutaalen lameenuu dandeettii sammuu walqixa ta’e qabaatan illee, sadarkaa barnootaa wal qixxee ta’e yoo qabaatan illee, qorumsa akaakun tokko kennamuuf illee, qabxii walitti dhihaatu akka argatan haaluuma tokkoon jajjabeeffaman illee barattoonni kutaa (B) kufuu isaanitiif wanti dogoggora ta’e tokko raawwatamee jira. Kunis kutaan (B) akka kutaa (A)tti hin barsiifamne yookin immoo qorumsa kutaa (B)dhaf kenname baay’ee ulfaatadha jechuudha. Kanaafuu namichi qorumsa kenne sun haqa qabeessaa

miti jechuudha.

Fakkeenyi armaan olitti argamu hadisa caqafame kanaaf ni hojjetta. Dubartoonnif dhiironni wal qixa yoo ta'an lakkoofsi isaanii jahaannama keessatti aragamus wal bira qabiinsan wal qixa ta'uu qaba. Kuni ta'uu baannan garuu dubartoonni cubbuudhaf caalatti kan saaxilamanii fi baay'es kan qoramani (qorumsa ulfaatatu kennameef) yookin immoo carraa wal fakkaataa dhiironni argatan hin arganne jechuudha (barumsa gadi aanaa argatan jechuudha). Kanaafuu kuni dhuma irratti wanti agarsiisu Waaqayyo yemmuu isaan qoru haqa qabeessa hin turre yookin yemmuu isaan uumu haqa qabeessa hin turre jechuu ta'a.

Kanaan olitti wanti nuti dabaluu dandeenyu uumamaan akka mul'atutti dubartoota caalaa dhiironni baay'en akka dhalataniidha (5% ol), kana jechuunis (baay'onni isaanii dargagummaatti du'anis) lafa irratti dubartoota caalaa dhiironni baay'en jiraatanii jiru. Kanaafuu (lafa irra lakkoofsa dhiirotaa jiraatan irraa ka'uudhanis yoo ilaalle) dubbiin kun baay'ee cimaa ta'a.

Wanti Muhaammad dubbate baay'ee ifa ta'us hiika ingiliffaa irratti mormiin ka'uu danda'a ta'a. baay'ota jecha jedhuuf hiikni Arabiffaa inni sirriin maali? 50.1% fi 49.9% jedhamee hiikkamu ni danda'aa laata? Yookis immoo Arabiffi lakkoofsa irratti garaagarummaan baay'en akka jiru ni agarsiisaa?

Arabiffaan "Aktaar" jecha jedhu yemmuu ta'u yeroo baay'ee faayidaa irra kan oolu lakkoofsa irratti garaagarummaa baay'en yoo jiraatedha. Kanaafuu hadisni kun sheekota hunda biratti kan hubatamu "baay'ee kan baay'atu" hiika jedhu akka qabuudha. Anis yeroo tokko namni tokko "namoota jahaannama keessa jiraatan keessaa lama sadaffaan dubartoota" jedhee yemmuu dubbatu dhagaheen jira. Kana waan ta'eef naannessaa (context) isaa irraa yemmuu kaanu 50.1% fi 49.9% jennee hiikuu hin dandeenyu.

Sababni biraa immoo Muhaamma ija isaatin kan arguu danda'e garaagarummaa baay'en jiraachuu isaati. Inni hin lakkoofne yookin immoo Waaqayyo lakkoofsa itti hin himne. Garaagarummaan kunis ijaan kan mul'atu yoota'e garaagarummaa 1% yookin 2% ta'uu gonkumaa hin danda'u.

Dubbii kana irratti ani qorannoo dabalataa taasiseen jira. Waa'ee kanaa yemmuu dubbannu yeroo baay'ee kan caqafamu hadisa armaan olii kanadha. Haata'u malee ani hadisa biroo kan armaan gaditti argmu argadheen jira. "Jiraattota jahaannamaa keessaa harki baay'en dubartootadha" Volume 7, Book 62, Number 124. Jechi Arabiffaa eddoo kanatti gale ifa akka taasisutti Muhaammad kan dubbatu waa'ee jiraattota gahaannamaa lakkoofsan baay'ee baay'ataniiti.

Usaaman akka seenessetti

Raajichi akkas jedhe :- “Ani balbala jaannataa irra dhaabbadhee kanan arge namoota gara seenan keessaa baay’onni isaanii hiyyeeyyii akka ta’aniidha; dureeyyin balbala irra akka dhaabatan yemmuu taasifaman (qorannoo herregaatif); haata’u malee warri michoota ibiddaa ta’an gara ibidichaatti akka fudhataman ni ajajamu turan. Anis balbala ibidichaa irra nan dhaabbadhe, gara sana kan seenan keessaa baay’onni isaanii dubartoota akka ta’an nan arge.” Hadisni kun kan argamu:-

Saahih Bukhaarii 5196; 6547 (Akkaataa lakkaawwii Fat Al Bukhaaritiin)

Saahih Musliim 2736 (Akkaataa lakkaawwii Abd al Baakitiin)

Musnaad Ahmad 21275; 21318 (Akkaataa lakkaawwii al Turaazitiin)

Eddoo kana irratti “baay’ee” kan jedhuuf jechi Arabiffaa faayidaa irra oole “Ammah” kan jedhu yemmuu ta’u shakki tokko malee kan garsiisu lakkoofsaa baay’ee baay’atuudha. Kanaaf akkuma agartan ani jechi “baay’ee” jedhu hiika qajeelaa miti kana jedheef kana irraa kan ka’eedha. Kanaafuu Muhaammad sirrihan dubbachaa kan jiru namoota jahaannama keessa jiran keessaa harkii baay’atan dubartoota akka ta’aniidha. Dubbii kanaaf maddeen jiran kanneen armaan gadiiti:-

Bukhaarii keessatti si’a 11

Saahih Musliim keessatti si’a 6

Ahmad keessatti si’a 27

Walumaa galatti (hadisoota saglan jiran hunda keessattuu) si’a 53 caqafamanii jiru.

Kunis “jiraattota jahaannamaa keessaa harki baay’ee baay’atan dubartoota” hadisni jedhu kitaabota amanamoo ta’an heddu keessatti waan caqafamee fi seenessitoota wal qabatanii jiran kanneen biroo keessatti waan gabaafameef sirrumaan dubbii raajichaan dubbatameedha. Kanaafuu hadisni kun akka dubbii bu’uuratti amanamummaa hin qabu jedhanii dubbachuun hin danda’amu.

Yaadachiisa Qopheessaa

Islaamummaa keessatti garaagarummaa dubartootaf dhiirota gidduutti argamu Qur’aannis hadisnis ni rageessu. Jahaannama kan dhiphisan dubartoota ta’uun isaanii eddoowwan baay’etti galmaa’ee waan jiruu fi hadisa armaan olitti ibsame keessatti waan dubbatameef haalli kun baay’ee sukkan-eessadha. Abdiin amantaan tokko hordoftoota isaatif kennu Islaamummaa keessatti dubartootaf maalif kennamuu dhiise? Dhugaan kun dhiirota mataa isaanitiif miira akkamiit isaan keessatti uuma? Dhugumaan loogiin (garagar baasummaan) saalaa haqa dhabeessa ta’e kun Waaqa biraa kan dhufedhaa?

Qopheessitoonni fuula kanaa dubartoonnis ta'anii dhiironni Musliimaa gaaflee kanneeni fi kan biroo akka itti yaadan ni fedhu.

Dubbii Waaqayyoo kan ta'e Macaafni Qulqulluun ergaan inni dabarsu garuu baay'ee dinqisiisadha. Sanyiin ilma namaa kamiyyuu cubbamaa waan ta'eef murtiin jahaannamaa kan isa eeggatuudha. Namni tokko saala isaa tin yookin nama amantaa ta'uu isaatin yookin immoo hojii gaarii lafa kana irratti hojjete irraa kan ka'een murtii Waaqayyoo qulqulluu ta'e jalaa ba'uu hin dand'u. Ilmi namaa hundi garaagarummaa saalaa malee murtii dheekamsaa jala jira. Ilma namaa fayyinaaf abdii tokkollee hin qabne kanaaf Waaqayyoo uuman karaa fayyinaa fi isa waliin ittiin araaramu baay'ee amanamaa ta'e qopheessee jira. Karaan kunis cubbamoota hundaaf bakka bu'aa ta'uudhan fannoo irratti fannifamee saboota hundaaf gatii kan kanfale karaa Gooftaa Yesus Kiristoosin warroota isatti amanan hundaaf ifa ta'ee jira.

Garaagarummaa saalaa, umrii fi sadarkaa tokko malee cubbuu isaanitiif dhiifama gaafatanii amanamummaa karaa Gooftaa Yesusin jiru isa cubbuu isaanitiif du'een namoota gara Waaqayyoo dhufan hunda akka simatu Waaqayyoo waadaa seenee jira. Yaa dubbistoota! Kakuu kana keessatti isinis fayyadamtoota ta'uu fi karaa Kiristoosin jireenya bara baraa bilisaan argachuuf akkasumas jaannata keessa Waaqayyoo fi saba isaa waliin jiraachuf ni dandeechu. Wanta guyyaan fidu hinbeektaniiti ejje nnoo kana fudhachu irraa aakka duubatti hin harkifanne isin ni affeerra. Waaqayyoo inni gara-laafessi ayyaana isaatin isin haa gargaaru. Amen.

Qur'aana Keessaa Jechoota Walfaallessan

Musliimoonni obboleeyyan keenya yaadni dogoggoraa fi faallaawwan hedduun Macaafa Qulqulluu keessa jiraachuu isaanii nutti dubbachaa turaniiru. Lallabdoonni kan akka Ahimad Diidaat faa keessummaa baay'ina dogoggora isaa kuma shantamaa hanga kuma dhibbaatti ol guddisu (kana jechuunis luqqisii Macaafa Qulqulluu tokkon tokkon isaa keessa gara dogoggora sadiitu jira jechuudha!). Himannaa sababa of keessaa hin qabaanne kan akkanaa hayyooti Kiristiyaanummaa haala ga'aa ta'een deebii itti kennaniiru. Garuu lallabdoonni Musliimaa hanga isaaniif danda'ame hundumaan Kitaabota amantaa kanneen biroo ceepha'uu fi hamachuun kan mataa isaanii garuu akka waan itti hin bu'amnetti ilaaluun isaanii warra haqaa ta'uu isaanii irratti shakkii kan uumuudha. Namoonni kun Qur'aanni walii isaan yaada tokko kan qabaatuu fi faallaa kamiyyuu of keessaa qabaachuu dhiisuu isaa of jajuun yommuu dubbatan ni dhaga'amu. Qur'aannis waa'ee mataa isaa Suuraa 4:32 irratti akkana jechuudhaan dubbata:

“Sila isaan Qur'aana hin xiinxalanuu? Odoo waan Rabbiin alaa biraa ta'ee, silaa isa keessatti wal dhabbii baa'ee argu turan”

Akka keeyyata kanaatti garaa gartee hedduun Qur'aana keessa hin jiru. Kunis Allaah biraa ta'uu isaaf ragaadha. Jalqabumaan iyyuu Macaafa tokko keessatti yaadni faallan jiraachuun isaa Kitaabni sun hundumaa kan beeku Rabbi biraa ta'uu dhiisuu isaa yoo mirkaneesse iyyuu, qooda kanaa garuu Kitabni tokko yaadaan walfaallesuu dhiisuun isaa Kitaabichi kan hafuuraa ta'uu isaaf ragaa ta'uu akka hin dandeenye beekamuu mala. Kitaabotni asoosamaa yaadawwan walfaallessan of keessaa hin qabaanne hedduun addunyaa irratti argamu. Garuu wanta walfaallesu of keessaa qabaachuu dhiisuun isaanii kan dhugaa ta'uu isaanii hin argisiisu. Bara Kaliifaa Usmaanii fi Dhaloota Kiristosiin booda bara 1924 biyya Gibxiitti sirreeffamni kan isaaf godhame Qur'aanni, wanti walfaallesuu keessa isaatii yoo hin argamne iyyuu ajaa'ibsiisaa hin ta'u. Kan wal hin faallessine ta'uu isaatiinis akka dubbii Rabbiitti hin fudhannu. Garuu Qur'aanni yaadawwan walfaallessan of keessaa hin qabaatu dubbiin jedhu ifatti yommuu ilaalamu, akkuma dubbii afaaniin dubbatamuu salphaa akka hin taanee fi obboleeyyan Musliimaa yeroo fudhatanii ilaaluun kan isaaniif malu yaadawwan ijoo ta'an itti argisiisuu barbaanna. Kana yommuu dubbannu obboleeyyan keenya Musliimaa himannaa Macaafa Qulqulluu irratti kaasaniif deebii kennuuf yaallee miti. Kana malees itti fufanii kan dhiyaatan rakkinoota Macaafa isaaniif deebii qabaachuu hin danda'an ilaalcha jedhu irraa kaanee miti. Rakkinoota kanaaf fur-

maata kennuun salphaa akka isaaniif hin taane yoo tilmaamne iyyuu, garuu deebii qabaachuu isaaniitti akka amanan abdii qabaanna. Isaanis Macaafa Qulqulluu irratti gaaffiwwan kaasaniif Kiristiyaanoti deebii ga'aa qabaachuu isaanii akka hubataniif yaada qajeelummaa irraa maddeen isaan gaafanna. Yaa obboleeyyan Musliimaa ceephoo keessan bifa gaarummaan fudhannee keessummeessuun gaaffiwwan keessaniif karaa ta'uu maluun deebii akkuma laannu, isinis isaan kanaaf yaadawwan walfaallesaan Macaafa keessan keessa jiraniif deebii ta'uu malu akka kennitan abdanna.

1. Dubartoota mushriikaa (Allaatiin ala wanta biraatti kan sagadan) fuudhuun heeyyamameera moo hin heyyamamne?

Hin heyyamamne: Suuraa 2:221 “Hanga isaan amananutti (dubartoota) mushriikaa hin fuudhinaa”,

Heeyyamameera: Suuraa 5:5 “Har’a gaggaariin hundi isiniif eeyyamamaeera. Nyaanni abbootii Macaafaas isiniif eeyyamamaa dha. Nyaanni keessanis isaaniif hayyamamaa dha. tikfattoonni dubartoota mu’uminootaa irraa ta’anii fi tikfattoonni dubartoota warra isiniin dura Macaafa kennamanirraa ta’anii fuudhoo, kan sagaagala hin dalagnee fi sanyoo (jaalallee dhoksaa) hin qabanne taatanii (isiniif eeyyamama)”.

Garuu namooti Macaafa kanaa (Kiristiyaanotii fi Yihuudoti) mushriikota ta’uu isaanii Qur’aanni bakka hundumaatti dubbata. Fakkeenyaaf; Kiristiyaanoti Yesusiif sagaduu isaaniin mushriikota ta’uu isaanii Suuraa 4:17, 5:72-73, 5:116 irratti barreeffameera. Akkasumas Yihuudonni Izraatiin ilma Allaah jechuun waamuu isaaniin mushriikota ta’uu isaanii Suuraa 9:20 irratti barreeffameera. (Amantaan akkanaa seenaa Yihudii keessatti dhaga’amee kan hin beekamne ta’uu isaa Qur’aanni seenaa dhugaa qabaachuu isaa irratti gaaffii kan kaasuu yoo ta’eyyuu), yaada ifaatti faallaa ta’e kana hubachuuf siiloojiihimii itti fufee jiru hubadhaa:

Dubartoota (mushriikaa) warra hin amanneen kan hafe hin fudhinaa

Kiristiyaanotii fi Yihuudonni mushriikota dha

Kiristiyaanootaa fi Yihuudota fuudhaa.

Isaan kun ibsa kan hin barbaachifne yaada walfaallesaniidha.

2. Jiinnii fi namni uumamuun isaanii maaliifi?

• Allaaf qofa bitamuuf: Suuraa 51:56 “Jiinnii fi ilma namaa akka Ana qofa gabbaraniif malee hin uumne”

• Gahaannama ittiin guutuuf: Suuraa 7:179 “Dhugumatti, Nuti jahan-namiif jinnootaafi namoota irraa hedduu uumnee jirra”. Akkasumas Suuraa 23:13, 11:119 irratti yaada walfakkaatu arganna. Keeyyata lamaan gidduu faallaa jiru ifaatti ilaaluun nama kamiif iyyuu rakkisaa nutti hin fakkaatu.

3. Namoota kan jallisuu Allaah moo Sheexana?

Allaah: Suuraa 7:186 “Nama Rabbiin jallise, qajeelchaan isaaf hin jiru.”

Suuraa 16:93 “Rabbiin odoo fedhee ummata tokko isin taasisa ture. Garuu nama fedhe in jallisa; nama fedhes in qajeelcha. Waan dalagaa turtan irraas dhugumatti ni gaafatamtu”.

Sheeyxana: Suuraa 4:119-120 “Isaanis nan jallisa; isaan nan hawwisiis-sas; isaanis nan ajajaa gurra baayladaa ni tarsaasu; isaanis nan ajaja uumama Rabbii ni jijjiiru. Namni Rabbiin ala Sheyxaana jaalallee godhate, inni dhugumatti hongoo ifa ta’e hoonga’eera.”

Suuraa 7:202 “Obboleeyyan isaaniis jallina isaaniif dabaluu. Ergasiis (jallisuu irraa) hin gabaabbatanu.”

Sheyxanni iyyuu ofii isaatiin “Gooftaa kiyya! Na jallisuu keetiin kakkadhe” jechuudhaan jallina isaaf yommuu Allaatiin itti gaafatamaa godhatu Suuraa 15:39 irratti dubbifanna. Akkasumas Suuraa 16:93 irratti akkuma dubbifannu Allaan namootaa ofii isaatiin jallisee kan isaan uume yommuu ta’u garuu “hojii keessaniin isin gaafadha!” jechuudhaan yommuu isaanitti ga’isu argina. Ofii isaatiin jallisee erga uumee booda “waan jallattaniif isin gaafadha” jechuun matuma isaatiin iyyuu sirrii kan hin taaneedha. Hanga nuuf galeen namoota jallisuun hojii Sheeyxanaadha malee hojii Rabbii isa qajeelaa ta’uu tasumaa hin danda’u.

4. Warri araara namaaf kadhahan jiru moo hin jiran?

Jiru: Suuraa 42:5 “...Maleeykonni faaruu Gooftaa isaaniitiin Isa qulqulleessu. Nama dachii keessa jiruufis araarama kadhata...” akkasumas Suuraa 33:43, 4:7 ilaalaa.

Hin jiru: “Isaa gaditti garagaaraafi araarsaan tokkolleen isiniif hin jiru. Sila hin gorfamtanuu?”

Maleeykonni (ergamtoonni) uumama lafarra jiruuf araara kadhata erga ta’ee Allaatiin ala kan araara isiniif kadhata hin jiru yaadni jedhu faallaa cimaa ta’e kan fiduudha. Allaatiin kan hafe kan isiiniif araara kadhata hin qabdan jechuun maal jechuudha? Allaan matuma isaatiin ofii isaa irraa araara kadhata jechuudha? Yoo ta’eef ammoo Allaan amalaanis qaamaanis tokko dha kan jedhu barsiisa Islaamummaa waliin akkamiin walii gala? Suuraa 39:44 irratti jechi argamu Allaan araara kan namaaf kadhata ta’uu isaa yaada dubbatu nuuf cimsa dubbifadha.

5. Allaan haadha manaa malee ilma qabaachuu danda’a moo hin danda’u?

Ni danda’a: Suuraa 39:4 “Rabbiin odoo ilma godhachuu fedhee, silaa waan ofii uumu gidduu kan fedhe filata ture. Qulqullina isaaf malu (sana

irraa qulqullaa'e)."

Hin danda'u: Suuraa 6:101 "...Niitii kan hin qabne ta'ee akkamitti ilmoon isaaf ta'a?"

Keeyyata jalqabaa keessatti Allaan uumama keessaa kan barbaade filachuun qofa ilma godhachuu akka danda'u yommuu dubbatu, keeyyati lammaffaan ammoo haadha manaa kan hin qabaanne yommuu ta'u akkamiin ilma qabaata? Jechuudhaan yaada kan jalqabaan ni diiga. Dabalatas keeyyati lammaffaan hundumaa danda'uu Allaah irratti gaaffii guddaa ni kaasa. Sababni isaa Allaan haadha manaa malee ilma qabaachuu kan hin dandeenye erga te'ee hundumaa kan danda'u ta'uun isaaf hin malu.

6. Allaan qofaa isaa kan gargaaruu moo gargaartota kanneen biroo ni qabaata?

Qofaa isaa kan gargaaru: Suuraa 9:116 "Dhugumatti, Rabbiin mootummaan samii fi dachii kan Isaati. Ni jiraachisa; ni ajjeesas. Rabbiin alatti tiksaa fi tumsaan tokkollee isiniif hin jiru."

Gargaartota kanneen biroo ni qabaata: Suuraa 5:55 "Dhugumatti, jaalalleen keessan Rabbii fi ergamaa isaa ti..." Akkasumas Suuraa 9:71.

Keeyyatawwan kana keessatti "tumsaa" jechi jedhu afaan Arabaan "Waalii" yommuu ta'u maqaa Allaah sagaltamii sagal keessaa tokko dha. Maqaawwan kana ammoo uumamaa kaan ittiin moggaasuun Islaamummaatti akka barsiisa Tawuhidiitti yakka guddaadha. Suuraa 5:55 irratti jechi argamu moggaasa kana kanneen kaaniif kennuurra darbee keeyyata kan jalqabaa waliin ifatti faallessa. Bakka biraattis akkuma kana maleeykonni (ergamtoonni) "gargaartota Allaah" jedhanii waamuu isaanii dubbifanna Suuraa 3:53. Kanaafuu Allaan qofaa isaa "Waalii" moo miti?.

7. Sagadni maleeykotaa eenyuufi?

Allaaf qofa: Suuraa 7:206 "Dhugumatti, isaannan Gooftaa kee bira jiran Isa gabbaruu irraa hin boonanu; Isa qulqulleessuu; Isaafis sujuudha godhu"

Namaaf sagadaniiru: "Yeroo Nuti malaa'ikootaan "Aadamiif sujuuda godhaa" jennes (yaadadhu). Ibliisa malee Isaan sujuuda godhan; (Inni) ni dide; ni boones. Kaafiroota irraayis ta'e." Dabalatas Suuraa 17:61, 15:30 dubbifadha.

Akka barumsa Islaamummaatti sagadni kan isaaf malu Rabbiif qofaadha. Uumamni kamiyyuu sagaduun kan isaaf malu uumaa isaa kan ta'e Rabbii (Waaqayyoof) malee uumama biroof akka hin taane Islaamummaan cimsuun in barsiisa. Musliimni yaada kanaa waliin hin galle kan jiru natti hin fakkaatu. Obboleeyyan Musliimaa keeyyata durfamarii ibsaman kees-

saa yaadawwan faallessan jiraachuu dhiisuu isaanii nu hubachiisuu danda'ure. Garuu Waaqayyo (Rabbii) inni dhugaan maleeykonni namaaf akka sagadaniif ajaja dabarsuun, uumamni tokko uumama kaaniif akka sagadu barsiisuu isaa keeyyata dubbatu kana barumsa Islaamummaa fi Qur'aana guutummaa isaa waliin akkamiin araarsuu danda'u laata?

8. Dubbiin Allaah ni jijjiirama moo hin jijjiiramu?

Ni jijjiirama: Suuraa 2:106 “Wanta keeyyata irraa jijjiirre yookiin si irraanfachiifne caaltuu ishee yookiin fakkaatuu ishee finna. Sila ati Rabbiin waa hunda irratti danda'aa ta'uu hin beektu?”

Suuraa 13:39 “Rabbiin waan fedhe ni haqa; (waan fedhe immoo) ni mirkan-eessa. Isa biras haadha Macaafaa (Lawhal Mahfuuztu) jira.”

Hin jijjiiramu: Suuraa 18:27 “Jechoota Isaa jijjiiraan hin jiru”

Suuraa 18:27 “Jechoota Isaa jijjiiraan hn jiru. Isa malee iddooitti dabdus hin argattu”

Suuraa 10:64 “Jechoota Rabii jijjiiraan hin jiru”

Akkasumas Suuraa 6:115 fi 6:34 dubbifadha. Qur'aana afaan Amaaraa irratti fuula muraasa ta'aniin keeyyati tokko isa kaaniin haqamuu isaa kan argisiisan yaadannoowwan miiljaalee irratti argamu. Fakkeenyaaf: fuula 18, 26, 53, 123, 297 ilaalaa.

Qur'aanni walfaallessuu isaa hayyooti musliimaa afaan Arabaan naasik walmansuuk yommuu jedhan ingiliffaan ammoo “Abrogation” jechuudhaan moggaasu. Haala ilaaluun dubbii kaleessa dubbate haaluu fi kan jijjiiru dadhabaa kan ta'e ilma namaa ti malee, Waaqayyo (Rabbii) isa dhugaa akkamiin ta'uu danda'a? Wanta hundumaaf beekaa kan ta'e Gooftaa jabaa mannaa ilmaan namootaa keessaa naamusa kan qabaatu iyyuu dubbii kaleessa dubbateef amanamaa kan ta'uudha.

9. Namooti Gahaannama keessatti gataman nyaati isaanii tokko qofa moo lama?

Muka Adaamii jedhamu qofa: Suuraa 88:6 “Adaamii malee nyaanni isaaniif hin jiru”

Muka Zaqqumtuu jedhamu: Suuraa 37:62-68 “Qubannaaf sanatu caala, (Muka hadhaawaa) Zaqquumtu caala?. Dhugumatti Nuti miidhaa raawwatootaaf morkora ishee taasifne. Isheen muka hundee ibidda jahannam keessaan baatuudha. Firiin ishee akka mtaa sheyxaanotaati. Isaan ishee irraa nyaatanii garaa isaanii ishee irraa guuttatu...” Akkasumas Suuraa 56:52 dubbifadhaa.

Malaa (warra ibiddaa) qofa: Suuraa 69:36 “Nyaannis malaa (warra ibiddaa) irraa malee hin jiru”

Namni Gahaannamatti gatame nyaati isaa adaamii qofa dha? Malaa warra ibiddaa qofa? Moo muka Zaqqumtuudha? Akkasumas namni Gahaannama keessatti gatame bishaan danfe dhuguu isaa Qur'aanni ni dubbatu (Suuraa 56:54-56).

10. Muhammad yoo dogoggore kan miidhamu eenyuudha?

Mee keeyyata Qur'aana itti fufee jiru hubadha:

Suuraa 34:50 “Yoon jalladhes, kan ani jaalladhu lubbuu kiyya irratti. Yoon karaa qajeelaa qabadhes, waan Rabbiin kiyya gara kiyyatti erguuni.”

Muhammad “kanan amanetti amanaa na hordofaa” jechuudhaan deebi'ee ammoo “yoon jaalladhes, kan ani jaalladhu lubbuu kiyya irratti” jechuun isaa baay'ee ajaa'ibsiisaadha. Keeyyati kun Qur'aana afaan oromoo fi ingiliffaan caalaatti ifaa ta'uun dubbifama. Yaadni isaas Muhammad yoo dogoggore kan miidhamu isuma qofaa ta'uu isaa ti. Musliimoti haala uffannaa hanga rifeensa areedaa sirreeffataniin Muhammadiin fakkkaachuun murteessaa ta'uu isaa amanu. Muhammad sirrii yoo ta'e barumsa isaa kan hordofanii fi fudhatan namoonni fayyuu danda'u. Inni sirrii miti yoo ta'e ammoo baduu danda'u. Sababni isaa raajota (nabiiyyota) sobduu fi barsiisota sobduu ta'aniin namooti hordofan hundi ni badu. Muhammad nabiiyyii dhugaas ta'e ta'uu dhaa yoo baates dubbiin akkanaa dogoggora ta'uu isaa hundumaaf ifaadha. Sababni isaa inni yoo dogoggore kan miidhamu namoota isa hordofan hundumaa malee isa qofa ta'uu dhiisuu isaa ti jechuudha.

11. Maariyaam (Maryam) tti kan mul'atan Maaleykota meeqa turan? Maariyaam yommuu Gooftaa Yesuusiin deessu karaa Ergamaan (Maleeykaan) ergaan isheetti dubbatame yoo xiqqaate bakka lama Qur'aana keessatti argamu. Isaanis:

Maleeykota hedduu: “Yeroo Malaa'ikoonni “Yaa Maryam! Dhugumatti Rabbii si filateera. Si qulqulleesseeras. Dubartoota aalama hundaa irraas si filateera” jedhanis (yaadadhu)” (Suuraa 3:45). Akkasumas “malaa'ikonni.... jette (yaadadhu)” (Suuraa 3:45).

Maleeykaa tokko : “Isaan irraa haguuggaa godhattee, ergamaa keenya (Jibriiliin) gara asiitti ergine. Innis namuma (uuman isaa) guutuu asiitti fakkaate...Ani ergamaa Rabbii keetiiti, akkan ilma qulqulluu siif kennuuf (Rabbiin na erge) jedheen” (Suuraa 19:17-19).

Akka keeyyatawwan kanaatti gara Maryam kan dhufan Maleeykota hangamii ti? Akka keeyyata 3:42 fi 45 tti Maleeykonni lakkoobsaan hedduu ta'uu isaaniidha kan ibame. Kana jechuunis Qur'aana afaan arabaan baay'inni Maleeykotaa sadiirra kana caalan akka turaniidha. Garuu ammas akka Qur'aana afaan arabaatti Maleeykota afur yokiin kuma tokko yokiin ammoo

miiliyoona ta'uu iyyuu ni danda'a. Keeyyata 19:18 irratti akkuma ibsameen ammoo Maryam ergamaa tokko waliin qofa dubbachaa turte. Kana malees ilaaltee sodaachuun ishee Maleeykaa tokko ta'uu isaaf ragaa kan biroo dha. Kanaafuu kamtu sirriidha?

12. Magaala Aad jedhamtu irratti adabbiin qilleessaa guyyaa hanguamiif buubbise?

Guyyaa tokkoon ol: Suuraa 69:6-7 “Aad immoo qulleensa sagalee cimaa akkaan bubbisuun balleeffaman. Halkan torbaa fi guyyaa addeetiif walitti aansee isaan irratti erge. Ishee keesatti ummata kan jirma timiraa hundeen buqqifame fakkaatanii kukkufan argita”

Suuraa 41:15-16 “Aad immoo dachii keesatti haqaan ala boonanii “humnaan namni nurra cimaa eenyu?” jedhan. Sila Rabbiin, Inni isaan uume sun dhugumatti, humnaan isaan irra cimaa ta'uu hin arginee? Keeyyatoota keenya mormitoota turan. Akka jiruu duniyaa keessatti adaba salphinaa isaan dhandhamsiifnuuf jecha guyyoota (isaaniif) hamma keessatti bubblee cimaa isaan irratti ergine. (Haa ta'uu malee) adaba Aakhiraatu irra salphisaa dha. Isaan hin tumsamanu.”

Guyyaa tokkoof: Suuraa 54:18-19 “(Ummanni) Aad (Huudiin) sobsiifte. Adabni kiyyaa fi akeekkachiifni kiyyaas akkam ta'ee ture laata? Dhugumatti, Qur'aanas hubachuudhaaf laaffifneerra. Namni ittiin gorfamu jiraa” (For We sent against them a furious wind, on a Day of bitter ill-luck).

Akka keeyyatawwan kanneen duraatti saba magaalittii keessaa jiraatan irratti adabbii Allaah kan taate qilleensi kan ergamte guyyaa tokkoo oliif akka ture yommuu dubbatu, akka keeyyata lammaffaatti ammoo guyyaa tokkoof (“guyyaa” kan jedhu guyyaa tokko akka ta'e kan argisiisu) ta'uu isaa argina. Kanaafuu kamtu dhugaadha?

13. Inni tokko badii kan nama biraa in baata moo hin baatu?

Hin baatu: Suuraa 35:18 “(Lubbuun) badii hojjattu (tokkos) badii lubbuu biraa hin baadhattu. (Lubbuun) ba'aan (badiin) itti ulfaate tokkos akka ba'aa ishee namni biraa irraa baadhatu yoo gaafattes, odoma fira ishee ta'eellee ishee irraa homaayyuu hin baadhatamu. Kan ati akeekkachiiftu isaan Rabbii isaanii fagootti sodaatanii, Salaatas gadi dhaabanii dha. namni (badii irraa) of qulqulleesse, kan inni of qulqulleessu matuma isaatiifi. Deebi'iinsi garuma Rabbiiti.”

Suuraa 53:37-42 “Kan Ibraahiim isa (ajaja Rabbii) guutees. (Isheen sun) lubbuun dilii baadhattu ba'aa lubbuu biraa hin baadhattuudha. Namaafis waan hojjate malee hin taaneedha. Hojiin isaas of duratti mul'achuuf jiraa dha. Achii booda mindaa guutuutu isaa kennamaadha. Xummurri (waan

hundaas) gara Rabbiittii ta'uudha.”

Ni baata: Muhammad bara isaa kan turan badii Yihuudonni abboota isaanii hojjetaniin yommuu isaan ceepha'u kutaa Qur'aanaa hedduu keessatti argina. Fakkeenyaaf Qur'aana 2:50-52 akkana jedha: “Yeroo bahra isiniif addaan foonee, ergasii bilisa isin baafnee ummata Fir'awnis odoo isin argitan bishaaniin dhidhimsine sanis (yaadadhaa). Yeroo Muusaaf halkan afurtama beellamnes (yaadadhaa). Ergasii isin bakka inni hin jirretti warra of miidhe taatanii mirgoo (jibicha) □gabbaramaa□taassifattani. Ergasii sana booda akka isin galateeffataniif jecha dhiifama isiniif goone.”

Abbootii warqee jibicha irraa hojjetameef sagadan otuu ta'anii jiranii garuu ilmaan isaanii kan komataman ta'aniiru. Kanaafuu inni tokko badii kan nama biraa in baata moo hin baatu? Isa kam fudhannu?

14. Muhammad akeekkachiisa kan laatu namoota amanan qofaaf moo namoota hin amanneen kan dabalatuudha?

Kanneen amanan qofaaf: Suuraa 35:18 “...isaan Rabbii isaanii fagootti sodaatanii, Salaataas gadi dhaabanii dha. Namni (badii irraa) of qulqulleesse, kan inni of qulqulleessu matuma isaatiifi. Deeb'iinsi garuma Rabbiiti.”

Suuraa 36:11 “Kan ati akeekkachiiftu nama gorsa hordofee Rahmaaniinis fagootti sodaate qofa. Araaramaafi mindaa gaariin isa gammachiisi.”

Namoota hin amanneen kan dabalatuudha: Suuraa 41:13 “Yoo isaan gara galan “ani iyyansa hamaa, akka iyyansa ummata Aadii fi Samuudiin isin sodaachiseera” jedhiin.”

Suuraa 34:46 “Kan ani isin gorsu waan tokko qofatti. Innis akka cimdii fi kphaanis Allaahf dhaabattanii, ergasii saahiba keessan (Muhammaditti) maraatummaan tokkollee hin jiru jechuu xiinxaltaniifi. Inni akeekkachiisaa adaba cimaa dura isiniif (ergame) malee waan biraa hin taane.”

Keeyyata kanneen duraa keessatti akkuma argine Muhammad kan akeekkachiisu namoota amanan qofaadha. Garuu akka keeyyatawwan isaan irraa itti fufuun argamanitti ammoo namoota hin amanne dabalatee Muhammad akeeka kan kennu ta'uu isaa fi yommuu isaan akeekkachiisu dubbifanna. Kanaafuu isa kamtu dhugaadha?

15. Magaalota ergamtoonni (rasuulonni) itti ergaman hundumaatti namooti kafaran jiru moo namoonni hin kafarre jiru?

Kafaraniiru: 34:34 “Magaalaa kamillee keessatti akeekkachiisaa tokkoyuu erginee badhaadhoon ishee “nuti waan isin ittiin ergamtan kanatti kafaroodha” jechuun malee hin hafanu.”

“And We did not send into a city any warner except that its affluent said,”Indeed we, in that with which you were sent, are disbelievers.”

Kanneen hin kafarres jiru: Yoonas (Yuunus) kan itti ergame sabni magaalittii amananiiru- Suuraa 10:98 “Sila magaalaan (erga adaba Rabbii ergite) amantee ergasii iimaanni ishee ishee fayyade ummata Yuunus malee maaliif hin jiraatini? (Hin jiru jechuu dha). Isaan amannaan jireenya duniyaa keessatti adaba salphisaa ta’e isaan irraa fuunee, hanga yeroo murtaa’eettis isaan qanansiifne.”

16. Allaan waan hundumaa beeka moo hin beeku?

Waan hundumaa beeka: fakkeenyaaf Qur’aana 2:59, 2:96, 49:18 ilaalaa.

Hundumaa kan beeku miti—

Tilmaamaan dubbata: Suuraa 53:1-9 “Urjiini kakadhe; yeroo inni bu’u (seenu). Hiriyaan keessan (Muhammad SAW) hin jallanne; hin dogoggorres. Fedha lubbuu irraas hin haasa’u. Inni (wanti inni dubbatu) wahyii buufamuu qofa. (Jibriil) kan humni isaa cimaatu isa barsiise. Abbaa humnaa ta’ee (bifa Rabbiin irratti isa uumeen) ol ta’e. Inni moggaa (samii) isa ol aanaa irratti (ol ta’e). Ergasii dhihaatee gadis bu’e. Hanga fageenya qabannaa gooboo lamaanii yokiin sana irra dhihoo ta’e.” “And was at a distance of two bow lengths or nearer.”

Ni shakka: Suuraa 11:12 “ “Maaliif qabeenyi guddaan isa irratti hin buufamne, yookiin maleykaan isa waliin hin dhufne” jechuun isaanii sodaachuuf jecha garii waan gara keetti buufamee dhiisuun, isattis onneen kee dhiphachuun, sirratti sodaatama. Ati akeekkachiisaa qofa. Rabbiin wanta hunda irratti tiksaadha.”

Suuraa 18:6 “Yoo isaan haasa’a kanatti amanuu baatan gaddaan faana isaanii irratti lubbuu kee baleessuutu siif sodaatama.” “Then perhaps you would kill yourself through grief over them, [O Muhammad], if they do not believe in this message, [and] out of sorrow”

Suuraa 26:3 “(Yaa Muhammad!) Ati Mu’umintoota ta’uu dhabuu isaaniitiif (gaddaan) lubbuu kee baasuun siif sodaatama” “Perhaps, [O Muhammad], you would kill yourself with grief that they will not be believers” Shakkii kan hin qabaanne ta’uuf yeroo fi haalota eeguu isa barbaachisa:

Suuraa 72:25-28 “ “Wanti isin sodaachifamtan dhihoo ta’uu yookiin Rabbiin kiyya beellama yeroo (dheeraa) isaaf godhaa hin beeku” jedhiin. (Rabbiin) Beekaa fagooti; fagoo Isaa irratti nama tokkollee hin mul’isu. Ergamaa irraa nama jaalate malee (kan biraatti hin mul’isu). Inni fuuldura isaatii fi duuba isaatiin eegdota (malaykota) seensisa. Haaluma waan isaan bira jiru hundatti marsee fi waan hundaayyuu lakkoofsaan walitti qabee jiruun “ergaawwan Gooftaa isaanii dhugumatti bakkaan ta’uu isaanii” akka ifa baasuuf (eegdota kaa’e).”

“That he may know that they have conveyed the messages of their Lord; and He has encompassed whatever is with them and has enumerated all things in number.”

Suuraa 47:31 “Hanga qabsaa’otaafi obsitoota isin irraa adda baafnee, oduu keessanis hanga mul’ifnutti isin morkorra”

Suuraa 3:140 “Yoo madaan isin tuqes, dhugumatti ummatas (diinotas) madaan fakkaataan isaan tuqeera. Guyyoota sana gidduu namaatti nanaan-nessina. Rabbiin isaan amanan mul’isuu fi isin irraas wareegamtoota taasisuuf (kana godhe). Rabbiin miidhaa hojjattoota hin jaalatu.”

Keeyyata kanneen duraa keessatti Allaan waan hundumaaf beekaa ta’uu isaa yommuu nutti dubbatu, keeyyata kanneen lamaffaan ibsaman keessatti garuu Allaan yommuu shakku tilmaamaan dubbatuu fi waa’ee wanta garaa garaaf ammoo shakkii kan hin qabaanne ta’uuf akkuma namaa yeroo fi haala eeggachuun yommuu isa barbaachisu argina.

17. Kaafiroonni guyyaa firdiitti ni dubbatu moo hin dubbatan? Ni dubbatu: Suuraa 23:105-109 «Silaa keeyyattoonni kiyya isin irratti dubbifamaa turtee, isinis isaan sobsiisaa hin turree? Isaanis ni jedhan; “(Yaa) Gooftaa keenya! Gogiinsa keenyatu nu injifate; nus ummata jallatoo taane. Gooftaa keenya! Ishee irraa nu baasi. Ergasii yoo itti deebine, dhugumatti nutu miidhaa hojjattoota.” (Rabbiinis) “Salphaadhaatii ishee (jahannam) keessa fagaadhaa. Anas hin dubbisinaa” jedha. Dhugumatti, gareen gabroota kiyya irraa ta’e tokko “Gooftaa keenya! Aamannee jirra. Kanaafuu nuuf araarami, rahmaatas nuuf godhi. Ati irra caalaa warra rahmata godhaniiti” jedhaa turaniiti»

Suuraa 16:86 “Isaan (Rabbitti waan biraa) qindeessan yeroo qindoolee isaanii argan “Gooftaa keenya! Isaan kun qindoolee keenya warra nuti siin ala kadhachaa turree dha” jedhu. (Gabbaramtoonnis) “dhugumatti isin kiji-boo dha” (jedhuun) jecha gara isaanii darbatu.”

Suuraa 20:102-104 “Guyyaa garri (xurumbaa) keessa afuufamu (dubbadhu). Guyyaa san badii raawwatoota (ija) cuquliisa (jaamaa) taasifnee walitti qabna. Gidduu isaaniitti “Isin (guyyoota) kudhan malee (duniyaa irra) hin turre” jechuun walitti hasaasu. Nuti yeroo amala irra beekan isaanii “isin guyyaa tokko malee hin teenye” jedhu waan isaan jedhan akkaan beekna” Hin dubbatan: Suuraa 17:97 “Namni Rabbiin qajeelche, isatu qajeelaa dha. Nama inni jallises, isaaniif Isaaa gaditti gargaartota hin argituuf. Guyyaa Qiyaamaas fuula isaanii irratti, jaamaa, arrabaa qabamaa fi gurraa duudaa ta’anii isaan kaafna. Teessoon isaaniis jahannami. Dhawaata isin gadi laaftuun gubaa ibiddaa isaaniif daballa.”

Suuraa 16:84 “Guyyaa ummata hunda irraa ragaa kaafnus (yaadadha). Sana booda isaan kafaraniif (akka haasa’an) hayyoonni hin kennamu. (Komii dhiifama qabus) hin komatamanu.”

Suuraa 77:28-36 “Kijibsiiftotaaf guyyaa san badiin mirkanaa’e. (Isaaniin ni jedhama): gara waan sobsiisaa turtanii deemaa. Gara gaaddisa abbaa damee sadihii deemaa.” Gaaddisessaaa miti; boba’aa ibiddaa irraas hin duroomsu. Isheen qaanqeewwan akka gamoo darbatti. Inni (qaanqechi) gaalota bobboora fakkaata. Kijibsiiftotaaf guyyaa san badiin mirkanaa’e. Kun guyyaa isaan hin dubbannee dha. Rakkoo haa himataniif isaanifi hin eeyyamamu.

Akka keeyyata kanneen jalqabaatti gantoonni guyyaa murtiin laatamutti waaqa tolfamaa itti sagadan waliin, Allaah waliin akkasumas walii isaaniin kan haasa’an yommuu ta’u kanarraa itti fufuun keeyyata kaa’amaniin garuu akka hin dubbanne dubbatameera. Kanaafuu isa kami dhugaan isaa?

18. Allaan uumaa isaa waliin kallattiin dubbata moo hin dubbatu? Ni dubbata: Suuraa 4:64 “Nuti ergamaa irraa akka eeyyama Rabbiitiin ajajni isaa fudhatamuuf malee hin ergine. Odoo isaan (munaafiqoonni) yeroo lubbuu isaanii miidhan, sitti dhufanii Rabbiin araara kadhataniifi Ergamaanis araara isaaniif kadhatee, silaa dhugumatti akkaan araaramaa, akkan rahmata godhaa ta’eetiin Rabbiin argatu turan.”

And [We sent] messengers about whom We have related [their stories] to you before and messengers about whom We have not related to you. And Allah spoke to Moses with [direct] speech.

Keeyyati Qur’aanaa kun Macaafa Qulqulluu keessatti waa’ee Musee kan dubbatameen calaqqisiisuudha. ”Waaqayyo akka nama firaa wajjin haasa’uutti fuula isaa duraa Museetti in dubbata ture; yommuu Museen iddoo buufataatti deebi’u Iyaasuu ilmi Nun dargaggeessichi isa gargaaru sun immoo balbala dunkaanichaatii hin mittiqu ture” (Ba’uu 33:11).

Hin dubbatu: Suuraa 42:51 “Namaaf Rabbiin isa dubbisuun, wahyiin yookiin dahoo duubaan, yookiin ergamaa ergee hayyama Isaatiin waan fedhe itti buusuun malee hin taane. Inni ol aanaa, ogeessa”

19. Allaan yakka shiirkii (isa biratti waaqa tolfamoo birootti sagaduu) dhiifama godha moo hin godhu?

Dhiifama godha: Suruaa 4:153 “Abootin Macaafaa samii irraa Macaafa isaan irratti buusuu si gaafatu. Muusaan waan kana irra guddaa gaafataniiru. “Rabbiin ifatti nu agarsiisi” jedhani. Sababa miidhaa isaaniitiin gaggabbiin (duuti) isaan qabde. Sana booda erga mallattoowwan isaanitti dhufanii jibicha (gabbaramaa) godhatan. Sanas irra isaaniif dabrane. Muusaasf ragaa ifa

ta'e kennine.”

Dhiifama hin godhu: Suuraa 4:48 “Dhugumatti Rabbiin Isatti waa qindeeffamuu hin araaramu, Waan sanaa gadi nama fedheef ni araarama. Namni Rabbitti qindeesse dhugumatti cubbuu guddaa uumeera”

Suuraa 2:108 “Dhugumatti isin akka Muusaan kana dura gaafatame ergamaa keessan gaafachuu feetuu? Namni kufrii iimaanaan jijjiirrate, dhugumatti karaa sirrii irraa jallateera”

Keeyyata kan duraa irratti akkuma ibsame Israa'elonni waantota ajaa'ibsiisaa isa dhugaa kan Waaqayyoo (Rabbii) otuu ilaalanii fi maalummaa isaa beekanii jibicha tolfamaatti sagadaniiru. Qalbii yommuu jijjiiratan garuu dhiifama argataniiru. Keeyyatoonni itti fufanii jiran garuu Allaan yakka akkanaa gonkumaa dhiifama gochuu akka hin dandeenye dubbatu. Faallaan jiran ifaadha.

20. Namni mirga bilisa ta'e in qabaata moo hin qabaatu?

Hin qabaatu: Suuraa 10:100 “Mee wantoota samii fi dachii keessa jiran (hunda) ilaalaa jedhi. Mallattoolee fi akeekkachiiftoonnis namoota hin amanne irraa homaa hin deebisanu.”

Mirga bilisa ta'e in qabaata: Suuraa 81:27-28 “Inni aalama hundaaf gorsa malee homaa miti; Nama isin irraa qajeelumaa fedheef (gorsaa ta'a).” It is not except a reminder to the worlds. For whoever wills among you to take a right course.

Suuraa 30:9 “Sila dachii keessa deemanii booddeen warri isaaniin duraa akkam akka ta'e hin ilaallee? Irreeenis isaan irra cimoo turan. Dachii qotanii waan isaan (warri Makkaa) misoomsan irra hedduu misoomsaniiru. Ergamtoonni isaaniis ragaawwan ifa ta'aniin isaanitti dhufanii. Dhugumatti, Rabbiin kan isaan miidhu hin taane. Garuu isaan lubbuu isaanii kan miidhan ta'ani.”

21. Gaarummaa fi hamminni eenyu irraa ti?

Gaarummaa fi hamminni Allaa biraa ti: Suuraa 4:78 “Eessallee yoo taatan duuti isin argata. Odoo gamoowwan ciccimoo keessa taatanillee (isin irraa hin hafu). Yoo toltuun wahii isaan tuqu immoo “kun Rabbiin biraayi” jedhu. Yoo hamtuun wahii isaan tuqu immoo “(yaa Muhammad!) kun si biraayi” jedhi. Namoonni kunniin maaltu isaaniif jecha homaatuu hubachuutti hin dhihaanne?”

Hamminni Namarraa gaarummaan Allaah biraa ti: Suuraa 4:79 “Toltuu irraa wanti si tuqe kamillee Rabbiin irraayi. Hamtuu irraa wanti si tuqe kamillee lubbuu kee irraayi. Namootaaf ergamaa taasifneetiin si ergine. Ragummaaf Rabbiin qofti ga'aadha

What comes to you of good is from Allah, but what comes to you of evil, [O man], is from yourself. And We have sent you, [O Muhammad], to the people as a messenger, and sufficient is Allah as Witness.

22. Musliimonni namoota hin amanneen loluu moo dhiifama akka isaaniif godhaniif kan abboomaman?

Akka lolaniif: Suuraa 9:29 “Isaan Rabbii fi Guyyaa Dhumaatti hin am-inin, kan waan Rabbiifi ergamaan Isaa haaram godhe haraam hin godhin, kan amanti haqaa hin fudhanne, warra kitaabni kennameef irraa kan ta’an hanga isaan salphatoo ta’anii gibira harkatti kennanitti loolaani.”

Kanneen hin fudhanneen humnaan sallamsiisuu dabalatee: Suuraa 8:38-39 “Hanga “fitnaan” (shirkiin) hin argamnee fi amantiin hundi isaa Rabbiif ta’utti isaaniin lolaa; (kufrii irraa) yoo dhorgaman, dhugumatti, Rabbiin waan isaan dalagan argaadha”

24. Lubbuu namaa kan baasu eenyuudha?

Maleykaa du’aa (Maleykaa tokko): Suuraa 32:11 “Maleykaa du’aa isa isin irratti ramadametu isin ajjeesa. Sana boodas gara gooftaa keessanii deebi-fantu” jedhiin.

Maleykota hedduu: Suruaa 47:27 “Yeroo maleeykonni fuula isaaniitiifi dugda isaanii rukutuun isaan ajjeesan akkam tahuu taa’an?”

25. Musliimonni haadholii meeqa qabaatu?

Haadha tokkittii qofa: Suuraa 58:2 “Isaan isin keessaa dubartoota (haadhotii manaa) isaanii irraa ‘Zihaara’ godhan (ati anaaf akka dugda haadha kiyyaa-ti’ jechuun kakatan), isaan (haadhotiin manaa) haadholii isaanii miti. Haad-holiin isaanii isaanuma isaan da’an sana qofa. Dhugumatti, isaan jecha irraa isa fokkataa fi soba ta’e dubbatu. Dhugumatti Rabbiinis dhiifama godhaa araaramaadha.”

Haadhotii hedduu: Suuraa 33:6 “Nabiiyyiin Mu’umintootatti lubbuma isaanii irrayyuu itti aanaadha. Haadholiin manaa isaatiis haadholii isaanii ti. Yoo gara jaalalleewwan keessaniitti gaarii hojjetan malee warra firooma qabantu, Macaafa Rabbii keessatti, mu’imintootaa fi godaantota irra gariin isaanii garii (dhaaluutti) haqa. Kun Macaafa (Lawhal mahfuuz) keessatti bar-reeffamaa ta’eera.”

Keeyyati inni duraa Musliimonni haadha tokkittii qofa qabaachuu isaanii fi dubartoota kannen biroo karaa fakkeenya ta’uun “haadhotii” jed-hanii moggaasuun isaanii kijibaa fi Allaah biratti dubbii jibbamaa akka ta’e kan ibsu yommuu ta’u, keeyyati inni lammaffaan ammoo haadha manootiin Muhammad karaa fakkeenya ta’aniin haadhotii Musliimotaa ta’uu isaanii dubbata. Fallaan isaa ifaadha.

26. Fayyuu kan danda'an eenyu faa ti?

Musliimota qofa: Suuraa 3:85 “Namni Islaamaan alatti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu. Aakhiraattis inni warra hoonga'an irraayi.”

Suuraa 3:19 “Dhugumatti amatniin Rabbiin biratti (fudhatama qabu) Islaama qofa. Isaan kitaabni kennameef erga beekumsi isaaniif dhufee booda jibba gidduu isaanii jiruu jecha malee (san dura) wal hin dhabne. Namni keeyyattoota Rabbiitti kafaars dhugumatti Rabbiin arifataa qormaataati.” Yihuudonni, Kiristiyaanoti, Saabi'ooti akkasumas Allaah fi guyyaa dhumaatti kan amane hundi in fayya: Suuraa 5:69 “Isaannan amanan, isaan yahuudoman, saabi'oonni fi kiristaanonnis, namni Rabbii fi guyyaa Aakhiraatti amanee, waantoota gaggaarsiis dalage, isaan irra sodaan hin jiru; isaan hin gaddanis.”

Suuraa 2:62 “Dhugumatti isaannan amanan, isaan yahuudoman, (isaan) kiristiyaanotaa fi saabi'ootas. (isaan irraa) namni Rabbiifi Guyyaa Aakhiraatti amanee toltuus hojjete, isaaniif mindaan Gooftaa isaanii biratti qophaa'ee jira. Sodaanis isaan irra hin jiru; Isaanis hin gaddanu”.

27. Maatii hin amanneen firoomfachuun heeyyamameera moo hin heeyyamamne?

Heeyyamamaera: Suuraa 31:15 “Yoo isaan lamaan waan beekumsa isaa hin qabne akka Natti qindeessituuf sitti qabsaawan, tole isaaniif hin jedhin. Duniyaa keessatti haala gaariin isaan waliin jiraadhu. Karaa nama gara kiyya deebi'ee hordofi. Sana boodas deebiin keessan gara kiyya; waan isin dalagaa turtanis isinittin odeessa”

Hin heeyyamamne: Suuraa 9:23 “Yaa warra amantan! Abbootii keesaniifi obboleeyyan keessan yoo isaan iimaana irraa kufrii jaallatan, jaalallee hin taasifatinaa. Isin irraa namni jaalallee isaan taasifate, warri sun isaanu-matu midhaa raawwatoota”

28. Musliimoti Kiristiyaanota waliin firummaa akka qabaataniif heeyyamameera moo hin heeyyamamne?

Heeyyamameera: Suuraa 5:82 “Dhugumatti, namoota diinummaan warra amananiif akkaan cimaa ta'an yahuudotaa fi mushrikoota ta'uu argita. Dhugumatti, namoota jaalalaan isaan amanannitti irra dhihoo ta'an warra “nuti kirsitaanota” jedhan ta'aniitiin agarta. Kun waan isana irraa qeesonnii-fi monokseewwan jiraniifi isaanis hin boonneefi.”

Hin heeyyamamne: Suuraa 5:51 “Yaa warra amantan! Yahuudotaafi Kirsitaanotas jaalallee keessoo hin godhatinaa. Gariin isaanii jaalallee gariitti. Isin irraa namni jaalallee isaan godhate, inni isaanuma irraayyi. Dhugumatti, Rabbiin ummata miidhaa hojjattoota hin qajeelchu”

29. Ergamoota ta'uun kan ergaman namoota qofaadha moo uumamni kaanis jiru?

Namoota qofa: Suuraa 12:109 “Si duras dhiirota warra gandaa irraa wahyii gara isaaniiti buufne malee hin ergine. Sila dachii keessa deemanii booddeen warra isaaniin dura turanii akkam akka ta’e hin ilaalanuu? Dhugumatti, isaan (Rabbiin) sodaataniif mana Aakhiraatu caala. Sila hin xiinxaltanuu?”

Uumamni kaanis ergamaniiru: Suuraa 22:75 “Rabbiin maleykota irraa ergamoota filata; namoota irraas (ni filata). Dhugumatti, Rabbiin dhaga’aa, argaadha”

30. Jannata galuun Muhammad dhugaa dha moo hin beekamu? Dhugaa dha: Suuraa 48:1-2 “(Yaa Muhammad!) Nuti injifannoo ifa ta’e si gonfachiifneerra. Akka Rabbiin dilii kee irraa waan dabareefi waan dhufus siif araaramuuf, akka ni’imaa Isaa sirratti guutufi akka karaa qajeelaa si qajeelchuuf jecha (injifannoo ifa ta’e siif kenne).”

Hin beekamu: Suuraa 46:9 “(Yaa Muhammad!) jedhi: “Ani ergamtoota irraa isa jalqabaatii miti. Waan anaafi isin irratti dalagamuuf jirus hin beeku. Waan gara kiyyatti wahyii godhamu malee (wanta biraa) hin hordofu. Ani sodaachisaa ifa bahaa dha malee waan biraatii miti.”

31. Yoonas (Yuunus) gammoojjiitti gatameera moo hin gatamne? Hin gatamne: Suuraa 68:49 “Odoo ni’imaan Gooftaa isaa irraa taate isa dhaqqabuu baatee, silaa komatamaa ta’eti dirree biqiltuu hin qbone irratti darbama ture.”

Gatameera: Suuraa 37:145 “Isa dhukkubsataa lafa dirreetti isa darbine.”

32. Daa'imman harma hodhuu akka dhiisaniif Allaan kan abboome yeroo hangamii boodadha?

Ji'oota 30n booda: Suuraa 46:15 “Namootaaf abbaa fi haadha isaatti tola ooluu dhaamne. Haati isaa rakkoon isaa baadhattee, rakkoon isa deesse. Ulfaafi harma gu'uun isaa ji'oota soddoma; yeroo jabina isaa ga'ee, waggaa afurtama ga'u “Gooftaa kiyya! Ani ni'imaa kee kan Ati ana, haadhaafi abbaa kiyya irratti oolte galateeffachuufi dalagaa gaarii Ati jaallattu hojjachuu na qabsiisi. Sanyii (hortee) kiyyaas gaarii taasisi. Ani gara kee tawbaa deebi'eera. Ani Muslimtoota irraayi” jedhe.”

Waggaa lama (baatiiwwan 24) booda; Suuraa 31:14 “Namaafis haadhaa fi abbaa isaatti (tola ooluu) dhaamnee jirra; haati isaas dadhabbiid dadhabbiid irratti ta'een isa baadhatte. Harma irraa gu'uun isaas wagga lama keessatti. “Anaafi haadhaa abbaa keetiif galata galchi. Deebiinis gara kiyyatti” jechuun isa ajajne”

Tarii baatii 30 kan ta'e ulfa waliin ta'uu isaatiin malee inni dhugaan 24 jechuu ni danda'ama. Garuu 24 irratti baatii 9 yommuu daballu baatii 33 waan ta'uuf faallessuun isaa akkuma ta'ee jiruu dha.

33. Gara waraanaa imaluu dhiisuuf heyyama Muhammadiin kan gaafatan hundi komatamoodha moo miti?

Hundinuu komatamoodha: Suuraa 9:44-45 “Isaan Rabbiifi Guyyaa Aakhiraatti amanan qabeenyaafi lubbuu isaaniitiin qabsaa'uu irraa (hafuuf) hayyama si hin gaafatanu. Rabbiin warra Isa sodaatu beekaadha. (Loa irraa hafuuf) hayyama kan si gaafatu isaan Rabbi fi guyyaa aakhiraatti hin amanin kan onneen isaanii shakkitee dha; Isaanis shakkii isaanii keessa deddeebi'u.” Kanneen hin komatamne jiru: Suuraa 9:93 “Karaan (Komii) kan jiru warra dureeyyii ta'anii hayyama si gaafatan qofa irra. Warra hafan waliin ta'uu jaalatan; Rabbiinis onnee isaanii irratti cufe; kanaafuu, isaan homaa hin beekan.”

Keeyyata jalqabaa irratti duula waraana irraa hafuuf heyyama kan gaafatan “Allaah fi guyyaa akhiraatti kanneen hin amanne garaan isaanii kan shakke” qofa ta'uu isaanii ibsuun hunduma isaanii kan komachiisu yommuu ta'u, keeyyata kan lammaffaa irratti garuu jecha isaa haaluun abbaa qabeenya ta'anii otuma jiranii hafuuf heyyama kan gaafatan qofti komatamoo akka ta'an dubbata. Faallaan isaa ifaadha.

34. Musee (Muusaan) saba isaa bilisa baasuuf yeroo ergame kan itti amanan Israa'elota muraasa moo toshitoota (saahiroota) Gibxiin kan dabalatuudha?

Israa'elota muraasa qofa: Suuraa 10:83 “Fir'awaniifi qondaaltonni isaa isaan jallisuu sodaachuu irraa kan ka'e, dhaloota ummata Muusaa irraa ta'e malee Muusaaf hin amanne. Dhugumatti, Fir'awn dachii keessatti of tuulaa dha. Ammas inni daangaa dabritoota irraayi.”

But no one believed Moses, except [some] youths among his people, for fear of Pharaoh and his establishment that they would persecute them. And indeed, Pharaoh was haughty within the land, and indeed, he was of the transgressors.

Toshitoota (saahiroota) Gibxiin dabalatee: Suuraa 7:120-122 “Saahiroonni (Rabbiif) kan sujuudan ta'anii kufan. Ni jedhan: “Gooftaa aalamaatti amanneerra. Gooftaa Muusaa fi Haaruuniti.” (Akkasumas Suuraa 20:56-73, 26:29-51).

Keeyyati jalqabaa Muusaatti kan amanan sabni Israa'el muraasa ta'uu isaanii kan dubbatu yommuu ta'u, inni lammaffaan ammoo saahirota Gibxii dabalatee itti amanuu isaanii dubbata. Faallaan isaa ifaadha.

35. Iisaan akkuma namaa dha moo hafuuraa fi dubbii Allaah qofaadha?

Akkuma nama tokkoo ti: Suuraa 5:75 “Masih Ilma Maryam ergamaa isa dura ergamoonni dabran malee homaa miti. Haati isaas akkaan dhugom-situu dha. Lamaanuu nyaata kan nyaatan turan. Akkamitti akka keeyyatoota ifa isaaniif taasifnu ilaali. Ergasiis akkamitti akka isaan (dhugaa irraa) garagan ilaali.”

Jechaa fi hafuura Allaah qofaadha: Suuraa 4:171 “Yaa abbootii Macaafaa! Amantii keessan keessatti daangaa hin darbrinaa; Rabbi irrattis dhugaa malee hn haasa’inaa. Ilmi Maryam, Masiih, Iisaan ergamaa Rabbiiti; jecha Isaa (ta’I jedhu) kan inni gara Maryam darbeedha.”

Keeyyata jalqabaa irratti Iisaan akkuma nama tokkoo nama ta’uu isaa kan dubbatame yommuu ta’u, keeyyata lammaffaa irratti garuu jechaa fi hafuura Allaah qofa ta’uu isaa nutti dubbatameera. Kamtu dhugaadha? Haammattuu keessatti (ta’I) kan jedhu Qur’aana afaan oromoo kanneen hiikaniin kan itti dabalame malee Qur’aana kan duraa afaan Arabaa keessa hin jiru.

36. Haalli “uumama” Iisaa akkuma Addaam (Adam) moo dhalachuuni?

Akkuma Adam: Suuraa 3:59 “Dhugumatti, fakkeenyi Iisaa Rabbin birratti akka fakkeenya Aadami. Biyyee irraa isa uume. Ergasii ‘ta’i’ isaan jedhe. Innis yoma san ta’e”

Indeed, the example of Jesus to Allah is like that of Adam. He created Him from dust; then He said to him, “Be,” and he was.

Dhalachuun: Suuraa 19:22-23 “Yoosuu isa ulfoofte; kophaa ishee gar bakka fagoo isaan deemte. Ciniinsuun gara gufuu timira ishee maqse. Ni jette...”

Keeyyata jalqabaa keessatti haalli “uumama” Iisaa akkuma Adam ta’uu isaa dubbata. Adam abbaa fi haadha malee kan uumame yommuu ta’u biyyee irraa ture kan uumame. Keeyyata lammaffaa keessatti akkuma ibsameen garuu Iisaan haadha isaa irraa ulfeeffamuun dhalateera. Haalli uumama kan lamaan isaanii walfakkaataa ta’uu dhiisuu isaatiin faallaan isaa ifaadha.

37. Iisaan uumaa dha moo miti?

Uumaa dha: “Amaloota Waaqayyoo (Rabbii) keessaa tokko uumaa ta’uu isaa ti. Kunis adda isa godha. Uumaa ta’uun isaan wanta hundumaa irraa adda kan isa godhu yommuu ta’u kan ittiin beekamuudha. Haa ta’u malee Qur’aana keessatti Yesuus amala addaa waa uumuu kan qabaatuu fi karaa walfakkaatan yommuu raawwatu argina. Waaqayyo kun Adamiin dhoqqee irraa uumuun hafuura jireenyaa itti kan baafate waliin walfakkaata.”

Suuraa 38:71-75 “Yeroo Gooftaan kee malaykotaan “Ani nama dhoqqee irraa uumuufan jira” jedhe (Yaadadhu). “Ergaan isa sirreessee, ruuhii kiyya (kan Ani Uume) irraa isa keessatti afuufee booda isaaf sujuuda bu’aa” (jedheen).”

Yesuus karaan inni uumeen waliin dhugaatti walfakkaata.

“Gara ilmaan Israa’iilittis ergamaa (isa godha). “Ani dhugumatti Gooftaa keessan irraa raajiidhaanan isinitti dhufe. Ani dhoqqee irraa waan akka allaattiin isiniif uume; isa keessattis nan afuufa; eeyyama Rabbiitiin allaattis ni ta’a. heyyama Rabbiitiin jaamaa fi shooliis (bartaas) nan fayyisa. Du’aas nan jiraachisa. Waan isin nyaattaniifi waan isin manneen keessan keessa ol kaayattanis isinittan hima. Dhugumatti kana keessa yoo kan amantan taatan mallattoo gaariitu isiniif jira” (Suuraa 3:49).

Yesuus Allaattiiwwan dhoqqeerraa akka uume odeeffannoon isaa kan dhufe seenaa Waldaa Kiristiyaanaa durii irraa ta’uu isaatiin waaqummaa Yesuus argisiisa. Kanaafis dandeettii waa uumuu isaa fi gama jireenya kennuutiin Yesuusiif beekamtii kennuun waaqummaa isaa kan calaqqisiisuudha. Seenaan kun amma Qur’anaa keessatti argama. Hafuurri Uumaa hafuura kan Yesuus mataa isaa ta’ee argina! Kunis Qur’aanni seenaa waaqummaa Yesuus of keessatti qabatee argamuu isaaf ragaadha.

Qur’aana keessatti Yesuus akka heyyama Uumaatti kana raawwachuu isaa yoo dubbate iyyuu garuu gama waa uumuutiin amala isaa eenyumaaf iyyuu kan hin qoodne ta’uu isaatiin kun waaqummaa Yesuus fudhatama dhabsiisuu hin danda’u. Uumaan dandeettii kana Yesuusiif yoo qoode Yesuus dandeettii addaa kan Uumaa qooddateera jechuudha. Uumaan dandeettii kana kanneen kaaniif qooda yoo ta’e adda ta’uun isaa jalaa hafa. Kanaafuu akka keeyyata kanaatti Yesuus uumaadha.

Miti: Kutaawwan Qur’aanaa kanneen birootti garuu Uumaa ta’uun Yesuus haalameera. Kunis faallaa ifa ta’eedha.

38. Iibliis (Jibriil) Maleeykaa dha moo Sheeyxanadha?

Ergamaa. Suuraa 2:34 “Yeroo Nuti malaa’ikootaan “Aadamiif sujuuda godhaa” jennes (yaadadhu). Ibliisa malee Isaan sujuuda godhan; (Inni) ni dide; ni boones. Kaafiroota irraayis ta’e.”

Sheeyxanadha: Suuraa 18:50 “Yeroo maleeykotaan “Aadamiif sujuuda godhaa” jennes (yaadadhu). Ibliis jinnii irraa ta’ee...”

Haala keeyyata jalqabaan yommuu ilaallu Maleeykonni Aadamiif akka sagadan Allaan kan isaan abboome yommuu ta’u garuu isaan keessaa Sheeyxanni qofti abboommii isaa otuu hin kabajiin hafeera. Sababa kaananis Gannataa ari’ameera. Sheeyxanni maleeykaa otuu ta’uudhaa baate

abboommiin kun isaatiin waan hin ilaallanneef sagaduu dhiisuu isaatiif itti hin gaafatamu ture. Haala keeyyata kanarraa itti fufee jiruun yommuu ilaallu garuu Sheeyxanni garee Jibriil dha. Lamaan isaanii keessaa kamtu dhugaadha?

39. Allaan qofaa isaatiin kan murtii kennuudha moo isaa wajjin murtii kan gooddatu ni qabaata?

Qofaa isaatiin kan murteessuudha: Suuraa 18:26 “‘Hanga isaan turan Rabbumatu akkaan beekaa. (Beekumsi) fagoo kan samiifi dachii Isumaafi” jedhi. Akkam arga! Akkam dhaga’as! Isaanifi Isa malee gargaaraan hin jiru. Mutii Isaa keessattis tokkollee hin hirmaachisu.”

Suuraa 6:114 “Odoo inni Macaafa addeeffamaa gara keessanitti buusee jiruun Rabbiin alatti murteessaa barbaaddadhaa?” (jedhi). Warri Macaafa isaaniis kennines, akka inni dhugaan Gooftaa kee irraa buufame ni beeku. Warra maman irraas hin ta’in.

Isaa wajjin murtii kan gooddatu ni qabaata: Suuraa 33:36 “Mu’umi-naafi mu’umintittiif yeroo Rabbiifi ergamaan Isaa dhimma tokko murteessan ajaja isaanii irraa flannoon biraa isaaniif jiraachuun hin taane. Namni Rabbiifi ergamaa isaa dide, dhugumatti inni jallina ifa ta’e jallateera.”

Keeyyatawwan jalqabaa keessatti akkuma ilaallu, Allaan abbaa firdii ta’uu isaatiin murtii kennuuf qaamni irraa gooddatu kan hin qabaanne qofaa isaa murtii kan laatuudha. Akka keeyyata birootti garuu Allaan firdii kan ittiin kennu aboo isaa Muhammadiif qoodeera. Kanarra darbee ammoo Muhammadiif abboomamuu jechuun Allaaf abboomamuu ta’uu isaa dubbachuun bakka Allaah fudhateera.

“Namni ergamichaan ajajame dhugaatti Rabbiin ajajameera. Nama gara gale immoo isaan irratti eegaa taasifnee si hin ergine” (Suuraa 4:80).

Akka keeyyata kanaatti Muhammadiif abboomamuu jechuun Allaaf abboomamuu waliin tokko ta’uu isaa nutti dubbatameera. Bakka birootti ammoo Muhammadiif waadaa galuun Allaaf waadaa galuu jechuu akka ta’e Qur’aanni kaa’eera.

“Isaan waadaa siif galan, kan isaan waadaa galan Rabbiifi. Harki Rabbi harka isaanii gubbaadha. Namni waadaa diige, kan inni waadaa diige lubbuma isaa irratti. Nama waan irratti Rabbiif waadaa gale guute, Inni mindaa guddaa isaa kennuuf jira” (Suuraa 48:10).

Keeyyata armaan oliin kan argamu keeyyati biroon ammoo Muhammadii fi Allaan waaqeffamuu fi faarfatamuu akka waliin gooddatan dubbata: “(Yaa Namootaa!) Akka isin Allaah fi ergamaa isaatti amantan, isa guddif-tan, kabajjaniifi akkasumas ganamaafi galgala Isa faarsitaniif (isiniif ergine)”

(Suuraa 48:9).

Keeyyata kana keessatti hiika Qur’aanaa afaan Amaaraatiin haammattu keessatti (Allaah) jedhanii kan itti dabalani warra hiikan malee barreeffama kan duraa Qur’aanaa afaan Arabaan akkana hin jedhu. Hiikni Qur’aanaa Afaan Oromoo hiika isa sirrii kaa’ee jira. Gochi waaqeffannaa bakka kanatti ibsaman hundi Muhammadiif kan dubbatamaniidha. Warri afaan Ingiliffaan hiikan akkanatti kaa’aniiru.

Pickthall: That ye (mankind) may believe in Allah and His messenger, and may honour Him, and may revere Him, and may glorify Him at early dawn and at the close of day.

Yusuf Ali: In order that ye (O men) may believe in Allah and His Messenger, that ye may assist and honour Him, and celebrate His praise morning and evening.

Shakir: That you may believe in Allah and His Messenger and may aid him and revere him; and (that) you may declare His glory, morning and evening.

Arberry: that you may believe in God and His Messenger and succour Him, and reverence Him, and that you may give Him glory at the dawn and in the evening.

Keeyyata kana keessatti Musliimoti akka hubatan, kabajan, ganamaa fi galgala akka yaadatan (afaan Arabaan “Tusbiihuhu” yokiin akka isa faarfattaniif) kan dubbatameef Muhammad ta’uu isaa haala barreeffama isaatiin ilaaluun in danda’ama. Hayyooti Musliimaa muraasni “gargaaruu fi kabajuu” inni jedhu kan dubbatameef Muhammadiif yommuu ta’u “faarfannaan” kun garuu Allaaf kan dubbatameedha jedhu. Muraasni isaanii ammoo hundi isaa kan dubbatame Muhammadiif jedhu. Kana irratti hayyuu Suufii kan ture Doktor Jibriil Fo’aad Haddaad ibsa kennaniin marsariitii kanarraa ilaalaa. <http://www.masud.co.uk/ISLAM/misc/best.htm>. Kanaafuu Muhammad aboodhaan mataa isaa Allaah waliin kan gitu ta’eera.

40. Iisaan du’eera moo hin dune?

Hin dune: Suuraa 4:157 “Ammas waan isan “nuti Masiih Iisaa ilma Maryam, ergamaa Rabbii, ajjeefnee jirra” jedhaniif (isaan abaarre). Isaaniitti fakkeeffame malee isa hin ajjeefne; hin afanniinsnes. Dhuguamtti, isaan isa keessatti wal dhaban isa irraa shakkii keessa jiru. Yaada hordofuu malee isa irratti beekumsa homaattuu hin qaban. Qabatamaatti isaan isa hin ajjeefne.” Musliimoti hedduun keeyyata kana sababeeffachuun Iisaan otuu hin du’iin gara samiitti ol ba’eera jedhu. Barreeffamni mat-duree Islaamummaa fi Fan-nifamuu Masihiichaa jedhu kun rakkinoota keeyyanni kun of keessaa qabu

ni mul'isaatii dubbifadhaa.

Du'eera: Suuraa 3:144 “Muhammad ergamaa dhugumatti ergamoonni dura isaa dabran malee homaa miti. Sila yoo inni du'e yookiin ajjeefame of duuba deebituu? Namni faana isaa irra of duuba deebi'e Rabbiin homaa hin miidhu. Rabbiin galateeffattootaaf fuulduratti mindaa ni galcha.”

Keeyyata hiikaawwan Ingliliffaa garaa garaan keeyyata kana akkaanaa kaa'aniiru:

Shakir □ And Muhammad is no more than an apostle; the apostles have already passed away before him; if then he dies or is killed will you turn back upon your heels?

Sher Ali □ And Muhammad is but a messenger. Verily all Messengers have passed away before him. If then he dies or is slain, will you turn back on your heels?

Irving □ Muhammad is only a messenger, Messengers have passed away before him. If he should die or be killed, will you (all) revert to your old ways?

Akka keeyyata kanaatti ergamoonni Muhammadiin dura turan hundi du'aniiru. Kanaafuu Iisaan du'eera jechuudha. Muhammad carraan isaa kan isaanii irraa adda ta'uu dhiisuu isaa kan itti dubbatame sababa kanaani. Ijoon keeyyata kanaa hundi waan du'aniif innis du'uun isaa kan hin hafneedha kan jedhuudhaa. Keeyyata durfamee ibsameen garuu Iisaan akka hin duune ibsuun keeyyata kanaa wajjin kan faallessuu ergaa ni dabarsa. Faallaan isaa ifaadha.

41. Isaan Gahaannama keessatti gubata moo hin gubatu?

Hin gubatu: Suuraa 4:158 “...Dhugumatti Rabbin gara isaattii ol isa fuudhe. Rabbiinis injifataa, ogeessa ta'eera.”

Suuraa 3:45 “Yeroo malaa'ikoonni “yaa Maryam! Dhugumatti Rabbiin jecha Isa biraa ta'e, kan maqaan isaa Masiih Iisaa ilma Maryam jedhamu, kan duniyaa fi Aakhiraattis kabajamaafi warra Rabbitti dhiheeffaman irraa ta'een si gammachiisa” jette (yaadadhu).”

Keeyyatawwan armaan oliin ibsamaniin, Iisaan ergamaa Allaah kan dhugaa ti. Gara samiitti ol fudhatamee Allaah bira jira. Kanaafuu Gahaannama keessatti hin gubatu.

Ni gubata: Suuraa 21:98 “Dhugumatti, isiniifi wantonni isin Rabbiin ala gabbartanis qoraan (ibidda) jahannami; isin ishee (Jahannam) seentota.” Indeed, you [disbelievers] and what you worship other than Allah are the firewood of Hell. You will be coming to [enter] it.

Akka keeyyata kanaatti ammoo namooti Allaan kan hafe waaqolii tolfamoo itti sagadan waliin Gahaannamatti gatamu. Keeyyata kanatti haammata-

tuu keessatti Afaan Amaaraan (waaqa tolfamoo) kan jedhu warra hiikaniin kan itti dabalame yommuu ta’u, Iisaan kana keessa yoo galfame gaaffii akka hin kaafneef jedhanii kan godhaniidha. Garuu Qur’aana afaan Arabaa keessa hin jiru. Qur’aana afaan Arabaa keessatti namooti waantota itti sagadan waaqolii tolfamoo isaanii waliin gara Gahaannamaatti akka gatamaniidha kan dubbatame.

Qur’aanni bakka birootti ammoo Kiristiyaanoti Iisaatti sagaduu isaanii ni dubbata;

Suuraa 5:72 “Isaan “Rabbiin Masihi Ilma Maryam” jedhan dhugumatti kafaranii jiru. Masihiis ni jedhe: “Yaa Ilmaan Israa’iil! Rabbii Gooftaa kiyyaafi Gooftaa keessan ta’e gabbaraa. Dhugumatti, dubbiin namni Rabitti waa qindeesse, Rabbiin isa irratti jannata haraama taasiseera. Teessoon isaas ibidda. Miidhaa raawwattootaatif tumsitoonni hin jiranu.”

Namooti waantota itti sagadan waliin Gahaannamatti gatamuun gubatu erga ta’ee, kanneen itti sagadaman kana keessaa tokko Iisaa erga ta’ee, Iisaan Gahaannama keessatti ni gubata jechuudha, Kun ammoo Allaah biratti Iisaan nabiyyii filamataa ta’uu isaa kan dubbatu keeyyata Qur’aanaa waliin faallessa.

42. Qur’aanni jecha kan eenyuu ti?

Jecha Allaah: Suuraa 17:106 “Qur’aana akka ati suuta suutaan namoota irratti isa dubbiftuuf isa qoqqoodne; buusiinsas isa buufne.”

Jecha kan Ergamaa kabajamaa ti: Suuraa 81:19-21 “Dhugumatti, inni (Qur’aanni) kun jecha Ergamaa kabajamaati. (Ergamaa) abbaa humnaa ta’e, kan Gooftaa Arshii biratti iddoo jabaa qabu. Bakka sanatti ajajni isaa fudhatamaafi amanamaa kan ta’e.”

Maddi Qur’aanaa Allaah erga ta’ee, “kan Ergamaa Allaah” maaliif jedhame? Maddii isaa Allaah erga ta’ee jecha Ergamaa Allaah akkamiin jedhamuu danda’ama?

43. Walqunnamtii saalaa malee ilma dahuun ni danda’ama moo hin danda’amu?

Ni danda’ama: Suuraa 19:19-21 “(Jibriilis): “Ani ergamaa Rabbii keetiti, akkan ilma qulqulluu siif kennuuf (Rabbin naa erge)” jedheen. Ni jette; “Odoo namni tokko ana hin tuqin: sagaagaltuus odoon hin ta’in akkamitti ilmi naaf ta’uu danda’a?” Innis ni jedhe: “Dhimmichi akkuma kana. Gooftaan keetis ‘kuni natti laafaa dha; Namootaafis raajiifi rahmata Nu irraa ta’es akka isa taasifnuufi’ jedhe. (Kun) dhimma dura murtaa’e ta’eera.”

Hin danda’amu: Suuraa 6:101 “Jalqabaaa uumama samiifi dachiiti. Waan hundaa uumee, Niitii kan hin qabne ta’ee akkamitti ilmoon isaaf ta’a? Inni

waan hunda beekaadha.”

Maariyaam (Maryam) otuu walqunnamtii saalaa hin godhiin ilma godhachuu kan dandeesse yoo ta’u iyyuu haala kanaan ilma akka qabaattuuf gochuu kan danda’e Allaan garuu haadha manaa malee ilma qabaachuu akka hin dandeenye nutti dubbatameera.

Dhugaatti barreessaan Qur’aanaa kana jechuun isaa Kiristiyaanummaan barumsa waa’ee ilma Waaqayyoo Yesuus kan barsiisu haala namni dhalachuu danda’uun hubachuu isaa ti. Ilaalcha dogoggora ofii isaatiin uumeen fudhatama dhabsiisuuf otuu yaalii godhaa jiruu kutaa Qur’aana biroo waliin yaada faallessu uumuu isaa fi hundumaa danda’uu Allaah haaluu isaa hin hubanne.

44. Musliimni jalqabaa eenyuudha?

Qur’aanni gaaffii kanaaf deebiiwwan kenne walii isaaniin kan faallesaniidha. Muhammad Musliima kan jalqabaa ta’uu isaa dubbata (Suuraa 39:12, 6:163, 6:14). Garuu Abrahaam (Ibraahimii) fi Ismaa’eel (Ismaa’iil) Suuraa 2:128, 3:36, toshitoonni Fari’oon (Fir’awni) Suuraa 7:126 akkasumas Ergamtoonni (Suuraa 5:111) Musliimota turan jechuudhaan dubbata. Dabalatas Islaamummaan amantaa kan nabiiyyotaa ta’uusaa dubbata. Musliimoti tokko tokko faallaa kana “yommuu walitti araarsan” Muhammad yeroo sana kan turan gama uummataan yommuu ilaalamu Islaama kan jalqabaa ture jedhu.

Bara Muhammad Allaatti sagadaa kan turan karaa Ibraahiim hordofaa kan turan “Haaniifonni” jiraachuu isaanii maddeen Islaamummaa keessatti gama ibsameen yommuu ilaalamu deebiin kun ga’aa miti. “Hordoftoonni amantaa Ibraahiim” kun Wareqaa Iibin Iibn Naawufaal, Ubeeydullaah Iibin Jaash, Usmaan Iibin Al-Huwaarisii fi Zayid Iibin Amir ta’uu isaanii Iibin Iisaaq gabaasera. Namooti kun amantaa Ibraahiim beekuun Muhammadiin kan dursan bara isaa jiraachaa kan turaniidha. Qur’aana keessatti Ibraahiim Haanifaa ta’uu isaa dubbatameera:

“Ibraahim yahuudas kiristaanas hin taane. Garuu inni Muslima qajeelaa ture. Inni mushrikoota irraas hin taane” (Suuraa 3:67).

«Dhugumatti, ani Gooftaan kiyya gara karaa qajeelaa, amantii sirrii kan karaa Ibraahiim, ‘hanifa’ (Rabbii tokkicha gabbaruu) ta’etti na qajeelchee jira. Inni mushrikoota irraa hin turre jedhi» (Suuraa 6:161).

Islaamummaan amantaa uumamaa kan ilmaan namaa ta’uu isaa dubbata (Suuraa 30:30, 2:138). Kanaafuu Musliimonni daa’imni kamiyyuu yommuu dhalatu Musliima ta’ee akka dhalatuu fi booda yommuu gara of beekuutti dhufu sababa maatii isaatiin amantaa uumama isaa akka jijjiiru

dubbatu. Kanaafuu bara Muhammad kan turan daa'imman yoo xiqqaate yeroo muraasaf isaatiin dursuun Musliimota ta'aniiru jechuudha.

Musee (Musaan) bara isaatti amantootaan kan dursu ta'uu isaa kan ibsu keeyyata itti fufee jiru dubbachuun, innis yeroo sana Musliimotaan kan dursu ta'uu isaa hubachiisuuf kan yaalan Musliimonni jiru:

“...Muusaanis of wallaalee kufe. Yeroma of barus “ati qulqulloofte; ani gara keetti deebi’e anis jalqaba mu’uminootaati” jedhe” (Suuraa 7:143).

Qur’aana Afaan Amaaraa keessatti (yeroo sanatti) kan jedhu kanneen hiikaniin kan itti dabalame malee Qur’aana afaan Arabaa keessa hin jiru. Ibsa kanatti dabaluun rakkina keeyyati kun uumuu danda’u balleessuuf yaal-aniiru. Garuu ibsi kun haati Muusaa fi amantoonni kanneen biroo bara sana jiraachuu isaanii kan ibsan keeyyatawwan Qur’aanaa waliin faallessa.

“Gara haadha Muusaas “isa hoosisi; yeroo isa irratti sodaatte, galaa-na keessatti isa darbi. Hin sodaatin; hin gaddinis. Dhugumatti, nuti isa gara keetti deebisoofi ergamoota irraas isa taasisoodha” jechuun beeksisa goone” (Suuraa 28:7).

Akka Qur’aanaatti haati Muusaa (Musee) ergaa Allaah dhaga’uu kan dandeessu dubartii amante turte. Dabalatas bara Muusaa maatii Fari’oon (Fir’awni) keessaa namni amanaa ture jiraachuu isaa Qur’aanni ni dubbata (Suuraa 40:28-46). Kitaabni Qulqulluun Waaqayyo yeroo Museetti mul’ate sana obboleessi isaa Aaron sagalee Waaqayyoo dhaga’uun isa simachuuf gara karaatti akka ba’e dubbata (Ba’uu 4:14-28). Ragaawwan kun Museen yeroo sanatti amanaa isa jalqabaa akka hin taane nuuf mirkaneessu. Bara Muusaa kan turan toshitoonni Gibxii “Musliimota kanneen duraa” ta’uu isaanii kan dubbatu keeyyati Qur’aanaa ammoo armaan oliin kan jiran hunda ni faalleessa (Suuraa 7:126). Kanaafuu dhimmi kun Musliimoti tokko tokko salphisanii argisiisuuf hamma yaalaniin salphaa miti.

45. Uumamni guyyoota ja’aa moo guyyoota saddeet keessatti uumame?

Guyyaa ja’a: Suuraa 7:54 “Dhugumatti, Gooftaan keessan Rabbii Isa samii fi dachii guyyoota jaha keessatti uumee...”

Guyyaa saddeet: Suuraa 41:9-12 “Sila isin Isa dachii guyyaa lama keessatti uumetti kafartanii, hiriya Isaaf gootu? Sun Gooftaa aalama hundaati. Ishee (dachii) keessatti gaarreen lafa qabatoo ta’an; gubbaa isiitti godhee, ishee keessattis barakaa godhe. Ishee keessatti wantoota ittiin jiraatan guyyuma afur guutuu keessatti warra itti haajamanif murteesse. Ergasii haala isheen aara taatee jirtuun samii ol ta’e, ishee fi dachiinis “Jaalattanii yookiin jibbi-tanii kottaa” jedhe. Isaanis “Jaalannee dhufne” jedhan. Guyyaa lama kees-

satti samii torba godhee xumuree, samii hunda keessatti, dhimma ishee ilaalchisee beeksisa itti godhe. Samii duniyaas ifaadhaan (urjiin) miidhagsinee, tika cimaas (tiksiine). Kun murtii (Rabbii) injifataa, beekaati”,

Akka keeyyata kanaatti lafti guyyaa lama gidduutti uumamte. Ishee irra kan jiran guyyaa afur gidduutti uumaman. Samiin immoo samiiwwan toorba ta’uun uumaman. Kanaafuu $2+4+2=8$ ta’a. Qur’aana afaan Amaaraatti kan hiikan guyyaan afran gara guyyaa lamaatti buutuu fi guutummaa lakkoobsa isaa ja’a gochuun kutaalee Qur’aanaa kanneen biroo waliin akka hin faallessineef haammattuu keessatti (guyyoota lamaan hafan waliin) kan jedhutti dabalaniiru. Garuu daballiin kun Qur’aana afaan Arabaa keessa hin jiru.

Muhammadiin kan dubbatame uumamni haaraan guyyoota torban itti uumaman dubbachuun ibsa kana fudhatama dhabsiiseera.

Abu Hureeyiraan akka gabaaseen, Ergamtichi Allaah (nagaan isaan waliin haa ta’u) harka koo qabatanii akkana naan jedhan. Allaan guddaa fi kabajamaa ta’e guyyaa sambataa suphee uume, diilbata gaarreewwan uume, mukkeewwan dafinoo (wiixata) uume, waantota hojii humnaa barbaadan faacasaa (kiibxata) uume, ifa Roobii uume, bineensota kamisa uume, Aadam (Addaamiin) jimaata guyyaa kudhan booda uume, innis guyyaa dhumaatti sa’aatii dhumaatti uumama uumameedha (Saahiih Musliim Haadisii lakkoobsa 6707).

Haadisii kana keessatti uumamni kan itti uumame yoo xiqqaate guyyooti 7 ibsamaniiru. Haadisiin kun uumamni guyyaa toorba qofa gidduutti uumamuu isaa hin dubbatu garuu yoo xiqqaate guyyoota toorba ibseera. Ibsa kana keessa kanneen hin galfamiin uumamni waan jiraniif kanaa ol ta’uu ni danda’u. Kun ammoo Suuraa 41:9-12 irratti kan ibsaman guyyooti saddeet ta’uu isaaniif ragaa sirriidha. Kanaafuu faallan isaa ifaadha.

46. Haalli uumamni ittiin uumame suuta moo ariitiidha?

Suuta: Suuraa 7:54 “Dhugumatti, Gooftaan keessan Rabbii Isa samiifi dachii guyyoota jaha keessatti uumee ergasii Arshii irratti (ol ta’iinsa isaaf malu) ol ta’eedha. Haala ariitiidhaan isa barbaada ta’een halkaniin guyyaa haguuga. Aduu, ji’aa fi urjiiwwanis kan ajaja Isaatiin laaffifaman ta’anii (isaan uume). Dhagayaa! Uumuunii fi jajanis kan Isaati. Rabbiin Gooftaa aalamaa ta’e toltuun isaa baay’ate.”

Hayyooti Musliimaa (fakkeenyaaf yoo jedhame Doktor Zaakir Naayikii fi Doktor Shaabir Aalii) Qur’aanni saayinsii ammayyaan akka hin faallessineef fedha qabaachuu isaaniin bakka kanatti “guyyoota ja’a” kan jedhame guyyoota sa’aa 24 of keessaa qabaatan hedduminaan ja’a ta’an jechuuf akka hin taanee fi baroota dhedheeroo ja’a ta’uu isaanii dubbatu. Kanaafuu akka

hiika kanaatti Allaan samii fi lafa uumuuf waggoota biiliyoona itti fudhateera jechuudha.

Ariitii: Suura 2:117 “(Inni) argamsiisaa samiifi dachiiti. Yeroo dhimma wahii murteessesse, wanti inni isaan jedhu argamii qofa; yeroma san argama.” Akka keeyyata kanaatti ammoo uumaa samii fi lafaa kan ta’e Allaan wanta tokko uumuu yommuu barbaadu “ta’i” akkuma jedhuu fi battalumatti akkuma ta’u nutti dubbatameera. Kanaafuu hayyooti Musliimaa Qur’aana saayinsii waliin garaa gartee kan hin qabaanne gochuuf guyyootiin ja’a (afaan Arabaan “Yawum”) barooti dheeraa ta’an jechuun isaanii dhugaa yoo ta’e Allaan uumuu yoo barbaade jecha “ta’i” jedhuun qofa wanta hin jirre gara jiraatutti fiduu danda’uu isaa kan dubbatu keeyyati Qur’aanaa dogoggora ta’uu isaati jechuudha. Kanaafuu kamtu dhugaadha?

47. Samii moo lafaatu dursee uumame?

Lafa: Suuraa 2:29 “Inni (Rabbiin) Isa wan dachii keessa jiru hundaa isiniif uumee ergasii gara samii o lta’ee samii torba isaan taasisee dha. inni waan hudna akkaan beekaa dha.”

Samii: Suuraa 79:27-30

48. Allaan maleeykota kan buusu adabbiin qofa moo mul’ataaniidha? Addabbiin malee kan hin birootiin hin buusu: Suuraa 15:7-8 “ “Yoo warra dhugaa dubbattoota irraa taate, maaliif maleeykotaan nutti hin dhufne?” (jedhan). Nuti maleeykota dhugaan (adabaan) malee hin buufnu. Yoosan yeroon isaaniif kan kennamu hin taane”.

Mul’ataan isaan buusa: Suuraa 6:2.

49. Allaan samii fi lafa gara bakk tokkootti isaan fide moo garaa gara isaan baase?

Gara bakka tokkootti isaan fide: Suuraa 41:11 “ “Ergasii haala isheen aara taatee jirtuun samii ol ta’e, isheefi dachiinis “jaalattanii yookiin jibbitanii kottaa” jedhe. Isaanis “jaalanee dhufne” jedhan”.

Garaa gara isaan baase: Suuraa 21:30 “Sila isaan kafaran akka samiifi dachiin walitti maxxantuu (qaama tokko) turanii, ergasii addaan isaan baafne hin beekanuu? Bishaan irraas lubbuu qabeeyyii hunda ni uumen. Sila hin amananu?”.

50. Jiinnota maalirraa uumaman?

Ibidda irraa: Suuraa 15:27 “Jinnii (Ibliisiin) immoo duraan ibidda boba’aa irraa isa uumne. (”Dabalatas 55:15, 7:12, 38:76).

Bishaan irraa: Suuraa 21:30 “...Bishaan irraas lubbu qabeeyyii hunda ni uumne. Sila hin amananu.”

Keeyyatti jalqabaa Jiinnoti ibidda irraa uumamuu isaanii kan dubbatu

yommuu ta’u keeyyati lammaffaan ammoo uumamni hundi bishaan irraa uumamuu isaanii dubbata. Akka Islaamummaatti Jiinnoti uumama socho’an, nyaatanii fi yaadan malee akkuma dhagaa homaa kan itti hin dhaga’amne miti. “Hunduma” kan jedhu yoo ta’e ammoo Jiinnota waan dhuunfatuuf faallaan isaa ifaa dha.

51. Guyyaa murtiitti kaafiroonni wanta Allaah duraa dhokfatan qabaatu moo hin qabaatan?

Jira: Suuraa 6:22-23 “Guyyaa hunda isaanii walitti qabnee, ergasii isaan qindeessaniin “Sila warri isin Rabbii wajjin gabbaramoodha jettanii mormaa turtan eessa jiru?” jennuun san (yaadadhu). Ergasii deebiin isaanii “Rabbii keenyaan kakannee! Nuti mushrikoota hin taane” jechuu malee hin jiru”.

Hin jiru: Suuraa 4:42 “Guyyaa san warri kafaraniifi ergamicha faallessan odoo dachiin isaan irratti wal qixxaattee jaalatu. Isaanis haasawa tokko Rabbiin dhoksuu hin danda’an.”

Keeyyata jalqabaan ibsame keessatti kaafiroonni yommuu lafarra turan Allaah waliin wantoota garaa garaan mushriikota kan turan yommuu ta’u guyyaa murtiitti Allaah yommuu isaan gaafatu mushriikota ta’uu isaanii haaluuf yaalu. Garuu keeyyata lammaffaa irratti kaafiroonni Allaah duraa kan dhokfatan wanti kamiyyuu jiraachuu dhiisuu isaa dubbata.

52. Gantoonni jaamota moo miti?

Jaamota dha: Suuraa 2:17-18 “Fakkeenyi isaanii akka fakkii isa ibidda qabsiifatee, yeroma isheen waan naannoo isaa ibsitu Rabbiin ifnana isaanii adeemsisee dukkana keessatti haala hin argineen isaan dhiiseeti. (Isaan) duudaa, arraba qabamaafi jaamaadha. Kanaafuu (gara karaa qajeelaa) hin deebi’anu.”

Hanga ta’e ni ilaalu: Suuraa 2:20 “Calanqichi ija isaanii butuutti dhiyaata. Dhawaata isaanii ifuun isa keessa deemu. Yeroo isaan irratti dukkanaa’e immoo ni dhaabatu. Rabbiinis odoo fedhee dhageettiifi agartuu isaanii ni deemsisa tura. Dhugumatti, Rabbiin waan hunda irratti danda’aadha”.

Keeyyata jalqabaa keessatti akkuma arginu gantoonni gonkumaa ilaalu kan hin dandeenye jamoota yommuu ta’an, fakkeenyi ittiin isaanii if ibsame ammoo akka nama ibidda qabsiifatee ittiin adeemuu yommuu jalaa badu dhaabatu, akkuma kana ammoo Allaah ifaan isaan adeemsisuun dukkana keessatti isaan dhiisuu isaa ti. Garuu keeyyata lammaffaa keessatti gantoonni jaamota ta’uu dhiisuu isaanii fi fakkeenyi isaan ittiin ibsamanis yeroo bokkaan roobee bakakkaan balaqqeessa’u ifa isaa ilaaluun akkuma deeman yommuu dukkanaa’u akkuma dhaabatan namoota akkanaa ta’uu isaanii nutti dubbatameera. Kanaafuu“...Rabbiinis odoo fedhee dhageettiifi agartuu

isaanii ni deemsisa tura” gaaleen jedhu namooti kun jaamota ta’uu dhiisuu isaanii fi ilaalu akka danda’an nuuf mirkanneessa. Kanaafuu gantoonni jaamota dha moo miti?

Keeyyatawwan kana keessatti faallaa biroo hubanna. Kunis keeyyati jalqabaa gantoonni jaamotaa fi dhageettii kan hin qabaanne ta’uu isaanii kanaafis deebi’uu akka isaan hin dandeenye cimsuun yommuu dubbatu, keeyyati lammaffaan ammoo “Rabbiinis odoo fedhee dhageettiifi agartuu isaanii ni deemsisa tura” jechuudhaan namooti kun akka ilaalanii fi dhaga’an karaa biraan ibsuun yaada kan duraan faallessa. Kanaafuu kamtu dhugaadha?

53. Kanneen itti fufanii jiran keessaa Muhammad isa kamiidha? Akeekkachiisaa qofa: “Ati akeekkachiisaa qofa” (Suuraa 11:12). Akkasumas (Suuraa 38:65).

Gammachiisaa fi akeekkachiisaa: Suuraa 34:28 “Nutii nama hundaaf walumaagalatti gammachiisaa fi akeekkachiisaa goone malee si hin ergine. Garuu irra hedduun namootaa hin baakanu.” Akkasumas (Suuraa 11:2, 35:24).

Ragaa, gammachiisaafi akeekkachiisaa: Suuraa 33:45 “Yaa nabiiyyichaa! Nutii ragaa, gammachiisaa fi akeekkachiisaa goonee si erginee jirra.” Akkasumas (Suuraa 48:8, 6:48).

Sodaachisaa ifa bahaa qofa: Suuraa 22:49 “Yaa namootaa! Ani isiniif sodaachisaa ifa baha amalee hin taane.”

Suuraa 27:92 “...Namni qajelee, kan inni qajeelu lubbuma isaatiifi. Nama jallates, “Ani akeekkachiiftota irraayi” jedhiin”

Suuraa 34:46 “...Inni akeekkachisaa adaba cimaa dura isiniif (ergame) malee waan biraa hin taane.”

Allaah waliin dhimma tokkorratti murtii kan laatu: Suuraa 33:36 “Mu’uminaafi mu’umintittiif yeroo Rabbii fi ergamaan Isaa dhimma tokko murteessan...”

Nabiiyyii: Suuraa 65:1 “Yaa Nabiiyyichaa.” Akkasumas (Suuraa 33:50, 33:38).

Keeyyati armaan oliin ibsaman Muhammad haala kamiin ergamuu isaa kan dubbatan yommuu ta’an walii isaaniin kan faallessaniidha. Keeyyati jalqabaa akeekkachiisaa qofa ta’uu isaa nutti dubbata. Jechi (qofa) jettu addaa ta’uu isaa kan argisiiftu yommuu taatu wanta jedhameen alatti kan biroo ta’uu hin danda’u jechuudha. Kanarraa itti fufuunis gochaa tokko sababeeffachuun “gammachiisaa fi akeekkachiisaa qofadha” nuun jedha. Kanaafuu armaan oliin “akeekkachiisaa qofa” kan jedhuun faalleesseeera jechuudha. Kanarraa itti fufuunis ammoo gocha tokko sababeeffachuun “ragaa, gam-

machiisaa fi akeekkachisiaa” ta’uu isaa nutti dubbata. Kana hundumaan faallessuun ammoo “akeekkachiisaa ifaa qofa” nuun jedha. Itti fufunis Allaah waliin wanta tokkorratti murteessuu kan danda’uu Nabiyyii fi murteessaa ta’uu isaa nutti dubbata. Akeekkachiisaa qofa yoo ta’e ragaa, gammachiisaa, akeekkachiisaa, kan murteessuu fi Nabiyyii miti jechuudha? Gammachiisaa fi akeekkachiisaa qofa erga ta’ee ragaa, akeekkachiisaa, murteessaa fi Nabiyyii miti jechuudha? Ifaatti akeekkachiisaa qofa yoo ta’e kan hafan hundi ta’uu dhiisuu danda’u jechuudha? Baay’inni faallaa isaa ti ifaadha.

54. Bal’inni Jannataa hangam ta’a?

Hamma lafaa fi samiiwwan tokkoo olii ti: Suuraa 3:133 “Gara araarama Gooftaa keessan irraa ta’ee fi gara jannata warra Rabbiin sodaataniif qophooftee kan bal’inni ishee akka samiif dachi taateetti ariifadhaa.”

Hamma lafaa fi samii tokkoo ti: Suuraa 57:21 “Gara araarama Gooftaa keessan irraa ta’eefi jannata bal’inni ishee akka bal’ina samiif dachii ta’eetti wal dorgomaa...”

Afaan Amaaraatti kanneen hiikan faallaa isaa balleessuuf bakka tokko irratti “bal’ina ishee” jechuudhaan bakka biraatti ammoo “dheerina ishee” jechuudhaan yoo hiikan iyyuu afaan Arabaan garuu “arduha” kan jedhu jecha walfakkaataatti fayyadameera. Kanaafuu keeyyati lamaan waa’ee bal’ina Jannataa kan dubbataniidha. Kanaafuu bal’inni Jannataa kan lafaa fi samiiwwan hedduu moo hamma lafaa fi samii tokkoo ti? Kamtu dhugaadha?

55. Maleeykonni abboomii Allaaf yeroo hundaa abboomamu moo hin abboomamani?

Yeroo hundaa ni abboomamu: Suuraa 16:49-50 “Lubbu qabeeyyii irraa wanti samii keessa jiraniifi Wanti dachii keessa jiran, maleeykonnis Rabbiif sujuuda godhu. Isaanis hin boonanu. Gubbaa isaanii irratti Gooftaa isaanii sodaatu; waan itti ajajamanis ni dalagu.”

Yeroo tokko tokko hin abboomaman: Suuraa 2:102 “Waan shayxaanonni bara motummaa Sulaymaan keessa qara’aa turan hordofanii jiru. Sulaymaanis hin kafarre. Garuu shayxaanonni sihriifi waan malaa’ikoota lamaan Haaruutiifi Maaruut irratti Baabiil keessan buufame nama kan barsiisan ta’anii kafaran. Isaan (malaa’koonni) lamaan nama tokkos odoo “Nutti morkoroof dhufnee hin kafarinaa” hin jedhin (sihrii) hin barsiisanu. (Namoonnis malaa’ikoota) lamaan irraa waan ittiin dhirsaafi niitii addaan baasan baratu. Isaanis nama tokko hayyama Rabbiitiin ala kan miidhan hin taane. Waan isaan miidhu malee isaan hin fayyadne baratan. Dhugumatti, isaan (yahudonni) akka warri isa (sihrii) jijjiirrate Aakhiratti qooda hin qabaanne sirriitti beekaniiru. Odoo kan beekan ta’anii, wanti isaan lubbuu isaanii itti gurguran

waa fokkate!”

Keeyyata jalqabaa keessatti Maleykonni Allaaf abboomamoo ta’uu isaanii kan dubbatame yommuu ta’u akka amantaa Musliimotaatti yakka hojjachuuf fedha bilisa ta’e hin qabaatan. Keeyyata lammaffaa keessatti garuu maleykonni lama waa qara’anii fi jallinaan namoota barsiisan akka turan nutti dubbatameera. Akka odeeffannoowwan Islaamummaatti Haaruutii fi Maaruut gara lafaa dhufuun yakka keessa kan galan Maleyokota lamadha. (Mahmoud M. Ayoub, *The Qur’an and its Interpreters*, pp. 130-131).

Barreeffama biroon ammoo dursinee akkuma argine Sheyxanni Maleykaa kan ture yommuu ta’u Allaaf abboomamuu dhiisuu isaa Qur’aanni nutti dubbata. Bakka biraatti ammoo Jiinnii akka ta’e dubbachuu isaatiin faallaa biraadha malee Maleykaa akka hin taane dubbatamuu dhiisuu isaa hin mirkaneessu.

56. Dubbii Zakkaariyaas (Zakariyyan) fi Maleykaa- gabaasa lamaan-faallaa hedduu qabaachu isaanii

Ergamaan gara Zakkaariyaas dhufuun waa’e dhalachuu Yohannis (Ya-hiyaan) dubbachuu isaa gabaasa lamaan Qur’aana keessatti dubbatameen gidduu faallaa hedduun in argama. Erga dubbifannee booda faallaa isaanii tarreessina.

Gabaasa tokko: Suuraa 3:38-41 “Bakka sanatti Zakkariyyaan “Gooftaa kiyya! Ati Suma biraa ilmaan gaarii naaf kenni. Dhugumatti Ati dhagayaa kadhaati” jedhe. Malaa’ikoonnis isaa mihraaba keessa sagadaaf dhaabbachaa jiruu “Dhugumatti Rabbiin Yahyaa, dhugoomsaa jecha Rabbi irraa ta’e, caalaa, qunnamtii saalaa irraa eegamaafi nabiyyii gaaggaarii irraa ta’een si gammachiisa’ (jettee) isatti lallabde. (Innis) “yaa Gooftaa kiyya! Sila ani odoo dhugaatti dullumni na qabee jiruufi niitiin kiyyas maseena taateejirtu akkamittin ilma argadha?” jedhe. (Rabbiinis) “Akka kanatti Rabbiin waan fedhe hojjata” jedheen. (Innis) “yaa Gooftaa kiyya! mallattoo naaf taasisi” jedhe. (Rabbiinis) “Guyyoota sadi mallatoon malee namootatti dubbachuu dhabuudha. Gooftaa keetiis baay’inaan faarsi. Galgalaa fi ganamas Isa qulqulleessi” jedheen.”

Gabaasa lama: Suuraa 19:2-11 “(Kun) rahmata gooftaan kee Gabricha Isaa Zakariyyaaf (godhe) dubbachuudha. Yeroo inni Rabbii Isaa waamicha dhoksaa waame (dubbadhu). “Rabbii kiyya! Ani lafeen kiyya laafte; mataan kiyyas Arrii makatee; Rabbii kiyya ani kadhaa keetiin hoonga’aa hin taane” jedhe. “Ani booda kootii firoota kiyya sodaadheen jira. Niitiin kiyyas maseentuudha. Suma bira ilma naaf kenni. “Kan ana (amantii kiyya) dhaaluufi kan sanyii Ya’aquub irraas dhaalu. Yaa Gooftaa kiyya! Jaallatamaas isa taa-

sisi.” (Rabbiin ni jedhe): “Yaa Zakariyyaa! Dhugumatti, Nuti ilma maqaan isaa Yahyaa ta’e, kan kana dura maqaa isaa eenyuufillee hin taasisiniin si gammachiifna.” (Zakariyyaan) ni jedhe; “(Yaa) Rabbii kiyya! Odoo haati manaa koo maseena taatee jirtuu, anis dulluma irraa hoonga’ee jiruu akkamitti ilmi naaf ta’uu danda’a?” Ni jedhe: “Dhimmichi akkuma kana. Rabbiin kee ‘Kun anaaf laafaadha. Dhugumatti, ani kana dura si’ii homaa hin turiin si uumeen jira’ jedhe.” (Zakariyyaanis) ni jedhe: “(Yaa) Rabbii kiyya! Mallattoo wahii naaf godhi.” (Rabbiinis) ni jedhe: Mallattoon kee halkan sadiifi odoo fayyaa qabduu (Zikrii malee) nama dubbisuu dhabuudha. Ergasii iddoo sagadaa keessaa ummata isaa irratti gadi ba’ee, ganamaa fi galgala Rabbiin qulqulleessuu mallattoon itti beeksise.”

Seenaa kana keessatti faallan hedduu ta’e in argama. Fakkeenyaaf yoo jedhame:

- Dubbii Maleykaa fi Zakariyyaa keessaa kamtu dhugaadha? Rabbiin Yahyaa, dhugoomsaa jecha Rabbi irraa ta’e, caalaa, qunnamtii saalaa irraa eegamaafi nabiyyii gaggaarii irraa ta’een si gammachiisa (jettee) isatti lallabde jedhen moo yokiin Maleykichi Zakarriyaasiif “Yaa Zakariyyaa! Dhugumatti, Nuti ilma maqaan isaa Yahyaa ta’e, kan kana dura maqaa isaa eenyuufillee hin taasisiniin si gammachiifna” jedhe.” Maleykichi ibsa maqaan ramaddii sadaffaan yommuu adda baasu “...si gammachiisa” jechuudhaan dubbate moo yokiin ibsa maqaa ramaddii sadaffaa “...si gammachiifna” jedheen?

- Keeyyata jalqabaa keessatti kan dubbate Maleykaa yommuu ta’u “Allaan...si gammachiisa” jechuudhaan ibsa maqaa ramaddii sadaffaan dubbata. Isa lamaaffaa keessatti garuu “Si...gammachiifna” dubbiin jedhu kan Allaah yommuu ta’u gidduu galuu Maleykaa malee Allaah fi Zakaarriyaa yommuu waliin dubbataniidha. Kanaafuu Maleykaan ergameera moo hin ergamne? Karaa lamaan kanaan Maleykaan erga ergamee isa lammaffaa keessatti dubbiin isaa Maleykaa fi Zakaarriyaa gidduutti ta’uu isaa mannaa Zakaarriyaa fi Allaah gidduuttii akkamiin ta’e?

- Zakaariyaan maal jedhee deebise? (Innis) “Yaa Gooftaa kiyya! Sila ani odoo dhugaatti dullumni na qabee jiruufi niitiin kiyyas maseena taatee jirtu akkamittin ilma argadha?” jedhee moo yokiin “(Yaa) Rabbii kiyya! Odoo haati manaa koo maseena taatee jirtuu, anis dulluma irraa hoonga ga’ee jiruu akkamitti ilmi naaf ta’uu danda’a?” jedhe. Dubbiin inni dhugaa isa kamiidha?

- Deebiin Maleykichaa maal kan jedhu ture? “Akka kanatti Rabbiin waan fedhe hojjata” kan jedhuudha moo yokiis “Ni jedhe: “Dhimmicha akkuma kana. Rabbiin kee ‘Kun anaafi laafaadha. Dhugumatti, ani kana dura

si'ii homaa hin turin si uumeen jira' jedhe.”

• Zakaariyyaa mallattoo yommuu gaafate deebiin isaaf laatame maal kan jedhu ture? “(Rabbiinis) Guyyoota sadi mallatoon malee namootatti dubbachuu dahbuudha. Gooftaa keetis baay’inaan faarsi. Galgalaa fi ganamas Isa qulqulleessi” kan jedhuudha moo yokiin “Mallatoon kee halkan sadihiif odoo fayyaa qabduu (Zikrii malee) nama dubbisuu dahbuudha” kan jedhuudha? Jalqaba irratti “Guyyoota” akka jedhamee fi lammaffaa irratti “halkaniin” jedhamuu isaa hubadhaa. Isa lammaffaa irratti (Zikrii malee) kan jedhu kanneen hiikaniin kan itti dabalame malee afaan Arabaa keessa hin jiru.

Kamtu dhugaa dha?

57. Israa’elonni gara biyya abdii isaanii yommuu galan maal akka dubbatan ajajaman?

Israa’elonni biyya Gibxii ba’uun gara biyya abdii isaanii yommuu galan Allaan kan isaanitti dubbate ilaalchisee gabaasa lamaan kan walii isaaniin faallessan Qur’aana keessatti argamu. Haa dubbifannu: Gabaasa tokkoffaa; Suuraa 2:58-59 “Yeroo Nuti? ”magaalattii kana seenaa; ishee irraas iddoo feetanii (nyaata) baldhaa nyaadhaa. Balbalichas sujuudaa seenaa. ”(Kadhaan keenyas badiin) nurraa harca’uudha” jedhaa, badii keessan isinifi araaramna. Warra toltuu hojjataniifis (mindaa) dabaluuf jirra” jennes (yaadadhaa). Warri miidhaa hojjatan (jecha isaaniin jedhame) jecha isa isaaniin in jedhaminitti jijjiiran. Waan isaan fincilaa turaniif jecha warra miidhaa hojjatan irratti adaba samii irraa ta’e buufne”.

Gabaasa lammaffaa: Suuraa 7:161-162 “Yeroo “magaalattii kana keessa jiraadhaa; ishee irraa bakka feetanii nyaadhaa. ‘(kan nu feenu Badiin nurraa) harca’uudhas’ jedhaa. Balbalas sujuuda godhaa seenaa. Badiiwwan keessan isiniif dhiifna. (Mindaa) warra toltuu hojjataniis ni daballa” jedhamees (yaadadhaa). Isaan irraa warri miidhaa hojjatan jecha isaanin jedhameen ala isa biraa jijjiiran. Waan miidhaa hojjataa turaniif jecha adaba samii irraa isaan irratti ergine.”

Gabasonni kun faallaa hedduu of keessatti qabateera.

• Israa’elonni dhugaatti maal jedhaman? “magaalattii kana seenaa” moo yokiis “magaalattii kana keessa jiraadhaa” kan jedhuudha?

• “ishee irraas iddoo feetanii (nyaata) baldhaa nyaadhaa” moo yokiis “ishee irraa bakka feetanii nyaadhaa” kan jedhuudha?

• “ Balbalichas sujuudaa seenaa” moo yokiis “Balbalas sujuuda godhaa seenaa” kan jedhuudha?

• “Warra toltuu hojjataniifis (mindaa) dabaluuf jirra” moo yokiis

“(Mindaa) warra toltuu hojjataniis ni daballa” kan jedhuudha?

Isa kamiin fudhannu?

58. Allaan Musee (Muusaan) maal jedhe?

Gabaasa tokko: Suuraa 27:9-12 “Yaa Muusaa! Dhugumatti, Inni Ana Allaah injifataa, ogeessa ta’eedha. Ulee keetis darbi. “(Ni darbes) yeroma akka bofaatti kan isheen sochootu argu, of duuba deebi’uun garagale; of duubas in ilaalle; “Yaa Muusaa! hin sodaatin; dhugumatti ani ergamtoonni nabiratti hin sodaatanu. Garuu Namni miidhaa dalagee ergasii hamtuu boodaan toltuu bakka buuse dhugumatti Ani (isaaf) araaramaa, rahmata godhaadha. Harka keetis bobaa kee keessa seensisi, isheen fokkaachuudhan maletti adii taatee baati; mallattoowwan saglaniin gara Fir’awniif umamta isaas (deemi). Dhugumatti isaan ummata finciltoota ta’anii jiru.”

Gabaasa lama: Suuraa 28:30-32 “...Yaa Musaa! Dhugumatti, Ani Allaah Rabbii aalama hundaati” jechuun itti lallabame. Ulee kee darbi” (jechuunis itti lallabame). Yeroma akka waan bofa taateetti kan sochootu taatee ishee argu, of duuba deebi’ee dheesse; of duubas hin mil’anne. “Yaa Musaa!” As garagali; hin sodaatinis. Dhugumatti, ati warra nagaa bahan irraayi” (jedhameen). “Harka kee bobaa kee keessa seensisi. Fokkina tokko malee adii taatee baati. Sodaa irraas harka kee gara cinaacha keetiitti maxxansi. Isheen kun lamaan mallattoolama kan Rabbii kee irraa gara Fir’awniifi qondaaltota isaatti ergamanii dha. dhugumatti, isaan namoota finciltoota turan.” (Jedhameen).

• Allaan dhugaatti maal isaatiin jedhe? “Yaa Muusaa! Dhugumatti, Inni Ana Allaah injifataa, ogeessa ta’eedha” jedhe moo yokiis “Yaa Musaa! Dhugumatti, Ani Allaah Rabbii aalama hundaati”jedhe?.

• “Yaa Muusaa! hin sodaatin; dhugumatti ani ergamtoonni nabiratti hin sodaatanu” moo yokiis ““Yaa Musaa!” As garagali; hin sodaatinis. Dhugumatti, ati warra nagaa bahan irraayi” jedhe?

59. Sabni bara Loox (Luux) kan turan deebiin Looxiif deebisan isa kamiidha?

Suuraa 27:55-56 “Sila isin fedhii qunnamtii saalaatiif dubartii dhiif-tanii dhiira waliin raawwattuu? Dhugumatti isin ummata wallaatota. Deebiin ummata isaas “Maatii Luux magaalaa keessan irraa baasaa; Dhugumatti, isaan namoota qulqulleeffatanii” jechuu malee hin taane”

Suuraa 29:29 “Sila isin (qunnamtii saalatiif) dhiiratti dhuftuuf?! (Saamichaanis) karaa kuttuu?! Iddoo Yaa’ii keessani keessattis gochoota jibbamoo ta’an raawwatuuf?! Deebiin ummata isaa “Yoo warra dhugaa dubbatan irraa taateef, adaba Rabbiitiin nutti kottu” jechuu malee homaa hin

taane”.

Suuraa 26:165-167 “Sila isin (qunnamtii saalaatiif) alaama irraa dhiitotatti dhufuu? Waan gooftaan keessan haadhotii namaa keessan irraa isiniif uumes ni dhiiftuu? Dhugumatti isin ummata daangaa dabritoota” (jedhe). (Isaanis) ni jedhe: “Yaa Luux! Yoo (waan jettu irraa) hin dhorgamiin dhugumatti warra (biyyarraa) baafaman irraa taata.”

Yaadni keeyyatawwan sadan kanaa walfakkaataa yommuu ta’u gaaffiiwwan deebi’aman jedhaman garuu baay’ee garaa garaa kan ta’anii fi walii isaaniin faallessaniidha. Keeyyati jalqabaa namooti kan dubbatan kana qofaadha yommuu jedhu, keeyyati lammaffaan ammoo wanta deebii kan jalqabaan adda ta’e dubbachuu isaanii fi kanaan alatti wanta biroo kamiyyuu dubbachuu dhiisuu isaanii nutti dubbata. Keeyyata sadaffaa yommuu ilaallu dubbii lamaan isaaniin adda ta’e nuuf dhiyeessa. Kanaafuu isa kamiin fudhannu?

60. Harka Musee (Muusaa) ilaalchisee Allaan maal jedhe?

Gabaasa tokko: Suuraa 20:22 “Harka kee gara cinaacha keetiitti maxxansi. Mallattoo biraa ta’uun dhibee (tokko) malee adii taatee baati” Gabaasa lama: Suuraa 27:12 “Harka keetis bobaa kee keessa seensisi, isheen fokkachuudhaan maletti adii taatee baati;...” Faallaan isaa ifaa ta’uu isaatiin ibsatti kennuun barbaachisaa miti.

Hayyooti Musliimaa faallaa Qur’aana keessa jiru balleessuuf gocha lama raawwataniiru. Inni jalqabaa Naasiik Walmansuuk (haquu fi haqamu) kan jedhu barumsa cimsuudha. Barumsi kun bara Muhammad hundeen isaa kan jalqabame yommuu ta’u keeyyati walii isaaniin faallessan lamaan Qur’aana keessa yoo jiraatan duraa duuba yeroo isaatiin inni boodaa kan duraatiin haqa (mulqa) kan jedhuudha. Garuu deemsii kun hanga ta’e faallaawwan abboommii gidduu jiru hambisuuf malee faallaa kanneen kaan hambisuuf hin tajaajilu.

Hayyooti Musliimaa kanneen jalqabaa faallaa Qur’aana keessa jiran balleessuuf kan fayyadaman tooftaan rifaachisaa kan biroo kutaawwan Qur’aanaa kanneen biroo waliin faallessan keeyyata Qur’aanaa balleessuudha. Fakkeenyaaf yoo jedhame Suuraa 33:6 irratti “Nabiyyiin mu’umintootatti lubbuma isaanii irrayyuu itti aanaadha. Haadholiin manaa isaatis haadholii isaaniiti” kan jedhu keessatti Qur’aanni Ubey Biin Kaa’ib “akkasumas inni abbaa isaanii ti” jechuudhaan Muhammad abbaa Musliimotaa ta’uu isaa dubbata (Abdullah Yusuf Ali, The Holy Qur’an, p. 1104, footnote 3674). Garuu barreeffamni kun bakkuma kana Suuraa 33:40 irratti

ti “Muhammad dhiirota keessan irraa abbaa nama tokkoos hin taane...” barreeffamni jedhu argamuu isaatiin barreeffamni Ubey Biin Kaa’ib sirrii ta’uu isaa yoo amanamaa ta’e iyyuu, Qur’aana Usmaan keessaa akka haqamu godhameera. Musliimoti kanneen jalqabaa barreeffama kana haquun faallaan isaa akka hin jiraanne otuu hin goone ta’ee Musliimoti bara keenyaa faallaa ifaa ta’e kana walitti araarsuuf rakkinni isaan argan yaaduun nama hin rakkisu. Bara Usmaanii fi Al-Hajaaj Qur’aana sirreessuu fi kooppiiwwan kanneen duraa gochi gubuu raawwatamuu isaatiin keeyyata faallaa hedduu argamsiisan Qur’aana keesaa akka balleeffaman godhamuu isaanii kan beeku Rabbii qofaa dha.

Moggaasa Boqonnaawwan Qur'aanaa

Qur'aanni suuraawwan (boqonnaawwan) 114 kan qabaatu yommuu ta'u baay'inni keeyyatoota (lakkoofsa) isaa 6236 dha. Yeroo hundumaa dubbifachuuf mijataa akka ta'uuf immoo kutaawwan soddomatti qoodameera. Kutaawwan kun Juuzi'aa jedhamuun beekamu. Boqonnaawwan 79 ta'an seensa isaanii irratti jechoota argamaniin kan moggaafaman yommuu ta'an 35 kan ta'an ammoo jechoota keessa isaanii argamaniin moggaafamanii-ru. Haala taa'umsa boqonnaawwanii yommuu ilaallu duraa duubni yeroo isaanii (chronological sequence) otuu hin eegamiin boqonnaawwaan bal'aa gara boqonnaawwan xiqqaatti tarreeffamanii argina. Al-Fatihaa (seensa boqonnaa) jalqabaan alatti boqonnaawwan jiran hundi haalli ta'uumsi isaanii bifa kanaan fakkaata. Haala kanaan boqonnaa bal'aa kan ta'e Suurat Al-Baqaraan Al-Fatihaa itti fufuun kan argamu yommuu ta'u boqonnaa gabaabaan Suurat An-Naas immoo xummura kitaabichaa irratti argama jechuudha. (Baafata Fuulaa Qur'aana afaan oromoo ilaala).

Namoonni yeroo jalqabaaf Qur'aana dubbifatan qabiiyyeewwan ajaa'ibsiisummaa isaanitti uumuu danda'an keessaa mooggasni boqonnaawwanii kanneen jalqabaa ta'uu malu. Boqonnaawwan maqaa namootaa fi bakkeewwan garaa garaan moggaafaman, keessa isaatii yoo argaman iyyuu garuu tokkoon tokkoon moggaasa boqonnaawwanii kitaabichi dhugaatti dubbii Rabbii ti? jechisiisu. Dogoggora kitaaba isaanii itti argisiisuudhaan miira Musliimota obboleeyyan keenyaa miidhuuf kaayyoo hin qabaannu.

Ta'us maqaawwan itti fufanii jiran kitaaba akka dubbii Rabbiitti ilaalamuuf kan malanii fi kan gitan ta'uu isaaniif, sababni Musliimoti obboleeyyan keenya itti amananiif beekuu fedhuun keenya akka hamminaatti akka hin yaadamne jaalalaan gaafanna.

- Suurat Al-Baqaraa (Boqonnaa Laam)
- Suurat Al-An'aam (Boqonnaa Beeyladoo Mana)
- Suurat Al-Kahaf (Boqonnaa Holqaa)
- Suurat An-Nahli (Boqonnaa Kanniisaa)
- Suurat An-Namlai (Boqonnaa Goondaa)
- Suurat Al-Ankabuut (Boqonnaa Sarariitii)
- Suurat Ash-Shu'araa'I (Boqonnaa Faaya Miidhaginaa)
- Suurat Ad-Dukhaan (Boqonnaa Aara ibiddaa)
- Suurat Al-Ahqaaf (Boqonnaa Cirracha Galaanaa)
- Suurat An-Najmii (Boqonnaa Urjii)
- Suurat Al-Qamar (Boqonnaa Addeechaa)
- Suurat Al-Hadiid (Boqonnaa Sibiilaa)

- Suurat Al-Munaafiqun (Boqonnaa Gantuu)
- Suurat At-Taghaabun (Boqonnaa Wal Miidhuu)
- Suurat Al-Ma'aarij (Boqonnaa Yaabannoo)
- Suurat Abasa (Boqonnaa Fuula Guuruu)
- Suurat At-Takwiir (Boqonnaa Maramuu)
- Suurat Al-Infixaar (Boqonnaa Tarsa'uu)
- Suurat Al-Inshiqaaq (Boqonnaa Dhodho'uu)
- Suurat Al-Muxaffiin (Boqonnaa kanneen safara hir'isanii)
- Suurat Al-Tiin (Boqonnaa Tiinii)
- Suurat Al-Alaq (Boqonnaa Dhiiga Ititaa)
- Suurat Al-Maa'uun (Boqonnaa Qurayshoota)
- Suurat Al-Kaafiruun (Boqonnaa Kaafirootaa)
- Suurat Al-Shamsi (Boqonnaa Aduu)
- Suurat Al-Laylii (Boqonnaa Halkanii)
- Suurat Az-Zalzalaa (Boqonnaa Sochii Dachii)
- Suurat Al-Qaari'aah (Boqonnaa Qalbii Rukuttuun)
- Suurat Al-Humaazaa (Boqonnaa Hamattuu)
- Suurat Al-Fiil (Boqonnaa Arbaa)
- Suuraat Al-Jinni (Boqonnaa Jinnii)

Moggaasoti kun dhugaatti dubbii Rabbiif kan malanii fi kan gitan ta'uu isaaniin nu hubachiisuu kan danda'u Musliimni jiraa laata?